# QAACCESSA AKKAATAA FI ERGAA WALALOOWWAN ZALAALAM ABARRAA FILATAMAN KEESSATTI

**URGEESSAA BAYYANAA JABANAA**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUUMAANIITIITTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

**FULBAANA 2014/2021**

**JIMMAA,ITOOPHIYAA**

# QAACCESSA AKKAATAA FI ERGAA WALALOOWWAN ZALAALAM ABARRAA FILATAMAN KEESSATTI

**URGEESSAA BAYYANAA JABANAATIIN**

**GORSITUUN: ALAMITUU OLII ( PhD)**

**GORSITUU AANTEE: YESHII ITICHAA (MA)**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUUMAANIITIITTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

**FULBAANA 2014/2021**

**JIMMAA, ITOOPHIYAA**

## Yuunvarsiitii Jimmaa

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Qorannoon ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuun guuttachuuf, Urgeessaa Bayyanaatiin Mata Duree: Qaaccessa Akkaataa fi Ergaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman keessatti jedhuun hojjetame sadarkaa ulaagaa Yuunvarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qorataa Urgeessaa Bayyanaa Jabanaa Mallattoo _______ Guyyaa ________

Qoraa Alaa ______________________________ Mallattoo ________ Guyyaa ________

Qoraa Keessaa _____________________________ Mallattoo _______ Guyyaa _______

Gorsaa ___________________________________ Mallattoo _______Guyyaa _______

Gorsaa Aantee _____________________________ Mallattoo ________ Guyyaa ______

---

Itti gaafatamaa muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

# Ibsa

Ani Qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame qorannoon mata duree Qaaccessa Akkaataafi Ergaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti jedhuun hojjetame kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa : Urgeessaa Bayyanaa Jabanaa

Mallattoo : ____________________

Guyyaa : ____________________

# Galata

Hunda dura hojii kana akkan hojjedhuuf fayyaa kan naaf kenne Waaqayyoon galannni guddaan haa ga'un jedha. Ittiaansuun hojii qorannoo kanaa milkeessuuf jalqabaa hanga dhumaatti dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf taasisaa turan gorsituu koo Dr. Alamituu Olii galanniifi kabajini isaaniif qabu baay'ee guddaadha. Akkasumas gorsituu gargaartuu koo B/tuu Yashii Itichaa deeggarsa ogummaa naaf taasisaniif galata guddaan qabaaf. Hunduma keessaniyyuu Waaqayyo umurii dheeraa isiniif haa kennu; hamtuun isin hin argiiniin hawwii kooti.

Gama biraatiin, hojii qorannoo kana akkan galmaan ga'uuf waan danda'an hundumaan nacinaa dhaabbatanii na jajjabeessaa kan turan haadha warraa koo Daraartuu Haayiluu Abdii, akkasumas ijoollee koo Ayyaantuu Urgeessaa, Ilillii Urgeessaafi Faajjii Urgeessaa Rabbi fayyaafi umurii dheeraa isiniif haa kennu; gaarii keessan malee Rabbi hamtuu keessan na hin dhageessisiin jechuun barbaada.

Dhumarrattis, hiriyyoota koo warra dhimma qorannoo kanaa irratti yaadaan na cinaa dhaabbachuun na jajjabeessaniifi na deeggaran hundaaf galanni koo daangaa hin qabu.

**Jibsoo**

**Maqaalee, Gaaleewwanii fi Gabaabseewwan moggaasa biroo qaban**

**<u>JechaMoggaasasaa</u>**

| | |
|---|---|
| Iddeesaa | bakkasaa/ bakka buusa |
| Akkasaa | Akkee |
| Nameessuu | Namoomsuu |
| Eemitii | Dhugsoba/ mitihee |
| Ukukubee | Arbeessuu |
| Mala dubbii | Sadoommii/ Qola dubbii |
| Cabsata | Buufata/ hidha |
| Unata | Rukuttaa |
| Dhikkisa | Yeedaloo |
| Mallattummaa | Fakkoomii |
| Ruqoolee walaloo | Caacculee walaloo |
| **Gaaleewwan** | **Moggaasa** |
| Jechoota afaan biroo | Jechoota Ergifannoo |
| Dabinsa seerlugaa | Dogoggora caaslugaa |
| **Gabaabseewwan** | **Moggaasa** |
| Fkn. | Fakkeenya |
| Ykn. | Yookiin |

# Axereeraa

*Ka'umsi qorannoo kanaa barreeffamni walaloo amma tokko barreeffamaa jiru; qorannoon barreeffama walaloo Oromoo irratti gaggeeffame garuu gad aanaa waan ta'eefidha. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaas akkaataafi ergaa walaloowwan Zalaalam Abarraa filatamoo kanneen mata dureen isaanii Jedhe Diggaa Saaqoo, Koo Malli Maali? Fi Uggum Kubbaa Miillaa! jedhan xiinxaluudha. Kana xiinxaluufis, kitaabilee wabii qorannoo kana tumsuuf gargaaran hedduun sakatta'amaniiru. Xiinxala kanaas haala dhiyaannaa (stylistic approach) hordofee hojjete. Qorannoon kun mala qaaccessa raga akkamtaa hordofee qaacceffame. Jechootaan gadi fageenyaan ibsuufis saxaxa qorannoo ibsa akkamtaa (qualitative descriptive) gargaarame. Ragaalee qorannichaaf barbaachisan walaloowwan qorannoo kanaaf filataman sadan dubbisuun mala sakatta'a raga dookimantii/ kitaabaa gargaaramuun funaanaman. Malli iddatteessuu qorannoo kanaas mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala akkaayyootti dhimma baheera. Adeemsa qorannoon akkamtaa ittii qaacceffamu keessaa mala qaaccessa barruu gargaaramuun akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti fiduun qaacceffamaniiru. Gama akkaataa (style) ilaalchisee walqabsiisonni, jechoonni afaan biroo, dabinsi seerlugaafi sagaleewwan walirraa hincinnee, malleen dubbiifi gosoonni suuressuu walaloowwan kanneen keessatti argaman isaan kam akka ta'an adda baafamanii qaacceffamuun ibsi itti kennameera. Gama ergaa walaloo ilaalchisees ergaan walaloowwan filataman kunneenii dhimmoota akkam akkamii irratti akka xiyyeeffatan fakkeenya waliin adda baasuun ibsi itti kennameera. Adeemsa kana hordofuunis goolabni qorannoo kanaa: Gosoonni walqabsiisotaa walaloo kana keessatti argaman: walqabsiisota ogbarruufi seenawaa ta'uu, waloon jechoota guyyuu fayyadamnuun alatti karaa seera afaanii hin eegneen jechoota afaan biroo, dabinsa seerlugaafi sagaleewwan walirraa hincitne kan gargaarame ta'uu, akaakuun malleen dubbii walaloo kana keessatti mul'atanii iddeesaa,akkasaa, nameessuu, eemitii, habalaka, arbeessuu fi mallattummaa ta'uu; suuressuuwwan qorannoo kana keessatti argamanis suuressuu argee, dhageettii, fuunfannaa, sochiifi keessoo qaamaa ta'uu; Ergaan walaloowwan filataman kunneenii dhimmoota dinagdee, siyaasaa, hawaasummaa,aadaafi amantii irratti kan xiyyeeffatu ta'uu kan agarsiisudha.*

Galata.......... i
Jibsoo.......... ii
Axereeraa.......... iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.......... 1
1.1.Seenduubee Qorannichaa.......... 1
1.2.Ka'umsa Qorannichaa.......... 3
1.3 Gaaffilee Qorannoo.......... 5
4. Ergaan Walaloowwan Filataman Kanneenii Dhimmoota Akkamii Irratti Xiyyeeffatu?.......... 5
1.4.Kaayyoo Qorannichaa.......... 5
1.4.1 Kaayyoo Gooroo.......... 5
1.4.2 Kaayyoo Gooree.......... 5
1.5 Barbaachisummaa Qorannicha.......... 6
1.6 Daangaa Qorannichaa.......... 6
1.7 Qindoomina Qorannichaa.......... 6
1.8 Hanqina Qorannichaa.......... 7
BOQONNAA LAMA.......... 8
SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII.......... 8
2.1 Ogbarruu.......... 8
2.2 Gosoota Ogbarruu.......... 9
2.3 Walaloo.......... 9
2.4 Gosoota Ogwalaloo.......... 13
2.4.1 Ogwalaloo Liirikii.......... 13
2.4.2 Ogwlaloo seenessaa.......... 14
2.4.3 Walaloo Bifa Do'ii (Diraamaatikii).......... 14
2.5 Ruqoolee Walaloo.......... 15
2.5.1 Filannoo Jechootaa (Diction).......... 15
2.5.2 Sararoota Walaloo.......... 15
2.5.3 Gaalee Walaloo.......... 16
2.5.4 Cabsata Walaloo.......... 16
2.5.5 Birsaga Walaloo.......... 16
2.5.6 Unata Walaloo.......... 17
2.5.7 Dhikkisa Walaloo.......... 17

2.5.8 Safara Walaloo ........ 18
2.6 Malleen Dubbii ........ 18
2.6.1 Akkasaa ........ 19
2.6.2 Iddeesaa ........ 20
2.6.3 Nameessa ........ 20
2.6.4 Ukukkubee ........ 21
2.6.5 Habalaka ........ 21
2.6.6 Eemitii ........ 22
2.6.7 Mallattummaa ........ 22
2.7 Suuressuu (Imagery) ........ 23
2.8 Ergaa Walaloo ( Theme) ........ 24
2.9 Walqabsiistota ( Allusions) ........ 24
2.10 Yaadxiina Qorannichaa ........ 25
2.10.1 Akkaataa (Style) ........ 25
2.10.2 Yaadrimee Haala Dhiyaanaa Akkaataa ........ 26
2.11 Sakatta'a Qorannoo Walfakkaatanii ........ 27
BOQONNAA SADII : MALLEEN QORANNICHAA ........ 30
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 30
3.2 Madda Odeeffannoo ........ 30
3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 30
3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 31
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 32
*BOQONNAA AFUR : QAACCEESSA RAGAAWWAN WALALOO KOO MALLI MAALI?, UGGUM KUBBAA MIILLAA FI JEDHE DIGGAA SAAQOO* ........ 34
4.1Yaada Waliigalaa Walaloowwan Filatamoo ........ 34
4.1.1 Koo Malli Maali? ........ 34
4.1.2 Uggum Kubbaa Miillaa ! ........ 35
4.1.3 Jedhe Diggaa Saaqoo ........ 36
4.1Qaaccessa Akkaataa Walaloowwan Filataman Keessatti ........ 36
4.2.1 Qaacceessa Walqabsiisotaa (Allusion) ........ 37
4.2.1.1 Qaaccessa Walqabsiisa Og-barruu (Literary Allusion) ........ 37
4.2.1.2 Qaaccessa Walqabsiisa Seenawaa ( Historical Allusion) ........ 39

4.2.2 Qaaccessa Jechoota Afaan Biroo........................................................................................ 42
4.2.3 Qaaccessa Dabinsa Seerlugaa........................................................................................ 43
4.2.4 Qaaccessa Sagaleewwan Wal Irraa Hin Citnee........................................................................ 45
4.2.5 Qaaccessa Malleen dubbii............................................................................................47
4.2.5.1 Iddeesaa..........................................................................................................48
4.2.5.2 Akkasaa...........................................................................................................51
4.2.5.3Nameessuu.......................................................................................................... 54
4.2.5.4Eemitii............................................................................................................57
4.2.5.5 Habalaka...........................................................................................................60
4.2.5.6 Arbeessuu..........................................................................................................62
4.2.5.7 Mallattummaa (Symbolism)........................................................................................ 64
4.2.6 Qaaccessa Suuressuu (Imagery)........................................................................................67
4.2.6.1 Qaaccessa Suuressuu Argee..........................................................................................68
4.2.6.2 Qaaccessa Suuressuu Dhageettii......................................................................................70
4.2.6.3 Qaaccessa Suureessuu Fuunfannaa.....................................................................................73
4.2.6.4 Qaaccessa Suuressuu Sochii.......................................................................................... 74
4.2.6.5 Qaaccessa Suuressuu Keessoo Qaamaa.....................................................................................75
4.3 Qaaccessa Ergaawwan Walaloo...........................................................................................76
4.3.1 Qaacessa Ergaawwan Dinagdeen Walqabatan.................................................................................. 76
4.3.2 Qaaccessa Ergaawwan Siyaasaan Walqabatan...................................................................................80
4.3.3 Qaaccessa Ergaawwan Hawaasummaan Walqabatan..................................................................................83
4.3.3.1 Ergaawwan Hawaasummaa Jaalala/ waltumsuu agarsiisan.........................................................83
4.3.3.2 Ergaawwan Hawaasummaa Aadaan walqabatan........................................................................86
4.3.3.3 Ergaawwan Hawaasummaa Amantii Waliin Walqabatan................................................................ 88
BOQONNAA SHAN : CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO..................................................................................90
5.1 Cuunfaa.......................................................................................................................90
5.2 Goolaba.......................................................................................................................90
5.3 Yaboo.........................................................................................................................92

Wabiilee........................................................................................................................................ 93
Dabaleewwan........................................................................................................................................

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1.Seenduubee Qorannichaa

Yaada Ogbarruu jedhuuf hiika dhaabbataa tokko qofaa kennuun rakkisaadha. Sababiin isaas ogbarruun taateewwan hawaasa keessatti raawwataman irraa waraabamuun deebisee hawaasaaf karaa hawwataa ta'een calaqqisiisa waan ta'eef jiruufi jireenya hawaasaan wal qabata. Jiruufi jireenyi uummataa immoo yeroodhaa gara yerootti jijjiiramaa, guddachaa, fooyya'aa deema. Waan kana ta'eefis, Ogbarruunis kanuma wajjin guddachaa, fooyya'aa jijjiiramaa waan deemuufidha.

Maalummaa Ogbarruu ilaalchisee, Finnegan, (1978) "Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas intellectual and social significance", jetti. Yaada hayyuu kanaa irraa waanti hubatamu, Ogbarruun jireenya dhugaa fi muuxannoo jireenya hawaasaarraa bifa hawwataa ta'een waraabamee hawaasaaf kan dhiyaatudha. Kun immoo Ogbarruun nama irraa adda ba'uu waan hin dandeenyeef jijjiirama jiruufi jireenya uummataa waliin jijjiiramaa kan deemu ta'uu isaa kan agarsiisudha.

Ogbarruun taateewwan hawaasa keessatti mul'atan hunda karaa kalaqa qabuun deebisee hawaasaaf kan calaqqisiisudha. Yaada kana ilaalchisee, Lazar, (1993 f. 5), "Literature does seem to provide a way of contextualizing how the member of the particular society might be have or react in a specific situation", jechuun ibsiti.

Yaada armaan olii kana irraas, Ogbarruun taateewwan garaagaraa hawaasa keessatti uumaman jechuun gadda, gammachuu, miiraafi ilaalcha qaban, waan hawaasichi qabus ta'e mormu karaa miidhagaafi hawwataa ta'een deebisee hawwaasaaf kan ibsu hojii kalaqa ilma namaa ta'uu hubanna.

. Ogbarruun barreeffamaa haala akkanaatiin barreeffamu kun immoo dameelee gurguddoo sadii of keessaa qaba. Dameeleen kunniinis walaloo, asoosamaafi do'ii ta'uu (Asafaa, 2009) ibseera. Qorannoon kunis walaloo barreeffamaa irratti xiyyeeffatee hojjetame.

Seenaa jalqabbii ogwalaloo ilaalchisee akka Wasanee, (2017) jedhutti, yaadni addaddaa hayyootaan haadhiyaatu malee maladhayinsa addaddaa dhiyeessuu irraa kan hafe

ogwalaloon yeroo akkanaa, bakka akkanaatti, sababii kanaaf uumame jedhamee yaadni irratti waliigalame hinjiru. Og-walaloon bara durii bara 427 Dh.K.D – 470 Dh.K.B biyyoota Giriikiifi Roomaa keessatti hayyoota bara sana turaniin barreeffamuu eegalame jedhamee yaadama.

Bifuma walfakkaatuun ragaan toora marsariitii irraa argame yaada armaan olii kana cimsuudhaan seenaa jalqabbii Ogwalaloo ilaalchisee, bakkaafi bara akkanaa eegale jedhanii waan murtaaʹaa tokko lafa kaaʹuun rakkisaa taʹuu yemmuu ibsu, ʺunlike other literary form that we can date to precise texts and time periods, it is challenge to pinpoint the earliest work of poetry. In one form or another, poetry has been around four thousands of yearʺ jedha. http://anthony.sogang.ac

Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, Ogwalaloo akka Ogbarruuwwan biroo yeroo akkasii eegalame jedhanii waan murtaaʹaa lafa kaaʹuun rakkisaa taʹuu isaati. Maalumaafuu jalqabbiin barwalaloo naannoo waggaa kuma afuriitti tilmaamama yaada jedhu of keessaa qaba.

Afwalaloon garuu barwalaloo dura afaaniin jedhamaa kan ture, gooroowwan og barruu keessaa umrii dheeraa kan qabuufi yeroo dhalli namaa barreeffamaan yaada isaa ibsachuu hindandeenyetti afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan ture ogummaa angafa ta'uu (Biraanuu,2010) ibseera.

Gara biyya keenyaatti deebinee haala jalqabbiifi guddina barwalaloo Oromoo yoo ilaalle garuu yeroo dhiyoo waggoottan soddomman darban keessa eegalee hayyoota Oromootiin barreeffamee uummataaf dhiyaachuu akka eegale yaadannoo yeroo dhiyooti. Fakkeenyaaf, *Billiqa (1981)* Xahaa Abdiitiin, *Anaaniyaa (1998)* Asafaa Tafarraatiin, *Eenyuma Amantaa (2001)* Dastaa Dassaalenyiin, *Edas Edanas (1997),* Asafaa Tafarraatiin,*Mukukkula (2000),* Miliyoon Tigistiinbarreeffaman ilaaluun ni danda'ama. Kunis jalqabbii barwalaloo addunyaa kanaa wajjin walcinaa qabnee yemmuu ilaallu baay'ee boodatti hafaa ta'uu nutti agarsiisa.

Haala guddina ogwalaloo Oromoo yeroo amma yoo ilaalle, wayita ammaa ogwalaloon Oromoo waggoottan soddoman darbanii asitti hamma tokko jijjiirama agarsiisee jira. Afaan

Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'uun, manneetii barnoota sadarkaa tokkoffaa oromiyaa keessatti gosti barnoota hedduun afaan Oromootiin kennamuun, dhaabbilee barnoota olaanoo keessattis afaan Oromootiin hanga Doktorummaatti baratamaa jiraachuunis agarsiistuuwwan jijjiirama kanaati.

Walumaagalatti yeroo ammaa  barwalaloon akkaataa guddinaa fi bal'ina saba Oromoo gituun  yoo bal'inaan barreeffamuu baateyyuu, dhimmoota seenaa, aadaa, siyaas-dinagdee eenyummaa Oromoofi kkf. irratti maxxanfamanii uummata bira gahaa jiru.

Qorannoo kunis, akkaataafi ergaa walaloowwan Zalaalam Abarraa filatamoo muraasa qaaccessuu irratti xiyyeeffata

## 1.2.Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kamiyyuu gaggeessuun dura wanta qorannoo sana gaggeessuuf nama kakaase lafa kaawwachuun dirqama qorataa tokkooti. Sababiinsaas ka'umsi qorannoo keenya gaaffilee qorannoofi kaayyoo qorannoo keenya nuuf akeekuun kallattii irra deemuu qabnu waan agarsiisuufidha.

Qorannoon qoratichi gaggeesse kunis akkaataafi ergaa walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman haala dhiyaannaa (stylistic approach) bu'uura godhachuun qaaccessuu irratti xiyyeeffate. Kanaafis kan isa kakaase immoo barreeffamni walaloo Oromoo amma tokko barreeffamaa jiru. Haata'u malee akka qorataan sakatta'uuf yaaletti qorannoowwan walaloo Oromoo bal'inaan qoratamaa waan hin jirreefidha. Qorrannoowwan adeemsifaman keessaas qorannoo qaaccessa akkaataafi ergaa walaloo irratti xiyyeeffatee adeemsifame hin agarre. Walaloon gosa ogbarruu kamiyyuu caalaa umurii dheeraa kan qabu, barreeffamaan duras afaaniin dhaloota irraa dhalootatti ce'aa kan ture, jeechoota fi gaaleewwan gaggabaaboon kuulamee akkaataa dhimma hawaasa tokkoo calaqqisiisuun kan qophaa'udha. Walaloon waa'ee jiruuf jireenya hawaasaa tokkoo deebisee hawaasa sanaaf calaqqisiisuun olittis, miidhaa, gadda, gammachuu, aadaa, sadarkaa guddina ogbarruu saba sanaa, walumaagalatti eenyummaa saba sanaa hawaasa kaaniif ibsuufis ni gargaara. Kun immoo hariiroo hawaasa addaddaa ni cimsa; guddinaafi dagaagina barreeffama walaloo saba tokkoofis bu'uuradha.

Haata'u malee, yeroo ammaa yeroo afaan Oromoo dhiibbaa hamaa irraa bayyaannatee afaan hojii, afaan barnootaafi ogbarruu ta'uun dhaabbilee olaanoo keessattis bali'innaan baratamaa jiru keessatti walaloon afaan Oromootiin barreeffame, ogbarruuwwan afaan Oromoo biroo waliin yoo wal bira qabame ilaalamu gad aanaadha. Yemmuu bal'inaafi guddina saba Oromoo wajjin wal bira qabamee ilaalamu immoo jira kan jedhamuyyuu miti. Qorannoon akkaataa fi ergaa walaloo qaacceessuu irratti xiyyeeffatus tarii muraasni jiraachuu kan danda'u yoo ta'ellee, hanga qorataan sakatta'etti homaa arguu hin dandeenye. Walaloo irratti qorannoon gaggeeffamu xiqqaachuun yookaan dhabamuun immoo guddina barreeffama walaloo irratti danqaa ta'eera. Sababiin isaas, walaloo saba tokkoo akkaataa inni itti barreeffameefi ergaa inni of keessaa qabu uummata sana kan calaqqisiisu ta'uufi ta'uu dhiisuu isaa qorannoodhaan adda baasanii qaaccessuun, dogoggoroota gama barreeffama walalootiin jiran hir'suuf gumaacha guddaa godha. Kun immoo haamlee waloowwanii cimsuun hojii caalu akka hojjetaniif waan kakaasuuf guddina ogbarruu walaloofis ta'e guddina afaan Oromoof murteessaa waan ta'eef hanqina gama kanaan jiru hanga tokko cuqqaaluuf jedheeni.

Guddina afaaniifi ogbarruu walaloo saba tokkoo fiduuf walaloowwan of eeggannoon barreeffamuu qabu. Walaloon tokko yemmuu barreeffamu waantonni of keessatti hammachuu qabu keessaa akkaataafi ergaan barreeffama walalichaa isaan ijoodha. Ergaan walaloo tokkoo haala hawwataa ta'een yoo ijaarameefi qindoomina sirrii yoo qabaatedha. Gama akkaataa barreeffamaatiin immoo jechoota filatamootti yoo fayyadamedha. Kanaafuu haala itti walaloon tokko barreeffame qaacceessuun murteessaadha. Sababiin isaas ergaan walalichaa sirriitti hubatamuu kan danda'u akkaataa qindoominaa fi filannoo jechootaa waloon fayyadame irratti hundaa'a. Haata'u malee, walaloowwan afaan Oromootiin barreeffaman irratti qorannoon gaggeeffame akka hubannoo qorataatti jira kan jedhamu miti. Innumtuu irra jireessaan malleen dubbii barreeffamoota walaloo keessaa baasanii qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatanidha. Fakkeenyaaf: qorannoon Ahmad Mohaammad (2012) "Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo "A" "AA!" jedhurratti, kan Ibsaa Addunyaatiin (2016) gaggeeffame "Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Walaloo Anaaniyaa Keessatti', Sinqinash Alamuu (2019) "Qaaccessa Malleen Dubbii Fi Suuressuu Walaloo Obonboleettii keessatti" ilaaluun ni danda'ama. Qorannoowwan kanneen keessaa akkaataa fi ergaa walaloo qaaccessuu irratti xiyyeeffatee kan hojjetame hin jiru. Hanqinni kun

jiraachuun immoo malleen dubbii dabalatee qaaccessa akkaataa fi ergaa walaloo irratti fuuleffadhee qorannoo akkan gaggeessuuf qorataaf ka'umsa ta'eera.

## 1.3 Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun xumura irratti gaaffilee bu'uuraa armaan gadiitiif deebii ni kenna. Isaanis:

1. Gosoonni walqbsiisotaa barreessaan walaloo isaa keessatti ittifayyadamee barreesse isaan kami?
2. Waloon jechoota guyyuu fayyadamnuun alatti ittifayyadama afaanii kamfaa fayyadame?
3. Akaakuu malleen dubbiifi gosoonni suuressuu barreessaan walaloowwan isaa miidhagsuuf ittifayyadamee barreesse kanneen akkamiiti?
4. Ergaan walaloowwan filataman kanneenii dhimmoota akkamii irratti xiyyeeffatu?

## 1.4.Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa akkaataafi ergaa walaloowwan Zalaalam Abarraa kanneen mata dureen Jedhe Diggaa Saaqoo, Koo Malli Maali? fi Uggum Kubbaa Miillaa! jedhan xiinxaluudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoowwan gooree armaan gadii kana of keessaa qaba

1. Gosoota walqabsiisotaa barreessaan walaloo isaa keessatti ittifayyadamee barreesse adda baasuu
2. Waloon jechoota guyyuu fayyadamnuun alatti ittifayyadama afaanii kamfaa akka fayyadame ibsuu
3. Akaakuu malleen dubbiifi gosoonni suuressuu barreessaan walaloowwan isaa miidhagsuuf ittifayyadamee barreesse adda baasuu
4. .Ergaan walaloowwan filataman kunneenii dhimmoota akkamii irratti akka xiyyeeffatu ibsuu

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannicha

Qorannoon kun Qaaccessa akkaataa fi ergaa walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman keessatti yaada jedhu xiyyeeffatee gaggeeffame. Dhimmoota akkaataafi ergaa walaloo waliin walqabatee, qaama argatee dubbiseef faayidaawwan addaddaa armaan gadii qabaachuu danda'a.

- Namoota walaloo barreessuu barbaadaniif akka madda odeeffannootti tajaajiluu danda'a.
- Namoota addunyaa barnootaa keessa jiran, keessaayyuu immoo barsiisotaafi barattoota ogbarruutiif itti fayyadama malleen dubbiifi ittifayyadama afaanii irratti hubannoo dabalataa kennuu danda'a.
- Walaloowwan qorannoon kun irratti adeemsifame dubbistoonni karaa salphaa ta'een caalaatti akka hubataniif gargaara.
- Namoota qu'annoofi qorannoo kana fakkaatu qaaccessa walaloo irratti hojjechuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun walaloowwan afaan Oromootiin namoota addaddaan barreeffaman keessaa, kan Zalaalam Abarraatiin barreeffaman muraasa kanneen mata dureen isaanii: *Jedhe Diggaa Saaqqoo, Koo Malli Maali?, fi Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhan irratti daanga'e. Kunis akkaataa walaloofi ergaa inni dabarsuu barbaade qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatedha. Sababiin daangeffamuu kunis, yeroon qorannoo kanaaf kenname gabaabaa waan ta'eef, qorataanis hojii idilee isaa hojjechaa waan qoratuuf, qorannoo bal'aa kanaa olii gaggeessuunis immoo humnaafi bajata hedduu waan barbaaduuf qoratichi walaloowwan jiran keessaa kan Zalaalam Abarraa barreesse muraasa irratti daangessuuf dirqameera.

## 1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoo kun boqonnaalee gurguddaa shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaan tokko seenduubee, ka'umsa qorannoo, gaaffilee qorannoo, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa of keessatti hammata. Boqonnaan lama sakatta'a barruu walfakkii, sakatta'a yaadrimee walfakkiifi yaadxiina qorannichaa of

keessaa qaba. Boqonnaa sadaffaan immoo malleen qorannoo jechuunis: saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo,iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoo ittiin guuran , mala qaaccessa ragaalee,  hammachiisuun kan qophaa'edha. Boqonnaan afur yaadrimee walaloowwan qorannoof filatamaniifi qaaccessa odeeffannoowwan mala sakatta'a dookimantii kitaabaatiin qorannoof sassaabamanii hammata. Boqonnaan shan immoo cuunfaa, goolabaafi yaboo hammachiisuun kan qindaa'edha.

## 1.8 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu hanqinoonni addaddaa qorataa mudachuu danda'u. Dhimma kana ilaalchisee qorataan yemmuu qorannoo kana gaggeessaa turetti hanqinoonni mudatan jiru. Kanneen keessaas ijoon walaloowwan filataman kaaseettan malee barreeffamaan kan qophaa'e dhabuu,  Qorannoon kun mata duree haaraa  Qaaccessa Akkaataa walaloo irratti hojjetame waan ta'eef wabii argachuunis hanga tokko rakkoo ta'uufi qorannoo bal'aa akkasii gaggeessuufis muuxannoo dhabuudha. Rakkoolee kanas, qorataan walaloo kaaseettan sagaleen qophaa'ee jiru ofii gara barreeffamaatti deebisee fayyadamuudhaan fi deeggarsa gorsitoonni isaa taasisaniifiin keessa ba'uu danda'eera.

# BOQONNAA LAMA

# SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII

## 2.1 Ogbarruu

Ogbarruun ogumaafi kalaqa dhalli namaa ittiin aadaa, dudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenya isaa akkasumas,dhageettii keessoo isaa gaddafi gammachuu qabu kan ittiin ibsatu kalaqa ilma namaati. Namni haala keessa jiraatu kamiyyuu ogbarruu fayyadamee barreeffamaan yookiin afaaniin ibsachuu danda'a. Ogbarruu keessatti dandeettiin kalaqaa bakka guddaa qaba. Sababni isaas miidhagina gonfachiisuun akka dubbisaa yookiin dhaggeeffataa hawwatu gochuun karaa adda addaatiin waan dhiyeessuufi. Kana waan ta'eefis, ogbarruun amala nama bashannansiisuu, barsiisuu, onnachiisuu, kakaasuu, gammachiisuufi kofalchiisuu of keessaa qaba. Kanaafuu, ogbarruun ogummaa waa uumuu dhala namaa ta'ee haala jiruu fi jireenya saba tokkoo dhalootarraa dhalootatti kan ittiin dabarsinudha.Yaada armaan olii kana ilaalchisee, Asafaa, (2009, f. 21-22*)* akka itti aanutti ibsa:

> Ogbarruun oguma kalaqaa, oguma waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruufi jireenyaa keenya haqarratti hundaa'uun ittiin yayyabnu, bu'uuressinuufi akka qabatamutti immoo midhagsinnee fi fooyyessinee ittiin ibsinu. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu, waan immoo beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnudha.

Yaada huyyuu kanaa irraa ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa ta'ee muuxannoo jiruufi jireenya hawaasaa haqa irratti bu'uureffachuun bifa hawwataa ta'een miidhagsinee kan ittiin calaqqisiisnuufi waan hawaasaaf bu'aa qabu tokko kan ittiin ibsinu ta'uu hubanna.Bifa biraatiin, Biraanuu, (2009, f. 18*)* haala armaan gadiin ibsa:

> The term written literature refers to a body of imaginative literature committed to writing or presented in the form of printed words. Hence the basic distinction between oral literature & written literature is that in the former the artist conveys his or her ideas verbally where as in the latter he/ she conveys his or her ideas through writing.

Waraabbii kanarraa ogbarruun hojii kalaqa dhala namaa bifa barreeffamaan dhiyaatu ta'uu isaa hubanna. Garaagarummaan bu'uuraa ogbarruu afoolaan qabus, ogbarruun afoolaa afaaniin ;ogbarruun barreeffamaa immoo barreeffamaan kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Ogbarruun muuxannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti raawwatu waan ta'eef, akkaataan jiruufi jireenyaa kun immoo walxaxaaa ta'uurraa kan ka'e hiika hunda galeessa itti kennuun ulfaataadha. Yaada kanas, Misgaanuu, (2012, f. 8*)* yemmuu ibsu:

> Ogbarruun ogummaa kalaqqii yookaan waa uumuu ta'ee, muuxannoo fi mudannoo hawaasaati. Muuxannoo fi mudannoo kanatu tolee , miidhagee, faayamee, tarii gammachiisuuf yoo hin taane immoo gaddisiisuuf kan ooludha. Dabalataniis, ogbarruun muuxannoo ilma namaa kan jechaa fi gochaan ibsamuu danda'u hojii kalaqqii jijjiirama keessa lufuu maludha.

Warabbiin armaan olii kunis, ogbarruun ogummaa waa uumuu ilma namaa ta'ee muuxannoo fi mudannoo hawaasaa jechaanis ta'e gochaan ibsamu jechoota filatamoon miidhagsee bifa gammachiisuun yookaan gaddisiisuun dhiyeessuun kan tajaajilu ta'uu hubanna. Bifa biraatiin, Fedhasaa, (2013, f. 7) yaada kana cimsuun,"Ogbarruun hojii kalaqaa afaaniifi barreeffama kan of keessatti hammatu ta'ee, ogbarruun afoolaa sammuu keessatti kalaqamuun afaaniin kan himamu yemmuu ta'u, kan barreeffamaa immoo kalaqa sammuu dhala namaa barreeffamaan jiru hunda hammata," jedha.

Waraabbii armaan olii kanarraas, ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee afoolaa fi barreeffama kan of keessatti qabatu ta'uu agarsiisa. Karaa biraatiin immoo ogbarruu kan barreeffamaan jiru mara osoo hin ta'iin kanneen kalaqa sammuu namaa ta'an qofa kan of keessatti qabatu ta'uu nu hubachiisa.

## 2.2 Gosoota Ogbarruu

Ogbarruun ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaa jedhamee gooroowwan gurguddoo lamatti qoodama. Afoolli jalqabaa kaasee kan jiru, kalaqa ogummaa yeedaloo qabaatees osoo hin qabaatinis aadaafi dudhaan hawaasaa kan ittiin labataa labatatti darbudha. Ogbarruun barreeffamaa immoo dubbii afaanii booda turee kan dhufe guddinaa fi qaroomina ilma namaatiin kan argame ta'uu (Debbebee, 2007) ibseera.

## 2.3 Walaloo

Walaloon amala baay'ee qusatamaafi hudumamaa kan qabuufi jechoota filataman muraasaan ergaa baay'ee bal'aa ta'e dabarsuu kan danda'u damee ogbarruuti. Gooroowwan ogbarruu keessaa umurii dheeraa qabaachuudhaan kan beekamu ogwalaloodha. Ilmi namaa

baroottan hedduudhaaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii, haala jireenya isaa fi kkf yeroo dheeraadhaaf ittiin ibsachaa ture. Barreeffamni osoo hin jalqabamiin afaaniin dubbatamaa turuu isaa hayyoonni ogbarruu hedduun ni mirkaneessu. Ogafaaniin turmaanni walaloo kunis umurii isaa afaaniifi jireenya ilma namaatiin walqqixxeessa yaadni jedhus ni jira. Dhimma kana ilaalchisee hayyoonni bifa kanatti aanuun ibsaniiru.

Walaloo ilaalchisee,ብርሃኑ, (2010, f. 238), “ቀደምት ከሆኑት የስነጽሑፍ ዘርፎች አንዱ ስነግጥም ነዉ። የሰዉ ልጆች ሀሳባቸዉን በጽሑፍ መግለጽ ከመጀመራቸዉ በፊት ስነግጥም በቃል ስባል የኖረ እጅግ ረጅም ዕድሜ ያለዉ ክነጥበብ ነዉ።” Yaadni kunis og walaloon gooroowwan og barruu keessaa umrii dheeraa kan qabuufi yeroo dhalli namaa barreeffamaan yaada isaa ibsachuu hindandeenyetti afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan ture ogummaa angafa ta’uu nu hubachiisa.

Itti fufuunis maddi ol aanu kun, “ ግጥም የጠበቀ ምት ያለዉ በምርጥ ቃላት እና ምስል ከሳች በሆኑ ዘይቤዎች ተመጥኖ የሚዘጋጅ ስነጽሑፍነዉ።” jedha. Kunis,walaloon jechoota filatamootti gargaaramuun haala hawwataa ta’een kan qophaa’u ; dubbiiwwan qolaa qalbii namaa rarraasaniifi suura sammuu keessatti kaasaniin hojii kalaqaa barreeffamu ta’uu agarsiisa.

Barwalaloon dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta’ee ogbarruuwwan kaanii olitti filannoo jechootaa, itti fayyadama afaanii, malleen dubbiifi suuressuu fayyadamee waan dhiyaatuuf hawwatamummaa guddaa kan qabuufi yaada baay’ee bal’aa ta’e tokko jechoota muraasaan qindeessee kan ibsudha.

Haaluma wal fakkaatuun, barwalaloon barreeffamaa  ogbarruuwwan kaan olitti amala qusatamaafi hudumamaa qabaachuudhaan beekama. Waan ta’eefis, barwalaloon caacculee irraa ijaaramuu fi ilaalcha keessa galchu hedduu qaba. Isaan keessaa kanneen bu’uura ta’an filannoo jechootaa, birsaga, walsimannaa, sagalee, yeedaloo, safara, sarara, malleen dubbii fi suuressuu fa’a ta’uu, Birhaanuu (1999) ibseera.

Yaadni kana olii kunis walaloon tokko miidhagee akka nama hawwachuu danda’uuf waloon jechoota filatamoo yaada isaa ibsuu danda’an,  xiyyeeffannoon  fayyadamee kan barreessuu qabu ta’uu nu hubachiisa.

Walaloon miira barreessaa akkaataa calaqqisiisuun kan barreeffamu, jechoota filatamoo ergaa barreessaa baachuu dand'aniin kan qindaa'uu fi amala muuziqaa kan qabudha. Yaada kana, Emelda, (2017), " Poetry is the use of words and language to evoke writer's feelings and thoughts by arrangement of words that contains meaning and musical elements," jedha. Yaadni armaan olii kunis barwalaloon jechoota sammuu namaa keessatti suurraa kaasanitti fayyadamuun yaadaa fi dhageettii keessoo barreessaa karaa ibsuufi ergaa dabarsuun kan qindaa'uu fi amala muuziqaa kan qabu ta'uu nu hubachiisa. Itti fufuunis, Emelda, (2017*),* "Poetry texts are created for the purpose of providing people with information, entertainment and inspiration," jechuun ibsa. Yaadni kunis sababni kitaabileen walaloo itti barreeffamaniif hawaasaaf odeeffannoo kennuuf, haala hawaasummaa siyaasdinagdee irratti hubannoo uumuuf akkasumas dhimma tokko irratti hawaasa kakasuuf waan fayyaduuf ta'uu nu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Mittal, (2014*),* "Poetry is a piece of writing in which words are arranged beautifully and rhythmically," jedha. Yaada kanarraas wanti hubatamu, barwalaloon barreeffama jechoota filatamoo fi miidhagina qabaniin yeedaloo godhatee kan qindaa'u ta'uu isaati. Itti fufuunis, Mittal, (2014), " Poetry helps to use figure of speech, adjectives, phrase and symbolic words spontaneously to show feelings," jechuun ibsa. Waraabbii kanarraas waanti hubatamu, barwalaloon itti fayyadama afaanii fi jechootaa guyyuu itti fayyadamnurraa karaa adda ta'een malleen dubbii, ibsitoota, gaaleewwanfi mallattummaa of keessaa qabaniin yaadaa fi miira barreessaa ibsuuf kan waloon barreessu ta'uu isaati.

Elter, (2000) gama isaatiin, " Poetry is a rich language resource, which promotes the exploration of sounds, word association, and images," jedha. Yaada armaan olii kanarraas barwalaloon gurmaa'ina jechoota surraa sammuu keessatti uumaniif sagalee hawwatoo kalaqa calaqqisiisaniin qindaa'uun aadaa fi afaan irratti hubannoo kennuuf kan gargaaru ta'uu hubanna.

Qooqni walaloo ykn ittifayyadamni afaanii qooqa biraa irraa adda. Waloon tokko walaloosaa yemmuu barreessu filannoo jechootaafi ijaarsa seerlugaa namoonni guyyuu ittifayyadaman irraa adda ta'e fayyadamuun barreessa. Kun immoo qalbii dubbisaa waan

hawwatuuf dubbistoonni barreeffamoota biroo irraa karaa adda ta'een akka dubbisan taasisa.Yaada kana ilaalchisee, Sylvan fi William E. (2009) bifa itti aanuun ibsu:

> Language of poetry is abroad category that include figurative speech as well as sound device and imagery from whole of language the author selects certain words and grammatical constructions; these selection constitutes the person's and sequence of words the way the words are meant to be heard playfully,angrily, confidentially, ironically.po

Yaada hayyoota kanaa irraa wanti hubatamu itti fayyadamni jechoota filatamoo fi malleen dubbii barreeffama walaloo keessatti fayyadamuun hawwatamummaa walaloo dabaluu fi hiika walaloos gabbisuu keessatti ga'ee kan qabu ta'uu hubanna.

Asafaa, (1997, f. 12) irratti, walaloon dhangala'a dhageettii ( over flow of emotion) yaada jedhun ibsa.Yaadni kunis gooroowwan ogbarruu keessaa walaloon miira nama dhaggeefatu yookaan dubbisu sanaatti baay'ee dhiyoo ta'uu isaa agarsiisa.

Zalaalam, (2003) gama isaatiin walaloo akka kanatti aanutti ibsa, " poetry is one of those modes of expressions,that helps to externalize human feelings and imaginations, about love, dream, hope, thoughts, aspirations and ideas about god, about nature, about beauty and other many things," jechuun ibseera.

Akka yaada waraabbii olii kanaatti walaloon karaa ittiin miiraa fi ilaalcha keessoo ofii wa'ee jaalalaa, jibbaa, abjuu, abdii fuula duraa, waa'ee uumaafi uumamaa, bareedinaa wkf. hedduu kan ittiin ibsatan ta'uu kan agarsiisudha.

Debebee, (2007, f. 403) irratti, walaoo jechuun yeedaloofi mana rukuttaa kan qabu, bocaan, miidhagina qabaachuutiin, jechoota gaggabaaboofi filatamoo fayyadamuudhaan, yaada cuunfaa qabaachuun, hololoo irraa adda yaada jedhuun ibseera. Itti fufuudhaanis, walaloon jechoota hawwatoo muraasa fayyadamuu, safara qabaachuu, qalbii rarraasuufi miira kakaasuu irratti xiyyeeffata yaada jedhuun lafa kaa'eera.

Haaluma walfakkaatuun, Taarikuu, (2004, f. 124), Walaloo yemmuu ibsu:

> .“ ግጥም የቋንቋን ሰዋሰዉ ሳይጠብቅ ለየት ባለ መልኩ በስንኞች ተቀነባብሮ ቤት እየመታና እየደፋ የሚቀርብ ጽሑፍ ነዉ። ግጥም በጥቂት ምርጥና ምጥን ቃላት አማከኝነት ከፍተኛ ቁምነገሮችን ስሜትን ሊነካ በሚችል መልኩ ሞቅ ደመቅ አድርጎ ያቀርባል። ከዘያም በተጨማሪ ሙዚቃዊ ቃናዉ የመማረክ ኃይል ስላለዉ ከስድ ንባብ በተለየ ሁኔታ ለስሜታችን ቅርብ ነዉ።” jedha.

Yaada Taarikuu kana irraa akka hubannutti walaloon akkaataa seera afaanii hin eegneen karaa adda ta’een jechoota filatamoon qindaa’ee kan barreeffamudha. Amala muuziqaa waan qabuufis miira namaa kan tuquufi qalbii namaa booji’uuf humna guddaa qaba. Kanaafuu ogbarruuwwan hololoon barreeffaman kam iyyuu caalaa miira keenyatti dhiyoo ta’uu hubanna.

## 2.4 Gosoota Ogwalaloo

Walaloon bakka gurguddoo lamatti qoodamee ilaalamuu danda’a. isaanis, walaloo liirikiifi walaloo seenessaati.

### 2.4.1 Ogwalaloo Liirikii

Walaloon Liirikii jechootaafi gaaleewwan gaggabaaboon kan dhiyaatu, yeedaloo qaabaatee kan qophaa’uufi miira keessoo barreessaa kan calaqqisiisudha.Yaada kana ilaalchisee, hayyuun Shaw, (1972, f. 227), “ Lyric poem is defined as a short, subjective poem with a song like out burst of the author’s innermost thoughts and feelings and it is applied to any short poem that does not primarly tell a story.”jechuun ibseera.

Yaada armaan olii kana irraa qabxii guddaan hubatamu, walaloon liirikii gabaabbatee kan barreeffamu, miiraafi dhaggeettii keessoo barreessaa kan calaqqisiisu fi irra jireessaan seenaa dheeraa himuu irratti kan hin xiyyeeffanne ta’uu isaati.

Haaluma wal fakkaatuun, Diyannie, (1990, f. 425) gama isaatiin yaada armaan olii kana cimsuudhaan, “Lyrics are subjective poems, often brief, that express the feelings and thoughts of a single speaker who may or may not represent the poet. It can be characterized

by brevity,melody and emotional intensity. . Lyric poetry includes elegy, hymn, ode,song,ballad, epigram and sonnet," jedha.

Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, walaloon liirikii gosa walaloo keessaa tokko ta'ee gabaabbatee kan barreeffamuufi dhageettii keessoo barreessaa calaqqisiisuuf humna guddaa kan qabudha. Amala walaloon liirikii ittiin beekamu keessaa waan tokko gabaabsee hubachiisuu, yeedaloofi amala muuziqaa qabaachuu, miira ho'aafi dhageettii keessoo barreessaa calaqqisiisuun isaan ijoodha. Walumaagalatti walaloon liirikii safara walaloo, yeedaloo, mana rukuttaa, seenaa, gochootafi wkf. Kan of keessatti hammatu ta'uu isaati.

### 2.4.2 Ogwlaloo seenessaa

Walaloon seenessaa akkuma maqaan isaa ibsu gochootaafi taateewwan raawwataman, seenaawwan darban seenessuu irratti fuuleffata. Dhimma kana ilaalchisee, Biniam, (2007, f. 108) akka itti aanutti gabaabsee ibsa, "As its name explains a narrative poem tells a story recounts a series of events and describes an action. The three main kinds of this form of poetry are romance, epic and ballad," jedha. Yaada Biniam kana irraa wanti hubatamu walaloon seenessaa seenaa raawwatamee darbe, gochaawwanii fi taateewwan jajjaboo raawwatamanii darban bal'inaan seenessuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaati. Kunis seenaa jaalalaa durii bara gidduugaleessaa (romance), seenaa goototа bebbeekamoo bara durii (epic)fi walaloo seenaa ta'e wayii himu (ballad) kan of keessatti qabatudha.

### 2.4.3 Walaloo Bifa Do'ii (Diraamaatikii)

Walaloon bifa do'ii (dramatic poetry)n akkuma diraamaa kan qooddattoonni walaloodhaan walitti dubbatan yookiin kan qooddataan tokko dhaggeeffattootatti dubbatudha. Yaada kana ilaalchisee ragaan toora interneetiirra argame haala armaan ibsa. "Dramatic poetry also known as dramatic monologue.it means to be spoken or acted similar to narrative poetry,dramatic poetry tells a story---many dramatic poems appear as monologue speech given by one character to another, or one character to the audience. Yaadni kunis walaloon bifa do'ii bifa seenessuutiin kan dhiyaatu ta'ee kan qooddataan tokko qooddataa biraatti himu yookiin immoo kan qooddataan tokko dhaggeeffattootatti himu ta'uu agarsiisa.

https://penlighten.com

## 2.5 Ruqoolee Walaloo

### 2.5.1 Filannoo Jechootaa (Diction)

Hojiileen kalaqaa barreeffamoota biroorraa kan ittiin adda ta'an keessaa tokko jeechoota filatamoo qalbii namaa hawwatanii fi ergaa bal'aa dabarsan fayyadamuudhaani.

Yaada kana ilaalchisee, Biniam, (2007, f. 112) akka armaan gadiitti ibsa:

> The term Diction signifies the choice of words, phrases and figures in awork of literature. In general, it shows the vocabulary used by awriter. Diction is considered as a very important elements of poetry as a choice of words while writing poems should be more conscious unlike the other genres of literature such as fiction and drama.

Akka yaada armaan olii kanaatti itti fayyadama jechootaa yaadni jedhu kun, filannoo jechootaa, gaaleewwaniifi malleen dubbii barreessaan hojiiwwan ogbarruu keessatti fayyadamu kan agarsiisudha. Walumaagalatti filannoon jechootaa barreeffama walaloo keessatti hojiilee kalaqaa biroo kanneen akka asoosamaafi diraamaa caalaa akka qaama murteessaa ta'e tokkootti kan ilaalamu ta'uu yaada hayyuu kanaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Hayyuun Cooper, (1976) itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokko yookiin looga tokko keessatti haala dubbiin, seerlugaan yookaan jechaan uumamu yookiin immoo addaddummaa afaanota yookiin loogota gidduutti uumamudha yaada jedhuun ibseera.

Walumaagalatti, yaada kanaa olii kanarraas walaloo keessatti jechoonni filataman humnaa ol miiraafi dhageettii keessoo namaa kan tuqanii fi ergaa dachaa akkataa dabarsuu danda'anitti kan kalaqamuu qaban ta'uu hubanna.

### 2.5.2 Sararoota Walaloo

Sararri walaloo yeroo baay'ee ergaa dabarsuuf sararoota lamaafi isaa ol yoo ta'e yeedaloo uumee walaloo ta'a. Sararri walaloo tokko bo'oo walaloo yoo ta'u gaaleewwan irraa kan ijaaramedha jechuun (Fedhasaa, 2013 ) ibseera.

### 2.5.3 Gaalee Walaloo

Gaaleen jechoota irraa kan ijaaramu, hafuura tokkoon kan dubbifamufi barreeffama walaloo keessatti toora walaloo walqixxeessuun walalichi miidhagina akka gonfatu kan taasisudha. Yaada kana ilaalchisee, Fedhasaa, (2013, f. 28) yemmuu ibsu,“ Gaaleen jechoota irraa kam ijaaramuu fi birsaga murtaa’aa kan qabu ta’ee, hafuura tokkoon kan dubbifamu, walakkaa toora walalooti. Walaloo keessatti gaaleen toora tokkoon tokkoon walqixxeessee kaa’uun akka walalichi unka miidhagaa qabaatee bareedina gonfatu taasisa” jedha.

Yaadni kunis gaaleen walakkaa toora walaloo, afuura tokkoon kan dubbifamu ta’ee tookkoon tokkoon bo’oo walaloo walqixxeessuun walaloon akka miidhagina argatu gochuuf kan gumaachu ta’uu nu hubachiisa.

### 2.5.4 Cabsata Walaloo

Cabsatni qaama walaloo keessaa tokko ta’ee dheerina sararootaafi sagaleewwan moggoo walfakkaatan kan of keessaa qabuudha. Buufanni barreeffamoota kanneen biroo kan walaloo hin taane keessatti keeyyataan bakka bu’a. Akkuma keeyyanni tokko yaada ijoo tokko qofa qabu, cabsanni ykn buufannis walaloo keessatti yaada ijoo tokko qaba. Dhimma kanaan walqabatee, Baldick, (2001), “ Stanza is the unit of lines grouped which consisting of two lines that rhyme. Stanza is similar to a paragraph in prose,” jechuun ibseera. Akka yaada hayyuu kanaatti cabsanni sararoota walaloo yeedaloofi mana rukuttaa tokko qabaachuun waliin dhaabbatan ta’ee kan brreeffama hololoo keessatti keeyyataan walgitu ta’uu isaati.

Fedhasaa, (2013, f. 25*)* gama isaatiin yaada armaan olii kana cimsuun,“ cabsanni walaloo gurmaa’ina sararootaa fi sagalee moggooti,” jechuun gabaabsee kaa’a.

Yaadni kunis cabsanni walaloo sararoota irraa kan ijaaramu ta’ee , sararoonni buufata tokko keessa jiran kunneenis sagalee moggoo ykn yeedaloo walfakkaatu akkaataa uumuu danda’aniin kan gurmaa’an ta’uu nu hubachiisa.

### 2.5.5 Birsaga Walaloo

Walaloon tokko sararoonni isaa yeedaloo uumuun ergaa gaarii dabarsuu kan danda’u, irra jireessaan yoo walqixxummaa birsagootaatiin walqabatedha. Birsagoota walaloo yemmuu

qoodnus jecha keessatti bakka birkiin afuura keenyaa addaan citutti qoodna jechuudha. Yaada kana ilaalchisee, Geetaachoo, (2016, f. 39) yemmuu ibsu, “ Birsaga jechuun caasaa sagalee dubbachiistuu yookiin walitti qindaa’ina sagalee dubbifamaa fi dubbachiistuutiin kan ijaaramudha,” jedha.

Yaadni kunis kan nu hubachiisu, birsagni kan ijaaramu sgalee dubbachiistuutiin yookiin immoo waliin ta’insa sagalee dubbifamaa fi dubbachiistuutiin ta’uu isaati.

### 2.5.6 Unata Walaloo

Rukuttaan /Unatni dhuma sararoota walaloo irratti sagaloota mul’atanidha. Sagaloota moggoo dhuma sararoota walalooti.Yaada kana ilaalchisee, Abrams, (1981), “ Rhyme is a sound pattern in which both vowel and consonant sounds at the end of words match (as a rhyme and chime) especially when these words come at the end of nearby lines,” jechuun ibseera.

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu, rukuttaan wal unannaa sagalee dubbifamaafi dubbachiistuu xumura sararoota walaloo lamaafi isaa ol ta’an keessatti mul’atanii ta’uu isaati. Amalli kuns walaloon miidhagina addaa akka qabaatu taasisuun Sagaleen muuziqaa akka uumamu waan godhuuf walaloon humna ofitti nama harkisu akka qabaatu taasisa jechuudha.

### 2.5.7 Dhikkisa Walaloo

Yeedaloon Walaloo kan ijaaramu birsaga, gaalee, sagalee moggoofi sararoota walalootiinidha. Yeedaloon walmadaaluu birsagootaa, sagaleewwaniifi sararootaan kan ijaaramedha. Yaada kana ilaalchisee, Biniam, (2007, f. 161), “ The movement or sense of movement communicated by the arrangement of stressed and unstressed syllables and the duration of the syllables.” jedha. Haaluma walfakkaatuun, Fedhasaa, (2013, f. 25*),* “ Walaloo keessatti yeedaloon, walmadaaluu birsagaa, sagaleewwanii fi sararootaan kan ijaaramudha,” jechuun ibseera. Kanafuu yeedaloon kan ijaaramu, birsagaan, gaaleewwanii fi sararootaan akka ta’e hubanna.

Fedhasaa, (2013, f. 25) irratti itti fufuun, “Yeedaloon amaloota walaloo keessaa tokko ta’ee sagalee muuziqaa walaloo keessaa dhaga’amudha,”jechuun ibsa.

Waraabbii kan irraa wanti nuti hubannu dhikkisa walaloo dhikkisa onnee namaatiin walbira qabamuun ibsamuu kan danda’u ta’uu isaati. Kunis akkuma namni yoo onneen dhikkisa dhaabde jiraachuu hin dandeenye, walaloonis yoo dhikkisa dhabe lubbuu yookaan mi’aa kan dhabu ta’uu  agarsiisa.

### 2.5.8 Safara Walaloo

Safarri walaloo ol ka’uufi gadi bu’uu sagalee dubbisa walaloo keessatti argamu irratti kan xiyyeeffatudha. Yaada kanas, Biniam, (2007, f. 158) gabaabinaan yemmuu ibsu, “ Meter is the pattern of stressed and unstressed syllables in lines of poetry establish a poem’s meter,” jedha.

Waraabbiin kunis yaadni safara walaloo jedhu toora walaloo tokko keessatti ol ka’uufi gadi bu’uu sagalee irratti kan xiyyeeffatu ta’uufi baay’inni caaseffama ol ka’uufi gadi bu’uu toora walaloo kunis birsagaan qoodamee kan lakkaa’amuu ta’uu agarsiisa.

## 2.6  Malleen Dubbii

Malleen dubbii kan waloon tokko dubbii isaa mi’eessuuf, addeessuuf, ho’isuuf, miidhagsuuf, akkasumas akka dubbisaan yookiin dhaggeeffataan hubatuuf yaada isaa itti qindeeffatudha. Faayidaan isaas dubbistoonni xiyyeeffannoon yookaan qalbiidhaan dubbisuudhaan walalicha kallattii adda addaatiin akka hubatan taasisa.

Biniam, ( 2007, f. 112) malleen dubbii yemmuu ibsu, “ Figures of speech are broadly defined as the way of saying one thing in terms of something else,” jedha.

Yaadni kunis malleen dubbii tooftaa itti jechoonniifi himoonni ogummaatiin qindaa’anii tartiibaafi hiika duraan qabaniin alatti hiika biraa qabaachuun ergaa yaadame kan dabarsan ta’uu isaanii nu hubachiisa.

Wasanee, (2017, f. 142) gama isaatiin dubbiiwwan qolaa yemmuu ibsu,“malootni dubbii qindeeffama haala qarooma qabuun ijaaramanii kan miira nama qindeeffamicha dhaggeeffatuu ykn dubbisuu kan qirqirsuu danda'anidha,” jedha.

Waraabbii armaan olii irraa waanti hubatamu, qindeeffamni dubbii qolaa haala miira namaa keessatti fakkii uumee, miidhagee, akkaataa qalbii namaa hawwatuun kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Addunyaa, (2016, f. 208) malleen dubbii  akka itti aanu kanatti ibsa:

> Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisudha. Kana jechuun, karaa itti waan guddaa tokko kineessanii, kinoo immoo arbeessanii, namoo bineensanii, binoo immoo arbeessanii, wal cinaas qabanii,cinaachaan himanii fi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha.

Waraabbii armaan olii kunis dubbiin qolaa jecha gaggabaabaadhaan ergaa bal'aa kan dabarsuufi itti fayyadama afaanii waan tokko humnaa ol guddisee, xiqqeessee, waldorgomsiisee faallessee hubannoof akka ta'utti mijeessu ta'uu nu hubachiisa.

### 2.6.1 Akkasaa

Akkasaan waan ibsuun barbaadame waan biraatiin walbiraqabuun ibsuudha. Yaada kana ilaalchisee, Malaakneh, (2006), “Simile is afigure of speech in which acomparison is expressed by a word or phrase such as like as then or asif” jechuun ibseera. Yaadni kunis akkasaan jechoota akkaa fi fakkaata jedhanitti gargaaramuun waantota adda addaa lama waldorgomsiisuun kan tajaajilu ta'uu agarsiisa.

Addunyaa, (2016, f. 208) yaada armaan olii kana cimsuun akkasaa bifa kanatti aanuun ibsa:

> Akkasaan gaalee akka isaa jedhurraa ijaarame. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcinaa qabuun dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha. Haala akkasii keessatti baay'inaan jechoota akka, fakkaata jedhanitti fayyadama.

Wasanee, (2017, f. 143) gama isaatiin, “Akkasaan jechoota akka, fakkata jedhaman fayyadamuudhaan waan tokko waan biraatiin wal bira qabee kan ibsudha,” jedha.
Yaada hayyoota kana irraa wanti hubatamu, akkasaan mala ittiin waantota lama walcinaa qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalan ta'uu isaati.

### 2.6.2 Iddeesaa

Iddeesaan amala, bifa yookiin boca namaa, bineensotaa, mukaa akksumas lubbuu qabeeyyii garaagaraa fuudhee kan biraatiin bakka buusuun suuraa waan addeeffamu sanaa kan namatti agarsiisudha. Yaada kana ilaalchisee, Berhanu, (2009, f. 24), " Metaphor is used to compare two things that are remote from each other by drawing on a certain aspect of similarity between them," jechuun ibseera. Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu iddeesaa / bakka buusni wantoota lama kanneen walhinfakkaanne waldorgomsiisuun yookiin amala isa tokkoo isa biraatiif kennuun waan keessoo namaatti dhaga'amu ibsuuf kan oolu ta'uu isaati.

Addunyyaa, (2016, f. 209) gama isaatiin, " malli dubbii iddeessaa jedhu gaalee < iddoo isaa> jedhurraa ijaaramee waan tokko guutummaa guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun dhiyeessa," jedha.

Wasanee, (2017, f. 143) yaada kana deeggaruun,"iddeessaan waan tokko bifa fuullee hin taaneen waldorgomsiisa; waan tokko maqaa dhahuun waan biraatiin walbira qabanii ibsuudha." jechuun ibseera.

Yaada namoota kanaa irraa malli dubbii iddeesaa waan tokkoof amala waan biraa kenneefi kan dhiyeessuu ta'uu hubanna. Fakkeenyaaf hima *Oromoon kaannisa* jedhu keessatti Oromoon kaannisaan bakkabu'ee agarra. Kunis Oromaan akka kaannisaa gurmuu, tokkummaa si'aayina kan qabuu fi waan gaariis kan hojjetu ta'uu agarsiisa.

### 2.6.3 Nameessa

Nameessuun lubbuu qabeeyyii fi lubbuu dhabeeyyii yookiin uumama namaan alaatiif amala namummaa kennuun wanti sun akka namaatti akka dubbatu, kolfu, gaddu, gammadu, beela'uu fi wkf taasisuun ibsudha.

Yaada kana ilaalchisee, Berhanu, (2009, f. 25) nameessuu yemmuu ibsu," Personification is a technique of presenting inanimate things and abstract qualities as through they were alive," jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa waanti hubatamu nameessuun waantota lubbuu qabeeyyii biroo fi lubbuu dhabeeyyii qabatamaan hin mul'anneef amala namaa kennuufiin ergaa barbaadame kan ibsu ta'uu isaati.

Biniam, (2007, f. 160), " personification is a figure of speech in which abstractions, animals,ideas and inanimate objects are endowed with human form, character traits or sensibilities," jechuun lafa kaa'a.

Yaadni kunis nameessuun gosa malleen dubbii keessaa tokko ta'ee wantoonni qabatamaa hin taane, bineeldonni, yaadni fi waantonni lubbuu dhabeeyyii ta'an amalaa fi gocha dhala namaa gonfachiisuun kan ergaa ittiin dabarfatan ta'uu kan agarsiisudha.

Wasanee, (2017, f. 144) yaada kana deeggaruun nameessa yemmuu ibsu,"amala ykn dandeettii ilma namaa lubbuu qabeeyyii biroo yookiin lubbuu dhabeeyyii gonfachiisuun kan dubbatamudha," jedha.

Waraabbii kana irraas wanti hubatamu nameessuun lubbuu qabeeyyii biroofi lubbuu dhabeeyyiif amala namaa kenninee akka isaan akka namaatti beela'an, quufan, deeman dubbatanfi wkf ittiin goonudha.

### 2.6.4 Ukukkubee

Ukukkubeen yaada irratti dubbachuu barbaanne sana hamma inni ga'uu olitti yookaan gaditti garmlee guddisuun yookiin xiqqeessuun kan ittiin ibsinudha.

Dhimma kana ilaalchisee, Berhanu, (2009, f. 27), " Hyperbbole is a technique of using gross exaggeration or overstate that facts in piece of wrting," jechuudhaan ibseera. Yaadni kunis ukukkubeen waan qabatamaa ta'e tokko garmalee guddisanii yookaan xiqqeessanii ibsuu ta'uu agarsiisa.

Waraabbii kana irraa waanti hubatamu, arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii amma arbaa, xiqqeessanii immoo amma huubaa taasisuu ta'uu isaati.

### 2.6.5 Habalaka

Habalakni nama tokko kan jajan yookiin kan jaallatan fakkaatanii karaa ittiin tuqanidha. Kanaafuu, mala dubbii waan jechuu barbaanne tokko karaa faallaa ta'een ittiin ibsinudha.

Dhimma kana ilaalchisee, Wasanee, (2017, f. 144) habalaka yemmuu ibsu, " habalaka jechuun dhaamsi himaa yookiin jecha tokkoo yemmuu faallaa jecha ykn hima sanaa ta'udha," jecha.

Yaadni kunis habalakni tooftaa ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsinu ta'uu nu hubachiisa. Yaada kana cimsuudhaan, Abrams, (1971) gama isaatiin habalaka bifa itti aanuun ibsa:

> Irony  is a mockery or scorn use of words to express the opposite of what one really means that is words of praise are given often intended. A kind of person isn't it? A remark made when a person is actually unkind, cruel, self seeking, jealous or prejudiced. In most of modern critical uses of the term irony, there remains the root sense of dissembling or hiding what is actually the case ; not, however in order to deceive but to achieve special rhetorical or artistic effects.

Waraabbii kanaa olii kana irraas waanti hubatamu, habalakni /saaduun yaada ibsamuu barbaadame tokko faallaa yaada sanaatiin ibsuu jechuu ta'uu isaati. Fakkeenyaaf nama baay'ee sodaataa/ lugna ta'e tokkoon nama goota akkamii jechuun ibsuudha.

### 2.6.6 Eemitii

Eemitiin waantota waliif faallaa ta'an lama fudhannee yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha.

Dhimma kana ilaalchisee, Addunyaa, (2016, f. 212*),* " jechi eemitii jedhu jechoota eeyyeefi miti jedhanirraa uumaman. Jechoonni kunneen faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kun dhuunfaan qaban faana bu'uun akka waantonni faallaa lama walfaana dubbataman taasisuun itti fayyadamuudha," jedha. Yaada kana irraas eemitiin jechoota lama kanneen waliif faallaa ta'an irraa kan ijaarame ta'uu isaafi yaadota waliif faallaa kana walfaana dubbachuun kan gargaaramu ta'uu isaati.

Misgaanuu, (2012, f. 89) yaada kanaa olii cimsuudhaan eemitii akka itti aanutti ibseera.

> Eemitii /walfaalleen gaaleewwan yookiin himoota walii faallaa ta'aniin ijaaraman keessatti mul'ata. Yaadoliin waliif faallaa ta'an kunniin yoo irra keessa isaanii ilaalan qoosaa fakkaatu. Haata'u malee abbaa itti hubatee ilaaleef icciitii dhugaa ta'e of keessaa akka qabu namatti agarsiisa. Yoo gadi fageenyaan sakatta'ame, keessi dhokataa yoo ta'e illee waan hiika qabeessaa fi haqa ta'etu mul'ata.

Waraabbii kanaa olii irraa waanti hubatamu, eemitiin mala dubbii jechoota waliif faallaa ta'an walfaana fayyadamuudhaan kan ergaan hiika qabeessa ta'e keessatti darbu ta'uu isaati.

### 2.6.7 Mallattummaa

Mallattummaan  yaada mallattoodhaan bakka buusuu yookaan immoo amalaa fi hiika bakka bu'aa sanaa gonfachiisuudha.Yaada kana ilaalchisee, Wasanee, (2017, f. 145) yoo ibsu, "fakkeen waanti tokko hiika waan biraatiif si'a dubbatamudha," jechuun lafa kaa'a.

Okpewho, (1992, f. 101) yaada kana deeggaruun mallattummaa yemmuu ibsu, " A symbol is a concreate of familiar object that is used in reference to, or as an explanation of an abstact idea or lesser familiar object or event. It is particular means of conveying certain important truths or lessons about human life and the problem of existence,"jedha.

Waraabbiin kun mallattummaan yaada baay'ee walxaxaa yookiin ifa hin taane karaa ittiin dabarfatan ta'uu agarsiisa. Keessumaayyuu waantota jireenya dhala namaa keessatti baay'ee murteessoo fi barbaachisoo ta'an yaadaan yookiin mallattoodhaan karaa cina galaan ittiin dabarfachuuf yaaludha.

Haaluma walfakkaatuun, Biniam, (2007), " A symbol is something that represents something else. An object ,person, place, event or action can suggest more than its literal meaning," jechuun ibsa.Yaada armaan olii kana irraas waanti hubatamu, mallattummaan hiika og-barruu sana keessatti qabuun olitti waanta biraa hawaasa keessatti beekamu kanneen akka meeshaalee, bakka, gochaa fi kkf. bakka bu'ee argamuu kan danda'u ta'uu isaati.

Walumaagalatti malleen dubbii kan barreessitoonni hojii kalaqaa miidhaginaafi hawwatamummaa hojii isaanii dabaluun jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarfachuuf kan itti dhimma bahan ta'uu hubanna.

## 2.7 Suuressuu (Imagery)

Suuressuun kan barreessaan jechoota sammuu keessatti suurraa kaasaniifi qaamolee miiraan beekaman fayyadamuun miiraafi dhageettii keessooo isaa ittiin ibsatudha. Yaaduma kana ilaalchisee, Baldick, (2001, f.121), " Aterm imagery used to describe an author's use of vivid descriptions that evoke sense impressions by literal or figurative reference to perceptible or concrete objects, scenes, actions or states," jechuun ibseera.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu, yaadni suuressuu jedhu kan barreessaan yaada isaa ciminaan ibsuuf gochoota, taateewwaniifi jechoota sammuu namaa keessatti surraa kaasanii fi qaamolee miiraatiin beekaman fayyadamuun miiraafi dhageettii keessoo isaa kan ittiin ibsatu ta'uu isaati.

Walumaagalatti suuressuun suurraa sammuu dubbisaa keessatti uumuun akka dubbisaan miira hawwataa ta'een dubbisuuf miidhagsee dhiyeessuufis kan tajaajiludha.

## 2.8 Ergaa Walaloo ( Theme)

Ergaan walaloo dhaamsa gidduugaleessaan waloon karaa mul'atuunis ta'ee hin muldhanneen dhimmootaa addaddaa irratti dubbistoota hubachiisuuf barreessudha. Kunis kan barreessaan dhimma barreessuuf barbaade irratti hundaa'ee ilaalchaafi dhageettii keessoo isaa dubbistoota biraan ga'uu barbaadudha. Ergaan hojiilee kalaqaa keessatti ilaalcha barreessaafi kaayyoo barreeffamichaa irratti hundaa'uun kallattii addaddaan ilaalamuu danda'a.

Yaada kana ilaalchisee, Baldick, (2001, f. 258), " Theme is defined as a salient abstract idea that emerges from a literary work's treatment of its subject matter, or a topic recurring in a number or literary works. Themes in the literature tend to differ depending on outher time period, genre, style, purpose, etc." jechuun ibseera.

Yaadni armaan olii kunis ergaan yaada dhokataa ilaalchaafi miira barreessaa ogbarruu sana keessatti calaqqisuufi irra deddeebbiin mul'atu ta'uu nu hubachiisa. Ergaan ogbarruu tokkoo: ilaalcha barreessaa, yoomessa keessatti barreeffame, gosa ogbarruu sanaa, akkaataa ogbarruufi kaayyoo barreessaa irratti waan hundaa'uuf kallattii garaagaraan ilaalamuu kan danda'u ta'uu isaati.

## 2.9 Walqabsiistota ( Allusions)

Walqabsiisa jechuun barreeffama kalaqaa tokko keessatti kan barreessaan yaada iabsachuu barbaade tokko gochootaafi taateewwan biroo hawaasa keessatti beekamuun walqabsiisee addeessuuf kan gargaarudha. Walqabsiisonni hojiilee kalaqaa kunis: walqabsiisa seenawaa (historical allusion), walqabsiisa amantaa (religious allusion) fi walqabsiisa ogbarruu (literary allusion) jedhamuun bakka gurguddoo sadiitti qoodamu. Walqabsiisonni kunis waloon ergaa dabarfachuu barbaade tokko taateewwan seenaan walqabataniin yookiin dubbiiwwan macaafa qulqulluutiin yookiin immoo ogbarruuwwan afoolaas ta'e ogbarruu barreeffamaan walqabsiisee dhiyeessuuf kan fayyadudha.

Dhimma kana ilaalchisee, Biniam, (2007, f. 127), yemmuu ibsu, " Allusion is defined as poets often enlarge the implications of their poems by reference to specific events, charcters, or scenes of a religious, historical, scientific or literary nature. Such references are called Allusions and their use assumes a certain shared knowledge between poet and reader," jedha.

Yaada armaan olii kana irraas waanti hubatamu, yaadni walqabsiisa jedhu kun waloon walaloo isaa yemmuu barreessu ergaawwan fuulleetti hinibsamne dabarfachuuf gochaawwan murtaa'oofi taateewwan hawaasa keessatti argaman gurguddoo jechuunis: taateewwan amantii, taateewwan seenawaafi ogbarruudhaan walqabsiisee dhiyeessuu danda'a. walqabsiisonni taateewwanii kunneenis waloofi dubbisaa gidduutti beekumsa amma ta'e qooduuf gargaara jedhameeti yaadama ergaa jedhu of keessaa kan qabu ta'uu isaati

## 2.10 Yaadxiina Qorannichaa

### 2.10.1 Akkaataa (Style)

Akkaataan haala filannoo jechootaa barreessaan hawwatamummaa hojii kalaqaa isaa dabaluun ergaa fi ilaalcha keessoo isaa itti dabarfatudha. Dhimma kana ilaalchisee, Biniam, (2007, f. 119) akkaataa yemmuu ibsu, " A style is concerned with how language is used in a particular genre and how this language creates an artistic effect,'' jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa waanti hubatamu, akkaataa yaadni jedhu filannoo jechootaa hojii kalaqaa tokko keessatti barreessaan fayyadamuu fi itti fayyadamni afaanii kunis akkamiin sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumuun hiika itti godhatu kan agarsiisu ta'uu isaati.

Abrams,(1981) gama isaatiin yaada kanaa olii kana cimsuun, " Style is the characteristic manner of expression in prose or verse; how the particular writers says things," jedha. Yaadni kunis, akkaataan filannoo jechootaa barreessaan hojii kalaqaa keessatti fayyadamu ta'uu kan agarsiisudha.

### 2.10.2 Yaadrimee Haala Dhiyaanaa Akkaataa

Akkaataa (Style) yaadni jedhu, itti fayyadama afaanii hojii kalaqaa tokko keessatti barreessaan dhageettii keessoo isaa ibsachuuf itti gargaaramu kan agarsiisudha. Yaada kana ilaalchisee, Leech fi Short, (1981, f. 10) haala dhiyaannaa akkaataa yemmuu ibsan, " Stlistics approach refers to the way in which language is used in a given context, by a given person, for a given purpose and soon. In looking style in a text, we aren't only referring to choices from the complte system but also a repeated usage of a certain group of words by the author," jedhu. Yaadni armaan olii kunis yaadxiinni akkaataa haala ittifayyadama afaanii barreessaan tokko waliigala hojii kalaqaa isaa keessatti ittifayyadame kan agarsiisudha. Kunis filannoo jechootaa barreessaan hojii kalaqaa isaa hawwataa gochuufis ta'e miira isaa, dhageettii keessoo isaa ibsachuu fi ergaa dubbisaa biraan ga'uuf barbaade dabarfachuuf itti fayyadame akkasumas ilaalcha barreessaa kan ilaallatu ta'uu nu hubachiisa.

Akkaataa(Style) hojii kalaqaa tokko qo'achuudhaaf barreeffama hojii kalaqaa sana sirriitti ilaaluufi itti fayyadama afaanii barreessaan qixa garaagaraan fayyadame adda baasuun barbaachisaadha.

Yaada kana ilaalchisee, Biniam, (2007, f. 119) haala armaan gadiin ibsa:

> In order to investigate the style of an author, one has to base his/ her evidences in close observation of the text. This observation by the means of words and other catagories of language contribute a lot in appreciating what the writers has created and how this imaginative work or meaning is achieved by using the language.

Akka yaada hayyuu kanaatti qorataa/ qorattuun tokko Akkaataa(style) hojii kalaqaa tokko irratti qo'annoofi qorannoo adeemsisuudhaaf ragaalee isaa/ ishee bu'uura godhachuun barreeffama kalaqaa sana gadi fageenyaan hubachuun barbaachisaadha. Kana jechuunis filannoo jechootaa, ittifayyadama afaanii barreessaan kallattii garaagaraan fayyadame qixa qixa isaatiin adda baafachuun, akkaataa barreessaan itti kalaqe, jechoonni surraa akkamitti akka sammuu keessatti kaasan, hiika akkamii akka qabanfi ergaa barruun kalaqaa tokko kallattii garaagaraan qabaatu qaaccessuuf gumaacha guddaa godha jechuudha.

Leach fi short, (1981) gama isaaniitiin yaada armaan olii kana cimsuudhaan, “ Approaching the text on how a particular author in a text using the language and their close observation will help to study the aesthetic value in detail or depth,” jechuun ibsaniiru. Yaada hayyoota kanaa irraas waanti hubatamu, akkaataa ittifayyadama afaanii barreessaan hojii kalaqaa isaa keessatti fayyadamee barreessefi ilaalcha inni calaqqisiise hubachuun akkaataawwan ogbarruu barreeffama kalaqaa sana keessa jiru qu’achuuf kan gargaaru ta’uu isaati.

Hayyoonni Huemer fi Wolfgang, (2007) yaada armaan olii kana cimsuudhaan akkaataa yemmuu ibsan, “ Style comprised of an author’s diction, syntax, tone, characters, and other narrative techniques. Style is used to describe the way an auther uses language to convey his or her ideas and purpose in writing,” jedhu.

Akka yaada armaan olii kanaatti, Akkaataan og-barruu filannoo jechootaa, xiinhimaa, sagaleewwan muuziqaa ogbarruu keessaa, amalaafi tooftaalee seenessuu biroo barreessaan fayyadamu hunda hammata. Kanaafuu akkaataan og-barruu barreessaan afaan fayyadamuudhaan kaayyoo isaa, yaadaa fi dhageettii keessoo isaa ittiin ibsachuuf gumaacha guddaa kan godhu ta’uu isaati.

Yaadxiinni ogbarruu, namni ogbarruu irratti qorannoo gaggeessuu akkamitti akka qu’atuu kan agarsiisu ta’uu isaa ragaan toora interneetii irraa argame ni agarsiisa. Yaadni kunis, “The literary theory in strict sense is the systematic study of the nature of literature and of the nature of analyzing literature,” jedha. https://en.Wikipedia.org./wiki/literary.theory.

Waraabbiin kunis, yaadxiinni ogbarruu, akkaataa uumama ogbarruus ta’e tooftaa qindoomina ogbarruu irratti, walumaagalatti dhimma ogbarruu irratti qorannoo gaggeessuuf bu’uura ta’uu isaa agarsiisa. Qorannoon akkaataafi ergaa walaloo qaacceessuu irratti xiyyeeffatu kunis yaadxiinota jiran keessaa yaadxiina akkaataa (stylistic approach) bu’uura godhachuun qoratame.

## 2.11 Sakatta’a Qorannoo Walfakkaatanii

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu qorannoowwan adda addaa armaan dura qoratamanii kallattiinis ta’e alkallattiin walitti dhufeenya qaban sakatta’uun barbaachisaadha. Sababni isaas tokkummaafi garaagarummaa qorannoowwan duraan hojjetamanii jiranii fi

amma hojjetamaa jiruu walbira qabanii ibsuufi kan qorannoo kana adda taasisu yaada dabalataa kaa'uuf waan gargaaruufidha. Kana waan ta'eefis qorannoowwan walfakkaatan bifa armaan gadiin sakatta'amaniiru.

Ibsaa Addunyaa, (2016) mata-duree " Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Walaloo Anaaniyaa Keessatti" jedhuun ulaagaa digirii lammaffaa (MA) ittiin guuttachuuf Yuunvarsiitii Addis Ababaatti gaggeeffame. Qorannoon kunis  xiyyeeffannoon isaa inni guddaan goosoota malleen dubbii Walaloo Anaaniyaa keessa jiran baasuun hiika isaanii ibsuu irratti kan xiyyeeffatudha. Kanaanis qorannoo kana waliin wal fakkata. Garaagarrummaan isaa inni guddaan qorannoon kun ergaa walaloo qaacceessuufi akkaataawwa ogbarruu qaaccessuu dabalata. Kitaabni walaloon irratti gaggeeffamus addadda ta'uu isaati.

Isaaq Bariisoo, (2003) mata-duree "Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubee fi Kumee Kumaatamaa" jedhu irratti ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf hojjetame. Qorannoon kunis Sadoommiiwwan walaloo qaacceessuu akkaataawwan ogbarrudhaan kan walfakkaatu yoo ta'u, garaagarummaan isaa immoo qorannoon kun akkaataa ogbarruu kan biroo fi ergaa walaloo qaaccessuu kan dabalatu ta'uu isaati.

Sinqinash Alamuu Dandanaa, (2019) mata-duree " Qaaccessa Malleen Dubbii Fi Suuressuu Walaloo Obonboleettii keessatti" jedhu irratti ulaagaa digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf hojjette, malleen dubbiifi suuressuu walaloo Obonboleettii keessatti argamu baasuun qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha.  Malleen dubbii baasanii qaaccessuu irratti qorannoon kanaan kan walfakkaatu yoo ta'u, garaagarummaan isaa ijoon immoo qorannoon kun akkaataa walaloo keessaa kannneen akka walqabsiisotaa, jechoota afaan biroo, dabinsa seerlugaa, sagaleewwan walirraa hin citnefi ergaawwan walaloo gama dinagdeen, siyaasaan, hawaasummaan, aadaafi amantaan jiru qaaccessuun ibsuu dabalata.

Haannaa Nagaraa (2008) mata duree " Qaaccessa Ergaa Walaloo Anaaniyaa" jedhuun ulaagaa digirii tokkoffaa guuttachuuf Yuunvarsiitii Diillaatti Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu dhiyaate, ergaa walaloo kitaaba anaaniyaa keessatti argamu qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha. Qorannichis ergaa walaloo qaaccessuun qorannoo kanaan kan wal fakkaatu

yoo ta'u, garaagarummaan isaa kitaabni irratti qoratame adda ta'uu fi qoranoon kun akkaataa walaloo kanneen akka malleen dubbii, fakkoommii, suuressuu, itti fayyadama afaaniifaa faa kan dabalatu ta'uu isaati.

Walumaagalatti qorannoowwan armaan olitti sakatta'aman irra jireessaan malleen dubbii baasanii qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha. Kanaanis qorannoo kanaan walfakkaata. Garaagarummaan ijoon garuu qorannoon kun akkaataawwan itti fayyadama afaanii keessaa walqabsiisota, jechoota afaan biroo, dabinsa seerlugaa, sagaleewwan walirraa hin citne, suuressuufi ergaawwan walaloo gama dinagdeen, siyaasaan, hawaasummaan, aadaan fi amantiin jiran qofaa qofaatti qaaccessuu kan dabalatu ta'uu isaati.

# BOQONNAA SADII : MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo hojii qorannoo tokko keessatti daandii qorataan irra deemu qabu kan agarsiisudha. Yaada kana ilaalchisee Victor, (2009, f. 203) " The research design is a plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they come from, where they are and where they are going," jechuun ibseera. Yaada hayyuu kanaarraa saxaxni qorannoo karoora hojii ta'ee qorannoo keessatti qorataan eessaa akka ka'e, eessa akka jiruufi garamitti akka deemuu qabu kan agarsiisu ta'uu hubana. Qorannoon Mata Dureen Qaaccessa Akkaataafi Ergaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti jedhu kunis mala akkamtaan qaacceffame. Sababni isaas malli akkamtaa odeeffannoowwan ragaadhaaf funaanaman jechootaan ibsuuf mijataa waan ta'eefi. Mala akkamtaa bu'uureffachuun kun immoo akka qorataan saxaxa qorannoo isaa Ibsa Akkamtaa (Qualitative Descriptive) taasifatu godheera. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa, (2011, f. 63): "Qorannoon tokko haala ibsuu irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameefi odeeffannoo akkamtaa irratti yoo hundaa'e, saxaxni isaa ibsa akkamtaa (qualitative descriptive) ta'a" jedha. Bu'uuruma kanaan qorataanis qorannoo isaa qaaccessa akkaataafi ergaa walaloo irratti xiyyeeffate saxaxa ibsa akkamtaa hordofuun hojjete.

## 3.2 Madda Odeeffannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf maddi odeeffannoo qorataan ittifayyadame madda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaa kunis walaloowwan Zalaalam Abarraa keessaa kan matadureewwan isaanii *Jedhe Diggaa Saaqoo, Koo Malli Maali? fi Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhan gadi fageenyaan dubbisuun kanneen ragaa ta'uu danda'an achuma keessaa cheekliistiidhaan funaannachuun akkaataawwan walaloo waloon fayyadamee barreessefi ergaa walalichaa barreeffamoota kanneen keessaa baasee qaaccesse.

## 3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoo tokko gaggessuuf iddattoo odeeffannoo irraa argatan filachuun barbaachisaadha. Iddatteessuunis addeemsa iddattoo qorannoo sanaa filachuuti. Dhimma kan ilaalchisee, Sarantakos, (2005, f. 174), *"sampling is the process of choosing the respondants and the units of the study,"* jechuun ibsa.

Yaaduma kan bu'uura godhachuun qorataan qorannoo isaa akkaataa fi ergaa walaloo qaaccessuu irratti xiyyeeffatu hojjechuuf kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun kanneen hariiroo waliin qaban walitti fiduuf jecha mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu akkaayyoo (purposive sampling) fayyadameera. Sababni isaa malli iddatteessuu akkaayyoo mala akkamtaa waan bu'uureffatuufi. Yaada kana ilaalchisee, Bryman (2004, f. 333) yemmuu ibsu, "purposive sampling is a qualitative research based sampling method", jedha. Sababni guddaan mala iddatteessuu akkaayyoo filatamaa akka ta'u godhus, kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun matadureewwan hariiroo waliin qaban filatanii iddattoo taasifachuuf mijataa waan ta'eefidha. Yaada kana ilaalchisees, Seale, (2004, f. 199) yemmuu ibsu, "—defines purposive sampling as a technique where participants are selected on the basis of having significant relation to the research topic" jedha. Waan kana ta'eef qorataanis, barreeffamoota walaloo Afaan Oromootiin barreessitoota addaddaatiin barreeffaman keessaa kan Zalaalam Abarraatiin barreeffaman irratti xiyyeeffate. Sababiin isaas, barwalaloo hunda irratti qorannoo gaggeessuun ulfaataa waan ta'eefi. Kanneen keessaas kan hariiroo waliin qaban mata duree sadii jalatti kan barreeffaman mala akkaayyootiin filate. Haaluma kanaan walaloowwan Zalaalam Abarraa keessaa kanneen mata dureen isaanii: Jedhe Diggaa Saaqoo, Koo Malli Maali? fi Uggum Kubbaa Miillaa! jedhan mala akkaayyootiin filatee iddattoo taasifachuun akkaataa fi ergaa walaloo qaaccesse.

## 3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kanaaf ragaalee barbaachisan funaannachuuf Meeshaan funaansa ragaalee qorataan dhimma itti ba'e mala sakatta'a ragaa dookimantii/ kitaabaati. Kunis walaloowwan qorataan mala akkaayyoon filate kanneen mata dureen isaanii Jedha Diggaa Saaqoo, Koo Malli Maali? fi Uggum Kubbaa Miillaa! jedhan gadi fageenyaan dubbisuun akkaataa fi ergaa isaanii qaacceessuuf kanneen ragaa ta'an achuma keessaa mala sakatta'a dookimantii /kitaabaa fayyadamee funaannate.

Mala sakatta'a dookimantii ilaalchisee, Dastaan, (2013, f. 13) haala armaan gadiin ibsa:

> Barreeffamoonni akka odeeffanoo qorannootti nama fayyadan hedduutu jira. Isaan keessaa kanneen akka kitaabaa,xalayoota, gaazexoota, barruulee addaddaa, waraqaa ragaa, nagahee, qaboo yaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoo fi kanneen kan fakkaatan ta'a. Barreeffamoonni kunneen mana kitaabaa ykn namoota harkatti argamuu danda'u.

Haaluma kanaan qorataan qorannoo isaa *Qaaccessa Akkaataa fi Ergaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti* jedhu qaaccessuuf walaloowwan filataman kanneen irra dedeebbiin dubbiseera. Ittiaansuunis ittifayyadama afaanii ilaalchisee kanneen ragaa ta'an keessaa *walqabsiisonni,jechoonni afaan biroo, dabinsi seerlugaa, sagaleewwan walirraa hin citne* dabareedhaan adda baafaman. Ittifufuunis kanneen *malleen dubbii* ilaallatan, kanneen *suuressuu* ilaallatan gosa gosa isaaniitiin secca'amanii adda baafamaniiru. Gama ragaalee ergaawwan walaloo ilaalchisees haaluma walfakkaatuun akkaataa walfakkeenya isaaniitiin *kanneen dinagdee ilaallatan, kanneen siyaasa ilaallatan, kanneen hawaasummaa ilaallatanii,kanneen aadaa ilaallataniifi kanneen amantii ilaallatan* qofa qofaatti funaanaman. Ragaalee kanneen hunda sassaabuufis qorataan cheekliistii fayyadameera. Dhumarrattis ragaaleen funaanaman kunneen akaakuu isaanii irratti hundaa'uun kanneen walfakkaatan walitti fiduun boqonnaa itti aanu keessatti qaacceffamaniiru.

## 3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoowwan sassaabaman qaaccessuuf qorataan mala qaaccessa ragaalee akkamtaa fayyadame. Adeemsa qorannoon akkamtaa ittiin qaacceffamu keessaa immoo, mala qaaccessa barruu gargaarame. Sababni isaas malli qaacceessa akkamtaa ragaalee sakatta'a dookimantii kitaabaatiin argaman jechaan ibsa irratti kennuun qaaccessuuf mijataa waan ta'eefi. Qorannoon kun mata duree *Qaaccessa Akkaataafi Ergaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti* jedhu irratti gaggeeffame. Kunis dhimma gurguddoo lama jechuunis akkaataafi ergaa (style & theme) walaloo haala dhiyaannaa akkamtummaa hordofuun qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatedha. Haalli qorataan ragaa ittiin qaaccesses matadureewwan walaloo sadanuu keessaa kanneen ragaa ta'uu danda'an cheekliistiidhaan walitti qabuun keessaa kanneen walfakkaatan walitti fiduun qaaccesse. Qaaccessa ragaa akkamtaa ilaalchisee, Filee, ( 2019, f. 110), " Gosti qaaccessa ragaalee akkamtaa kunis

gaaffilee maaliif? Haala kamiin?, Adeemsa kamiin?, Maaliif?.....kanneen jedhaniif deebii kennuudhaaf gahee olaanaa qaba,"jedha.

Adeemsa qorannoon akkamtaa ittiin qaacceffamu keessaa tokko kan ta'e mala qaaccessa barruu ilaalchisee immoo, (Alen,2003), malli qaaccessa barruu do'ii, fiilmii, kitaabilee addaddaa fi barruulee irraa yaadota argaman qaaccessuuf gargaara yaada jedhuuun ibseera.

Bu'uuruma kanaan qorataan yaadawwan bu'uuraa, yaadrimee fi kaayyoowwan qorannichaa irratti hundaa'uun walaloowwan filataman keessaa hojii qorannoo kanaaf kanneen ragaa ta'uu danda'an keessaa baasuun kanneen walfakkaatan walitti fiduun qaaccesse.

# ***BOQONNAA AFUR : QAACCEESSA RAGAAWWAN WALALOO KOO MALLI MAALI?, UGGUM KUBBAA MIILLAA FI JEDHE DIGGAA SAAQOO***

Boqonnaa kana keessaatti yaadrimeen walaloowwan Zalaalam Abarraa filatamoo qorannoon irratti gaggeeffamee gabaabinaan dhiyaataniiru. Ittiaansuunis dayeessa akkaataa bu'uura godhachuun ragaawwan qorannoo kanaaf barbaachisan keessaa gama qaacceessa akkaataatiin itti fayyadama afaanii ilaalchisee walqabsiistonni, jechoonni afaan biroo, dabinsi seerlugaafi sagaleewwan walirraa hincitne qofa qofaatti fakkeenya waliin qacceeffamaniiru. Malleen dubbiifi suuressuunis gosa gosa isaaniitiin adda baafamanii kanneen walfakkaatan walitti fiduun fakkeenya wajjin qaacceffamaniiru. Haaluma walfakkaatuun qaaccessa ergaa walaloo ilaalchisees ergaawwan barreeffamoota walaloo sadan keessaa funaanaman kanneen dinagdee ilaallatan, kanneen siyaasa ilaallataniifi kanneen hawaasummaa ilaallatan, kaneen aadaa ilaallatan akkasumas, kanneen amantii ilaallatan akka walfakkeenya isaaniitti adda ba'uun fakkeenya waliin qaacceffamanii jiru.

## 4.1Yaada Waliigalaa Walaloowwan Filatamoo

### 4.1.1 Koo Malli Maali?

Walaloon kun waa'ee qotee bulaa Oromoo kan ta'e obbo Abbaa Caalii bal'inaan haasa'a. Qonnaan bulaa Oromoo kanas jiruufi jireenya isaa keessatti karaa hedduun akka qorumsi irra ga'e ibsa. Gamtokkoon hojiin qonnaa dadhabsiisaa ta'uu isaa irraa kan ka'e bonaaf ganna roobniifi caamni osoo irratti walfuruu maatiin isaanii hundi akka humna isaaniitti qonnaa, aramaa, bineessa eeguu, loon tiksuu,dallaa ijaaruu fi wkf irratt bobba'uun dhama'aa oolu. Gama biraatiin immoo haalli sirna bulchiinsa yeroo sanaa waan isaan bu'aa bayii meeqa keessa darbanii horatan kaffaltii maqaa addaddaa isaan gaafachuun waan isaan saamuuf jireenya gadadoofi hacuuccaa hamaa keessa jiraachuu seenessa. Kanarraa kan ka'e walaloon kun dhiibbaa walxaxaa gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeen obbo abbaa Caaliifi maatii isaanii irra ga'e yeroo dheeraaf jireenya isaanii hammeessee waan nuffisiiseef, hacuuccaa hamaa kana jalaa akka isaan baasuuf gaaffii *koo malli maali?* jechuun ilma isaanii angafa Caalii gaafatan irratti xiyyeeffatamee kan barreeffamedha. Abbaan Caalii walaloo kana keessatti qonnaan bulaa Oromoo mara bakka bu'uun dhiibbaa fi hacuuccaa

uummata Oromoorra yeroo sanatti gama siyaasaan, dinagdeen, hawaasummaan, aadaan irra ga'aa tureefi abbummaa qonnaan bulaan Oromoo qabeenya isaa irratti qabu rakkoo keesa galuu isaa kan ibsudha. Kanaafuu, kaayyoon seenessichaas gaaffii abbaan Caalii ilma isaa gaafatu qofa osoo hin ta'iin sanaan qabee gaaffii uummanni Oromoo yeroo sanatti qabu ibsuu irratti kan xiyyeeffatudha.

### 4.1.2 Uggum Kubbaa Miillaa !

Barreessaan walaloo kanaa haala miidhagaafi ajaa'ibsiisaa ta'een taateewwan yeroo tapha kubbaa miillaa dirreerratti raawwataman, gochaa deeggartoonni garee isaanii jajjabeessuuf taasisaniifi haala istaadiyeemii keessa jiru hunda walaloon qindeessee ibsa. Seenessichi nama kubbaa miillaa ilaalee hin beeknedha. Nama kubbaa miillaa daawwachuudhaaf fedhii hin qabne ta'us, guyyaa sanaaf miiltoon isaa ganamaan bilbileefii akka isa wajjin istaadiyeemii deemu waan gaafateef kabaja hiriyyaa isaaf jecha ka'ee wajjin deeme. Dirree taphaa gahanii waraqaa seensaa muratanii olseenan Waanti hunduu seenessichatti haaraa ta'e. Baay'ina namoota daawwannaadhaaf istaadiyeemii dhaqanii ilaalee, isa akka aadaa Oromootti gaafa qalma aarsaa galma abbaa muudaa jamaan yaa'ee ayyaana kana hirmaatu itti fakkaate. Kana osoo buusee baasuu gara gamaatti ilaalee bakka baay'ee faayamee keessummootaaf qophaa'e arge. Bakki sun duwwaa waan tureef eenyuuf akka qophaa'e gaaffii itti ta'e. Yaadaan duubatti deebi'ee bakka mootonni dur taa'an yaaduu eegale. Osoo inni yaadaan galaanarra yabalaa jiruu keessummoonni ulfinaan dhufanii bakka faayame sana qabatan.

Itti fufuunis, waantota dirree sana marsanii hunda daawwachuu eegale. Isaanis: konkolaatota, dhugaatiiwwan garaagaraa, mukeen elektiriikiifi wkf ilaalee ajaa'ibsiifate. Osoo kana ajaa'ibsiifatuu abbaan seeraa garee waldorgoman lamaaniin teellaan hordofamaa dirree seene. Daawwattoonnis ka'anii simatan. Achii mootiin abbaan barcubaas taphattootaan walbare; taphnis eegalame. Deeggartoonnnis garanaa garasii garee deeggaran iyyanii faarsu. Kaan kana deeggara kaan sanaaf ililcha. Iji daawwattootaa kubbaa faana wirriiqamte. Kana gidduudhaan taphataan colleen tokko kubbaa sammii dhufte qabbaneessee gartuu faallaa sossobee cinaa tarsee, furuursee manii keessa buuse. Gartuun isaas lafaa ka'ee huursee, iyyee hammate. Abbaan seeraas manii mirkaneesse. Walinjifachuuf jecha walfalmiin taphaa baay'ee cimee, finiinee itti fufe. Seenessichis kana hunda daawwatee ajaa'ibsiifate.

Walmorkiin gareewwan addaddaa keessatti taasifamu, fedhiin daawwattoonni garee isaaniif qaban kunis falmii taayitaaf jecha gareen tokko isa biraa irratti ol-aantummaa argachuuf taasisamuun walfakkaatee itti mul'ate. Erga daawwatee boodas haala miidhagaa fi baay'ee ajaa'ibsiisaa ta'een taateewwan yeroo tapha kubbaa miillaa dirreerratti raawwataman hunda tokko tokkoon walalootiin qindeessuun gurra dhaggeeffattootaan ga'e.

Walumaagalatti, kaayyoon seenessichaa waa'ee tapha kubbaa miillaa himuuf osoo hin taane, wal morkii gareen taphattootaa dirree irratti wal injifachuuf taasisan irraa ka'ee, fedhii gareen tokko isa biraa irratti ol-aantummaa argachuuf carraaqu ibsuuf barbaadeeti.

### 4.1.3 Jedhe Diggaa Saaqoo

Walaloon Jedhe Diggaa Saaqoo jedhu seenaa mootota durii Godina Wallagga Lixaa, naannoo Noolee kaabbaa turan lamaan gidduutti taateewwan seenaa raawwatamanii darban seenessa. Kunis daangaa mootii Diggaa Saaqoofi mootii biraa gidduu hora bishaanii xiqqoo daangaa Diggaa keessatti argamtutu turte. Horri kun daangaa Diggaa keessatti haa argamtu malee mootiin inni tokko anaaf ta'uu mala jedhee waan itti falmeef walitti bu'insa mootota lamaaniif sababa guddaa taateetti. Irra deddeebbiidhaan walitti bu'insi kun waan hammaateefis, jaarsoliin biyyaa dhimma kana ilaalanii furmaata dhumaa akka kennan itti waliigalame. Haata'u malee jaarsoliin harka wayyaa jalaan mootii Diggaadhaan mormu irraa matta'aa fudhatanii malaan korma fidee akka naannoo horaa bosona keessa kaa'u godhan. Diggaan shira kana hundaaf gurri isaa hagabuudha. Achiis murteef jara lachuu waamanii abbaan dursee hora kanatti korma qale hora kana akka dhuunfatu murtee dabarsan. Diggaa Saaqoos daba jaarsoliin hojjetan kanatti aaree xiiqiidhaan " *dhiiga cobsuun erga horri dhuunfaa ta'ee haa lola'u kan koo lolaa ta'ee; korma hin qabu morma hin dhabu; gaafa xiiqii gaafa qalmaa anuu korma."*jedhee haqaaf jedhee goraadeesaa mandheedhaa fuudhee of wareegee gosa isaaf horri akka hafu godhe

## 4.1Qaaccessa Akkaataa Walaloowwan Filataman Keessatti

Qaaccessa akkaataawwan ogbarruu kana jalatti itti fayyadamni afaanii waloon walaloowwan filataman keessatti fayyadamee barreesse keessaa qaaccessi walqabsiisotaa, qaaccessi jechoota afaan biroo, qaaccessi dabinsa seerlugaa, qaaccessi sagaleewwan walirraa hin

cinnee, qaacessi malleen dubbiifi qaaccessi suuressuu duraa duubaan gosa gosa isaaniitiin fakkeenya waliin akkaataa kanatti aanuun qaacceffamanii jiru.

### 4.2.1 Qaacceessa Walqabsiisotaa (Allusion)

Walqabsiisonni kan barreessaan hojii kalaqaasaa keessatti dhaamsa cimsee dabarsuu barbaade seenaa darbeen, amantaadhaan, akkasmas og-barruudhaan wal qabsiisee dabarsuuf kan itti gargaaramudha.

#### 4.2.1.1 Qaaccessa Walqabsiisa Og-barruu (Literary Allusion)

Walqabsiisni ogbarruu yeroo barreessaan og-barruu afoolaas ta'e og-barruu barreeffamaa duraan tureen walqabsiisee ergaasaa dabarfatu kan uumamudha. Haaluma kanaan walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman keessatti walqabsiisonni og-barruu argaman fakkeenya kanatti aanuun qaacceffamaniiru.

Egaa yaa ilma koo
Salphoo soqolatte soqolaa gargaaru
Ulfinan siif laadheef deebisee gaabbuu koo
Waa garaan nah in aaru.
Akkan taa'ee argee yaada kee calale
Waraabessi guuguu inni lafee duguugu yoo ka'ee moo'ullee
Atoo iddoo hin dhabdu kan itti miliqxu
Kan koo malli maali eessa abbaa koo lixu? *(koo malli maali?)*

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali*? jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti waloon ergaa dabarfachuu barbaade og-barruudhaan wal qabsiisee yemmuu ibsu argina. Dhaamsa kanas buufata jalqabaa keessatti mammaaksa Oromoo "*Salphoo soqolatte soqolaa gargaaru"* jedhuun eegala. Afoola kana bu'uura godhachuudhaan Abbaan Caalii walqabsiisee ilmi isaa waadaa isaaf gale waan raawwachuu dideef kabaja ilma isaaf qabu deebise dhowwachuu isaa: *ulfinan siif laadheef deebisee gaabbuukoo waa garaan na hin aaru* jechuun ergaa dabarfate. Itti fufuunis buufata lammaffaa keessatti yaada kanaan walqabsiisuun ammas Abbaan Caalii ilma isaa Caaliitiin,

akkan taa'ee yaada kee calalee ilaaletti, utuma mootiin jallaan dhufee moo'eeyyuu ati bakka itti miliqxu qopheeffatteetta erga jedhee booda, ofii isaa garuu malaa fi fala homaatu kan hin qabne ta'uu isaa ibsachuuf jecha*, kan koo malli maali eessa abbaa koo lixu?* jechuudhaan abdii kutannaa hamaa keessa seenuu isaa yemmuu dhaamsa dabarfatu argina. Yaadni armaan olii kunis buufata walaloo kana keessatti waloon karaa hawwataa ta'een walqabsiisa og-barruu keessaa mammaaksa bu'uura godhachuun dhaamsa kan dabarfate ta'uu nu hubachiisa.

Yaa waaqayyo gooftaa yaa abbaa gungumaa koo

Roobdees magarsita jeejees dhidhimsita yaa abbaa hudumaa koo

Baala midhaan goota; kuullee sa'a goota;yuuyyees nama goota

Ana hiyyeessa kee uumtee akkam nagoota?

Jennee kokkomanna boonyees kakkadhanna.

Jabana luwaanuu nuyii kanaan jiru

Ni dhufa inni beeroo inni dubbii injiru

Bobaatti qalqalloo harkaa qawwee qaba

Hoo'aa fudhaa hin beeku as kennaa lallaba

Haqaaqee fudhachuuf ganda sagal laba

Gashaa inni sassaabu maqaa sagal qaba. (koo malli maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Buufata jalqabaa keessatti Abbaan Caalii bokkaan badee, maddi lagaa gogee hongee fi hacuuccaa sirna gita bittaatiin yeroo dararamaa jiru keessa yaaddoo qabu afoola Oromoo keessaa faaruutti gargaaramee " *Baala midhaan goota; kuullee sa'a goota;yuuyyees nama gootaAna hiyyeessa kee uumtee akkam nagoota?"jechuun* waaqayyoowaan hunda gochuu akka danda`u jajachaa fi kadhachaa osoo jiruu argina. Waloon afoola kanaan miidhagina walalichaa cimsuu irra darbee yaada dabarsuu barbaade walqabsiisee dabarsa. Faaruu kana bu'uura godhachuudhaanis buufata lammaffaa keessatti uummanni Oromoo mirga isaa dhabee sirna gita bittaatiin saamamaa hacuuccaa jala akka jiru Abbaa Caalii bakka buusuun karaa hawwataa ta'een "*bobaatti qalqalloo harkaa qawwee qaba, hoodhaa fudhaa hin beeku as kennaa lallaba, haqaaqee fudhachuuf ganda sagal laba*" jechuun sirni yeroo sanaa

Oromoof balaa ta'uu yemmuu ibsu argina. Kanaafuu hidha walaloo kana keessatti Waloon bifa hawwataa ta'een walqabsiisa ogbarruu keessaa faaruutti dhimma bahee dhaamsa kan dabarfate ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Hirriba mi'ooftuu keessaa waamee na dammaqsee
Eenyu gaafa sana manaa akka na baase;
Miiltookoo tokkotu guyyaa dilbataa tokko ganamaan bilbilee
Ati ammayyuu inraftaa maal rakkatte yaale?
Barii raffisaan badii farrisa; guyyaa raffisaan qullaa hambisa;
Halkan raffisaan qalbii gabbisa;

Jedhee waa mammaakee takkas na qoccolee
Maal sitti fakkaata oolmaan keenya har'aa yoo istaadiyeemii oolle?
Tapha kubbaa miillaa yoo dhaqnee ilaalle?---- (Uggum K. Miillaa)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa fudhatame.Hidha walaloo kana keessatti waloon walaloo isaa miidhagfachuufis ta'e ergaa dabarsuuf yaade of fuuldura tilmaamsisuuf walqabsiisa og-barruutti fayyadameera. Kunis buufata tokkoffaa keessatti osoo inni ganama hirriba mi'ooftuu rafaa jiruu hiriyyaansaa ganamaan bilbilee erga kaasee booda, ganama rafuun sirrii akka hin taane mammaaksa Oromoo fayyadamee *"barii raffisaan badii farrisa; guyyaa raffisaan qullaa hambisa"* jechuun erga mammaakee takka qoccoleen booda, buufata lammaffaa keessatti mammaaksa kana bu'uureffachuun *" maal sitti fakkaata oolmaan keenya har'aa yoo istaadiyeemii oolle, tapha kubbaa miillaa yoo dhaqnee ilaalle "* jechuun deemsa istaadiyeemii waliin walqabsiise. Kanumaan kabaja hiriyyaasaaf jecha kan takkaa istaadiyeemii deemee hin beekne ka'ee wajjin istaadiyeemii deeme. Yaadni armaan olii kunis waloon hidha walaloo kana keessatti walqabsiisa ogbarruu keessaa mammaaksatti fayyadamuun hawwatamummaa walaloosaa cimsuun walqabsiisee dhaamsa kan dabarfate ta'uu agarsiisa.

## 4.2.1.2 Qaaccessa Walqabsiisa Seenawaa ( Historical Allusion)

Walqabsiisni seenawaa yemmuu barreessaan barreeffama og-barruu barreessu sana seenaa duraan darbeen walqabsiisee dhaamsa dabarsu kan uumamudha. walqabsiisonni seenawaa

walaloowwan filataman keessaatti argaman fakkeenya waliin bifa armaan gadiin qaacceffamaniiru.

---waa xinnoo ishee yaadee ,
Akka falaasamaa akka yaada wayii,
Na fudhatee bade; dur jabana durii,
Obboroo mootummaatti na fudhatee arreede.
Silaa hawaasni waa hundaa jalqabni mootummaa
Gaafa uumaa taayitaa gaafichaa ganamaa
Ilmaan namaaf mootii, dallaa sa'aaf korma;
--------------------------------------------------

Tarii gulantaan kun mootiidhaaf kaa'amee?
Waa maleewoo mitii kan akkas faayame------ (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin walaloo armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessaatti waloon walqabsiisa seenawaatiin wal qabsiisee ergaa dabarsuuf yaade yemmuu dabarsu argina. Yaada kana buufata tokkoffaa keessatti seenessaan kun teessuma qofaatti faayamee taa'u arguu isaa hubanna. Sana ilaalee eenyuuf akka qophaa'e tilmaamuu eegale. Tilmaama isaa kanas dursee seenaa moototaa duriitiin walqabsiisee, walcaalmaa kabaja argachuu ilmaan namaa xiinxale. Waa'ee seenaafi ilaalcha namoota bara durii aangoo qabanii erga dubbatee booda, buufata lammataa keessatti immoo teessumni sun tarii mootiidhaaf akka kaa'ame walqabsiisee tilmaamuu eegale. Akkuma inni yaades abbaan aangoo (mootiin) boodaan dhufee irra taa'uu isaa ibse. Kanaaf yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu waloon walqabsiisa seenawaatti fayyadamee dhaamsa barbaachisu dabarsuun hawwatamummaa walaloosaas kan tumse ta'uu isaati.

Hora dubbii hora lolaa lola guddaa
Bara baraan biyya goola biyya sarda
Mootiin lamaan garaaf dugda
Diina ta'ee waliin ooda----
Jaarsi biyyaa warri alangaa
Silaa dhugaa fagootti arga.
-----------------------------------
Akka kanaan jaarsi yaa'ee
Odaa jala guutee taa'ee
Jaarsi dubbii kana madaalu
Beekaa guddaa akka qaalluu
Shanee jaarsaa warra alangaa
Filateetu kakachiise isaaf baga. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo armaan olii keessatti barreessaan walqabsiisa seenawaa fayyadamee argina. Hidha walaloo jalqabaa keessatti waloon mootonni lamaan hora xiqqoo irratti waldhabuu irraa kan ka'e bara baraan walgooluufi walgidirsuu isaanii arguu isaa hubanna. Achiis rakkoon kun akkamiin furamuu akka danda'u buusee baasuun yaaduu eegale. Yaada isaa kanas seenaa jaarsoliin Oromoo karaa nagaan waldhibdee furuu keessatti qabaniin wal qabsiise. Seenaa dur jaarsoliin Oromoo warri alangaa dhugaa fagootti akka arganiifi haqa osoo hin dabsiin murtee dabarsaa as ga'uu xiinxale. Xiinxala isaa kana boodas, hidha walaloo isa lammaffaa keessatti, dhimmi waldhabdee mootota lamaanis jaarsolii biyyaatiin furmaata argachuu akka danda'u wal-qabsiise. Haaluma kanaan sabni Oromoo yaa'ee odaa jalatti jaarsolii dhimma kana ilaalan filatee, haqa akka hindabsine kakachiisee imaanaa ittikenne. Kanaafuu hidha walaloo armaan olii keessatti waloon walqabsiisa seenawaa gargaaramee qindeessuu isaa hubachuun ni danda'ama.

### 4.2.2 Qaaccessa Jechoota Afaan Biroo

Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti waloon walaloo isaa miidhagsuuf jechoota guyyuu fayyadamnuun alatti jechoota afaan biroo fayyadameera. Jeechoonni afaan biroo kunis fakkeenya isaanii waliin haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Bobaatti qalqalloo harkaa qawwee qaba
Hoo'aa fudhaa hin beeku as kennaa lallaba
Haqaaqee fudhachuuf ganda sagal laba
Gashaa inni sassaabu maqaa sagal qaba
Gibira gidiraa, Zamachaa hammacaa
Mawwaacoo, wawwacoo-------------- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloo kana keessattis jechoonni afaan biroo *mawwaacoo* fi *zamachaa* jedhan mul'ataniiru. Kunis bara beelli hammaatee namni lubbuun jiraachuufuu rakkatu keessatti gaggeessitoonni yeroo sanaa beeroodhaa dhufanii mata duree galiin ittiin sassaabamu hedduu himamee hin dhumneen abbaa Caalii irraa galii sassaabaa kan turan ta'uu ibsuuf jecha waloon jechoota afaan Amaaraa keessaa *mawwaacoo* fi *zamachaa* jechoota jedhan akka mata duree galiitti gargaarameera. Kuni immoo walalicha hawwataa taasisuu irra darbee, ergaan inni dabarsuu barbaadu salpmuhaatti akka hubatamu godheera. Kanaafuu, hidha walaloo kana keessatti itti fayyadamni jechoota afaan biroo hojiirra ooleera jechuudha.

Qooccoo fi affeellii isaa
Dibaasaaf gojjolaa
Ukkaamsaa moseedhaa
Ancootee akka dullaa --- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin kanaa olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti waloon walaloo isaa miidhagsuuf jechoota guyyuu fayyadamnuun alatti jecha afaan biraa *dullaa* jedhutti dhimma ba'eera. Kanas ancooteen qe'ee Abbaa Caalii baay'ee gurguddaa ta'uu isaa ibsuudhaaf jecha *dullaa* jedhuun walbira

qabee agarsiise. Yaadni kunis barreessaan walaloo isaa hawwataa taasisuuf buufata kana keessatti jecha afaan biroo kan fayyadame ta'uu agarsiisa.

Marchendiisii fi voolvoo ishkoodaa fi tiyoottaa

Kookaa koollaa fi peepsii ispraayitii fi faantaa ---- (Uggum K. Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti waloon itti fayyadama jechoota afaan biroo (ergifannaa) ttidhimma bahee jira. Jechoonni kunneenis bo'oo jalqabaa keessaatti kan argaman maqaalee konkolaataa gosa addaddaa meeshaalee nyaataafi dhugaatii istaadiyeemii geessanii kan agarsiisu yemmuu ta'u, jechoonni afaan biroo bo'oo lammaffaa keessatti argamanimmoo maqaalee dhugaatii lallaafaa kan agarsiisanidha. Kanaafuu waloon taateewwaniifi waantota istaadiyeemii keessatti argaman karaa hawwatamummaa qabuun ibsuuf ittifayyadama jechootaa keessaa jechootaa afaan biroo (ergifannootti) fayyadamee barreessuu isaa hubachuun ni danda'ama.

### 4.2.3 Qaaccessa Dabinsa Seerlugaa

Ittifayyadama afaanii keessaa tokko itti fayyadama seerlugaati. Afaan hunduu seera mataa isaa kan qabu ta'uun beekamaadha. Walaloowwan filataman kana keessatti waloon walaloo isaa miidhagsuuf tartiiba caasaa afaan Oromoo osoo hin eegiin bakki inni itti dabinsa seerlugaa fayyadame ni jira. Dabinsi seerlugaa mul'atan kunneenis akkaataa armaan gadiin fakkeenya isaanii waliin qaacceffamaniiru.

Fuula waaqaa dhaabattee lafaa awwaara hartee,

Ol jettee kakatte akka nuuf dhaabatte. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa sarara lammaffaa keessatti dabinsi seerlugaa mul'atee jira. Akka seera afaan Oromootti mathimni jalqabarra gochimni immoo xumurarra gala. Hima *"ol jettee kakatte akka nuuf dhaabbatte."* jedhu keessatti mathimni ifaatti yoo mul'achuu baateyyuu "*Ati"* kan jedhu yemmuu ta'u, gochimni immoo *"kakatte"* kan jedhudha. Gochimni kakatte jedhu kun immoo xumurarra galuun osoo irra jiruu walakkaa irratti argama. Kun immoo dabinsi seerlugaa jiraachuu agarsiisa. Jechi xumurarra galee jiru *"dhaabbate*" kan jedhu

garee jechaa isaatiin gochima ta'us, firoomsituu *akka* jedhu waan maxxanfateef, tajaajilaan ciroo hirkataa ta'ee jira. Gabaabumatti ciroo of danda'aan jalqabarra, ciroo hirkataan immoo xumurarra bakka wal jijjiiree galuun dabinsa seerlugaa mul'iseera. Kanaafuu waloon waraabbii kana keessatti hawwatamummaa walaloo isaa dabaluuf dabinsa seerlugaa fayyadameera jechuudha.

Xiyyoon istaadiyeemii garri miilla jalaa

Fakkaatee mul'ata gaawwaa abbaa uffannaa ( Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo Uggum Kubbaa Miillaa! jedhu keessaa kan fudhatamedha. Bo'oo lammaffaa hidha walaloo armaan olii keessaatti dabinsi seerluga barreeffama Afaan Oromoo mul'atee jira. Kunis akka caasaa himaa afaan Oromootti mathimni jalqaba, aantimni walakkaa, gochimni immoo xumurarra akka dhufu beekamaadha. Haata'u malee waloon hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf caasluga afaan Oromoo osoo hin eegiin qooqa ogbarruu jechuunis afaan ogbarruun ittiin barreeffamu kan seera afaanii hin eegne fayyadameera. Kunis mathimni iddoo isaa eegee kan jiru yemmuu ta'u, aantimnii fi gochimni immoo bakka waljijjiiranii argamu. Aantimni walakkaarra galuu qabu dhumarra; gochimni dhumarra galuu qabu immoo walakkaarra gale jechuudha. Gabaabumatti himichi gabaabbatee yemmuu barreeffamu, *xiyyoon istaadiyeemii gaawwaa abba uffannaa fakkaatee mul'ata*. Kan jedhu ta'uu qaba. Yaada armaan olii kana irraas waanti hubatamu barreessaan hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf dabinsa caasaa himaa afaan Oromoo kan gargaarame ta'uu isaati.

Na do'adhaa jedha, Mudhiin istaadiyeemii garri miilla jala.

Qalbii namaa hawwata, ababoon elektiriikiifi daraaraan sibiilaa. (U.K.M)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti himoota dhedheeroo lama argina. Himoota kanneen lamaanuu keessatti dabinsi seerlugaa mul'atee jira. Akka seera barreeffama afaan Oromootti himni gaalee maqaafi gaalee gochimaatti qoodama. Galeen maqaa jalqabarra, gaaleen gochimaa immoo dhumarra gala. Himoota hidha walaloo armaan olii kana keessattii garuu bakki gaalee maqaafi gaalee gochimaa waljijjiiruurraa kan ka'e dabinsi seerlugaa mul'atee jira. Himoonni kunneen akka caasaa hima afaan Oromootti yoo sirreeffaman

walduraa duubaan: *mudhiinistaadiyeemii garri miilla jalaa na do'adhaa jedha;* fi *habaaboon elektiriikiifi daraaraan sibiilaa qalbii namaa hawwata,* kan jedhu ta'uu qaba. Yaadni armaan olii kunis waloon walaloo isaa miidhagsuuf qooqa ogbarruu kan seera afaanii hin eegne fayyadamee barreessuu isaa agarsiisa.

Kunoo fudhu ulee ceekaa
Ulee saawwaa ulee tikaa
Har'aa kaasee anuu beeka.  (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa bo'oo jalqabaa irratti tartiibni barreeffama caasaa hima afaan Oromoo cabee argina. Dabinsi seerlugaa kun kan mul'ateefis sababii aantimni *ulee ceekaa* jedhuufi gochimni *fudhu* jedhu bakka waljijjiiraniifidha. Gabaabumatti caasaa himaa mathima + aantima + gochima ta'uu qabutu, mathima + gochima + aantiman ijaarame jechuudha. Yaadni kunis waloon jechoota caasluga afaan Oromoo hin eegne jechuunis afaan ogbarruun ittiin barreeffamu fayyadamee hawwatamummaa walaloo isaa kan cimse ta'uu nu hubachiisa.

### 4.2.4 Qaaccessa Sagaleewwan Wal Irraa Hin Citnee

Walaloowwan filataman keessaatti waloon walaloo isaa hawwataa taasisuuf sagaleewwan wal irraa hin citne adda addaa fayyadameera. Fakkeenyi sagaleewwan kanneenis haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Kana yeroo nutti himtu lafarra quphannee
Xis ximbaa osoo hin jedhiin jimnee jijim jennee
Kis kodi osoo hin jedhiin achiillee hin sochoone.  (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame.Hidha walaloo kanaa keessatti sagaleewwan addaddaa akka jechaatti kuusaa galmee jechootaa keessatti hingalmaa'iin argamaniiru. Isaanis: kanneen *xis, ximbaa, kis, kodi, jimnee* kanneen jedhan fa'i. sagaleewwan kanneen waloon walaloo isaa miidhagsuufis, dhaamsa dubbisaa biraan ga'uu barbaade sana dabarsuuf akka jechaatti itti fayyadame. Fakkeenyaaf *kis, kod*

osoo hin jedhiin kan jedhu yoo ilaalle, *kis kod* hin jenne jechuun *iddoo jirurraa asii fi achii hin sochoone* jechuu akka ta'e galumsa isaa irraa hubachuun ni danda'ama. Haaluma wal fakkaatuun sagaleewwan *xis, ximbaa*, *jimnee* kanneen jedhanis yoo ilaalee *callisnee* jechuu akka ta'e galumsa isaa irraa sirriitti ni hubatama. Kanaafuu yaadni armaan olii kun waloon miidhagina walaloo isaa tumsuufis ta'e ergaa isaa dabarfachuuf akka jechaatti sagaleewwan adda addaatti kan dhimma ba'e ta'uu nu hubachiisa.

Gasha inni sassaabu maqaa sagal qaba
Gibira, gidiraa, zamachaa, hammacaa
Mawwaacoo, wawwacoo--- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti barreessan walaloo isaa miidhagsuuf haala ajaa'ibsiisaa ta'een jechoota gosa addaddaafi sagaleewwan fayyadameera. Haaluma kanaan sarara sadaffaa hidha walaloo kanaa irratti sagalee *wawwacoo* jedhufayyadamee argina. Xiyyeeffannoo waloon sagalee kana fayyadameefis matadureen baasii Abbaan caalii yeroo sanatti gaafatamu heddummachuu irraa kan ka`e, maqaa isaayyuu beekuun rakkisaa ta`uu isaa agarsiisuufidha. Kanaafuu hidha walaloo kanaa keessatti waloon ergaa barbaade dabarfachuu fi miidhagina walaloo isaa cimsuuf sagalee walirraa hin cinne fayyadameera jechuudha.

Kikikii kakakaa tititii tatataa lililii lalalaa
Tirim tararam xixixii xaxaxaa
Korrisa kiilolee korrisa kiilolee
Boonba'aa xixxiixaa sagalee gammachuu
Sagalee gadadoo sagalee gaggabaa ---- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa bo'oo tokkoffaa fi lammaffaa keessatti itti fayyadamni sagaleewwan wal irraa hin citnee hojiirra oolee argina. Sagaleewwan kunneenis *Kikikii kakakaa tititii tatataa lililii lalalaatirim tararam xixixii xaxaxaa* kan jedhan yemmuu ta'an, sababni waloon sagaleewwan kanneen fayyadameefis sagaleewwan muuziqaa garaagaraa

istaadiyeemii keessaa dhaga'aman agarsiisuuf kan galan ta'uu, yaada sagaleewwan kanneen ittiaanee jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis sagalee kiilolee, sagalee gammachuu, sagalee gadadoo, sagalee gaggabaa fa'a kanneen jedhanidha. Yaada kana irraas waanti hubatamu, waloon hojii isaa hawwataa gochuuf jechoota guyyuu fayyadamnuun alatti sagaleewwan walirraa hin citne kan dhimma ba'e ta'uu isaati.

Xuruboon akordiyoon kontorobaasoon baasoon
Olkaasee caranoo gadqabee asaasoo --- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa fudhatame.Hidha walaloo kanaa sarara jalqabaa irratti barreessaan sagalee walirraa hin citne kan *xuruboon akordiyoon kontorobaasoon baasoo* jedhu fayyadamee argina. Sagaleen kunismeeshaaleen muuziqaa istaadiyeemmii keessatti argaman baay'ee heddummachuurraa kan ka'e sagalee muuziqaa achi keessaa dhaga'amu adda baasuun rakkisaa ta'uu agarsiisuuf kan galan dha. Kunis kan sagalee isaa ol kaasee caraanu irraa eegalee, hanga akka nama asaasuutti gad qabee sagalee dhageessisuutti kan jiru ta'uu isaati. Kanaafuu waloon hidha walaloo kana keessatti hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf itti fayyadama afaanii keessaa sagaleewwan walirraa hincitne dhimma ba'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

### 4.2.5 Qaaccessa Malleen dubbii

Malleen dubbii tooftaa ittifayyadama afaanii kan waloon tokko jechoota gaggabaaboofi filatamootti gargaaramee akkaataa sammuu keessatti suurraa kaasuufi nama hawwatuun waan tokko humnaa ol guddisee,xiqqeessee, waldorgomsiisee, faallessee hubannoof akka ta'utti mijeessudha. Gosoonni malleen dubbiifi suuressuun walaloowwan filataman keessatti argamanis dayeessa akkaataa bu'uureffachuun qaacceffaman. Sababni isaa dayeessi akkaataa waloon ilaalcha isaa calaqqisiisuuf jechoota filatamoo surraa sammuu keessatti kaasan akkamiitti akka gargaaramee barreesse ilaalchisee qu'annoo gadi fageenyaa gaggeessuuf gargaara.

Yaada kana ilaalchisee hayyoonni Leech fi Short, (1981) yemmuu ibsan, "approaching the text on how a particular author in a text using the language and their close observation will help to study the aesthetic value in detail or depth," jedhu. Yaadni kunis, dayeessi akkaataa

barreeffama kalaqaa tokka gadi fageenyaan dubbisuun jechoota filatamoo qalbii rarraasan akkamiitti akka barreessaan fayyadamee barreesse baasanii xiinxaluufi hiika itti kennuuf kan gargaaru ta'uu nu hubachiisa. Bu'uuruma kanaanis gosoonni malleen dubbiifi suuressuu walaloowwan filataman keessatti argaman walduraaduubaan tokko tokkoon fakkeenya waliin adda baafamuun akkaataa kanatti aanuun qaacceffamanii jiru.

### 4.2.5.1 Iddeesaa

Iddeesaan jechoota iddoo fi isa jedhanirraa kan dhufe yemmuu ta'u, kunis mala dubbii waan tokko waan biraatiin bakka buusnee ittiin ibsinuu fi karaa fuulleetti hin hin mul'anneen wal dorgomsiisuunis kan keessatti mul'atudha.Mala dubbii kana ilaalchisee fakkeenyonni walaloowwan filataman keessaa argaman akka itti aanu kanatti qaacceffamaniiru.

Atis gichillaan koo
Arangamaan ilmaa
Barumsa Awurooppaa
Beekumsa baargamaa --- (Koo Malli Maali?)

Hidhi walaloo armaan olii walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Buufata walaloo kana keessattis ittifayyadamni mala dubbii iddeesaa hojiirra ooleera. Yaada kanas iddoo kanatti Abbaan Caalii ilma isaanii Caaliidhaan guutummaa guutuutti arangamaadhaan bakka buusanii argamu. *Atis----arangamaa ilmaa* jechuun ibsan. Karaa ifaafi ifatti hinmul'anneenis gochaafi jabina ilma isaanii Caalii gochaa arangamaa waliin walmadaalchisuun ibsan. Kanaafuu, hidha walaloo kana keessatti waloon mala dubbii iddeessaatti gargaaramee walaloo isaa kan qindeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Ol jettee kakattee akka nuuf dhaabatte

Hunda keenyatti himte afaan damma gootee. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Moo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Buufata walaloo kanaa sarara lammaffaa keessatti *afaan Caalii dammaan* bakka buufamee argina. Kanas gaalee *afaan damma gootee* jedhu irraa hubachuun ni danda'ama. Kanas walaloo kana keessatti barreessaan jechoota Caaliin dubbatee saba isaaf waadaa gale,

dammaan bakka buusee dhiyeesseera. Kunis, jechoonni Caaliin fayyadamee saba isaafi abbaa isaatti hime kan mi'aawaniifi namatti tolan ta'uu isaati. Kanaafuu, hidha walaloo kana keessatti barreessaan hawwatamummaa walaloo isaa tumsuuf mala dubbii keessaa Iddeesaatti gargaarameera jechuudha.

Sitoo qaalluu ammaatii
Maal naa malta Caalii
Kan koo malli maali? (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Malli?* jedhu keessaa fudhatame. Walaloo kana keessatti barreessaan walaloo isaa miidhagsuuf *Caliidhaan* jaarmiyaa amantii Oromoo beekamaa kan ta'e *qaalluu* bakka buusee dhiyeesse. Kanas akkuma qaalluun bakka bu'aa hawaasaa ta'ee hawaasaaf dubbatu, rakkoo abbaa Caalii irra ga'aa jiruufis Caaliin bakka bu'aa abbaa isaa ta'ee akka falmuuf *sitoo qaalluu ammaatii* jechuun iddoo buusee argina. Akkasumas karaa fuullee hin taaneen itti gaafatamummaa Caalii itti gaafatamummaa qaalluu waliin walbira qabee ilaaleera. Yaada kana irraas waanti hubatamu waloon cabsata walaloo kana keessatti mala dubbii Iddeesaa fayyadamee kan barreesse ta'uu isaati.

Kee karri muddamaa
Koo karri xuuxamaa
Kee baqsaan galaana
Koo dubbiin fal'aana. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo mata dureen *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa bo'oo sadaffaafi arfaffaa keessatti waloon mala dubbii iddeesaatti gargaaramuun *baqsaa galaanaan, dubbii immoo fal'aanaan* bakka buusee ibseera.Yaada kanas Diggaa Saaqoo hora waldhibdee mootota lamaaniif sababa ta'e jaarsoliin ilaalanii murtee haqa ta'e akka kennaniif filataman sun, dhugaa dabsuun mala malteedhaan mootii isa Diggaa mormuuf waan murteessaniif itti aaree waan dubbatedha. Barreessaanis yaada kana ibsuuf mootiin Diggaa mormu hora waan argateef baay'ina baqsaa qe'ee isaa ibsuuf galaanaan bakka buusee qindeesse. Faallaa kanaan immoo dubbiin Diggaa milkaa'ina dhabee xiqqaachuu isaa ibsuuf koo dubbiin fal'aana jechuun dubbii Diggaa

fal'aanaan bakka buusee ibse. Yaada kana irraas waanti hubatamu waloon hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf malleen dubbii keessaa iddeesaatti kan dhimma ba'e ta'uu isaati.

Hora dubbii, hora lolaa, lola guddaa
Bara baraan biyya goola, saba sarda
Mootiin lamaan garaaf dugda---. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *JedheDiggaa Saaqoo* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa keessatti, waloon walaloo isaa hawwataaa taasisuuf akkasumas ergaa isaa karaa salphaan dubbistoonni akka hubatan gochuuf mala dubbii iddeesaatti dhimma ba'ee argina. Haaluma kanaan hariiroon moototа lamaan hora irratti wal didanii faallaa ta'uu ibsuuf, garaafi dugdaan bakka buusee qindeesse. Yaadni kunis akkuma garaa fi dugdi kallattii waliif faallaa ta'e irratti argaman, hariiroofi yaadni moototа lamaan hora irratti wal dhabaniis waliif faallaa ta'uu kan agarsiisudha. Hidha walaloo kana keessatti hariiroo faallaa moototа lamaanii garaafi dugdaan bakka buusee dhiyeessuun waloo kun immoo mala dubbii keessaa iddeesaatti gargaaramuu isaa kan agarsiisudha.

Barii raffisaan badii farrisa
Guyyaa raffisaan qullaa hambisa
Halkan raffisaan qalbii gabbisa
Jedhee waa mammaakee
xinnoos na qoccolee --- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti taateen tokko waan biraatiin bakka bu'ee argama. Jalqabarratti *barii raffisaan badii farrisaatiin* bakka buufame. Kana jechuun barii/ganama hojii hojjechuu dhiisanii rafuun booddeen isaa badii akka ta'e agarsiisa. Gama biraatiinis *guyyaa raffisaanis qullaa hambisaatiin* bakka bu'ee jira. Yaadni kunis guyyaan yeroo hojii malee yeroo rafiitii miti. Kanaafuu namni kana faallessee guyyaa kan rafu yoo ta'e boodarra hiyyuma kan itti fidu ta'uu isaa ibsuuf barbaadameeti. Karaa kana irraa adda ta'een immoo *halkan raffisaan qalbii gabbisaa* kan jedhuun bakka bu'ee argina. Kun immoo namni guyyaa hojiidhaan dadhabaa waan ooluuf yoo halkan rafe eeyyamamaa akka ta'e

ibsuun barbaadameeti. Ibsa armaan olii kana irraa wanti hundumtuu yoomessa keessatti raawwatu akka qabuufi wanti yeroo isaa malee raawwatamu miidhaa akka qabu hubanna. Walumaagalatti hidha walaloo kana keessatti waloon mala dubbii keessaa iddeesaatti dhimma ba'uu hubachuun ni danda'ama.

Fayyaa buleessa akka warabboo caatoo

Huqqataa akka qoorbii kan mangaagaan batoo

Kan funyaan gabaabaa kan konkonni qottoo (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa bo'oo sadaffaa keessatti, kutaa qaama namaa kan ta'e *konkonni* meeshaalee qonnaan bulaan jiruu isaa ittiin hojjetatu *qottoo*dhaan bakka bu'ee argina. Sababni waloon mala dubbii kana fayyadamee bakka buuseefis, miidhagina daawwattoota kubbaa miillaa ilaaluuf istaadiyeemii galanii ibsuufi. Kanaafuu waloon waraabbii kana keessatti kutaa qaama namaa kan ta'e konkona sibiila qaramaa qottoodhaan bakka buusee ibsuun isaa mala dubbii keessaa iddeesaatti dhimma ba'uu nu hubachiisa.

### 4.2.5.2 Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee mala ittiin waantota lama walcinaa qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalanidha. Waldorgomsiisa wantoota lamaa kanaafis jechoota akka, fakkaata, gaha, caala jedhanitti dhimma ba'a. mala dubbii kana ilaalchisee fakkeenyonni walaloowwan filataman keessaa fudhataman akkaataa kanaa gadiitti qaacceffamaniiru.

Akka waan kanaan dura hidda mormaa dhaabdee

Xiirqantee, bookkistee, fooggoltee gadooddee

Abadan Abadan kanaan hin firoomnu jettee babbarooddee

Akka korma saree atuu seera tumtee atumtuu arraabdee. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti waantonni jecha *akka* jedhutti fayyadamuun walbira

qabamanii dorgomsiifaman mul'ataniiru. Yaadonni walbira qabaman kunneenis sararoota walaloo jalqabaa lamaan keessatti *haasaa kanaan dura Caaliin abba isaa abdachiisee haasa'e, korma horii keessaa bookkisu waliin walbira qabame.* Itti fufuunis, sararoota gara dhumaa lamaan keessatti immoo, *Caaliin waadaa abbaa isaaf gale sana eeguu dhabuun isaas korma saree ofumaa seera tumee ofumaa cabsu (tufee arraabu) waliin walbira qabamee dorgomsiifame*. Kanaafuu fakkeenyi armaan olii kun walaloo kana keessatti waloon malleen dubbii keessaa akkasaatti fayyadamee gochaa Caalii wantoota biroo waliin walbira qabee kan dhiyeesse ta'uu nu hubachiisa.

Akka beera Andaaqqoo asaasaa qaxxisuu

Yoon tolchuu dadhabe maan haadhee hin balleessu. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame. Buufata walaloo kana keessattis jecha *akka* jedhu gargaaramuun waantota lama walbira qabanii isa tokko isa biraatiin ilaaluun hojiirra ooleera. Haaluma kanaanis waloon *gochaafi deemsa Caalii gochaafi deemsa beera Andaaqqoo* waliin walbira qabee qindeesse. Kunis beerri Andaaqqoo Andaaqqolii kaan irra fooyya'aa waan ta'eef hojii gaariitu irraa eegama ture. Haata'u malee qooda walitti qabuu haadhee balleessa. Caaliinis ilma angafa sanyii nama guddaa waan ta'eef qe'ee abbaa isaa kabachiisa jedhamee eegamus karaa faallaa ta'een abbaa isaa garaa ciibsuu hindandeenye. Waloonis yaada kana ibsuuf gochaa *Caalii* kana waan hawaasa keessatti beekamaa ta'e gochaa *beera Andaaqqoo* waliin walbira qabee ibse. Yaadni kunis, walaloo kana keessatti waloon malleen dubbii keessaa akkasaatti fayyadamuudhaan waantota waldorgomsiisee isa tokko isa biraatiin ilaaluun kan ibse ta'uu nu hubachiisa.

Istaadiyeemii geenyee dabaree qabannee

Akka mana cidhaa gumaata laadhannee

Yemmuutti ol seennu safuu waaqa guddaa

Akka gaafa aarsaa galma abbaa muudaa. --- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum KubbaaMiillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti waantota lama walbira qabanii waldorgomsiisuun hojiirra oolee jira. Kunis, gaaleewwan *akka mana cidhaa, akka gaafa*

*aarsaa* jedhaniin dhiyaate.Haaluma kanaan *waraqaa seensa istaadiyeemii bitachuun gumaata hawaasni Oromoo mana cidhaatti kennuun* walbira qabamee dhiyaate. *Baay'inni daawwattoota istaadiyeemii jiranii immoo baay'ina namoota gaafa aarsaa galma abba muudaa irratti argamaniin* waldorgomsiifame. Kanaafuu yaadni armaan olii kun hidha walaloo kana keessatti waloon jecha akka jedhutti gargaaramuun taateewwan dirree kubbaa miillaa waliin walqabatan mala dubbii akkasaatti fayyadamuun aadaa hawaasa keessa tureen wal bira qabee kan ibse ta'uu nu hubachiisa.

Tokko aguuggatee kaanis gonnoffatee

Taa'ee wacabbara gatiittiin wal rigee

Sooressaa fi hiyyeessaan gulantaa calalee

Akka ija boqqolloo hunduu toora galee --- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti mala dubbii akkasaatti gargaaramuun waantota lama walbira qabanii ilaaluun mul'ateera. Kunis,*daawwattoota istaadiyeemii keessatti gulantaa istaadiyeemiirra tarree galanii taa'an sana, ija boqqolloo muka isaa irra tarree galanii taa'an* wajjin waldorgomsiifamee ibsame. Kanaafuu kutaa kana keessa malli dubbii akkasaan jiraachuu isaa salphaatti hubachuun ni danda'ama.

Akka muurxuxxeedhaa asii ol utaalee

Akka hallaattii risaa akkuma culuullee

Kubbaa qomaan butaa qomaan qabaneessee

Jilba isaa isa bitaarra asii gadi buusee----- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti jecha akka jedhutti dhimma bahuun waantonni walbira qabamanii dorgomsiifaman dhiyaataniiru. Waldorgommiin kunis gaaleewwan *akka murxuxxeedhaa, akka hallaattii risaa, akka culuulleedhaa* jedhaniin dhiyaate. Kunis ciminaafi dandeettii taphataa kubbaa miillaa baay'ee ol utaalee qilleensa irratti kubbaa qolatu tokkoo ibsuuf waloon murxuxxee, risaafi culuullee wajjin walbira qabee dhiyeesse. Kun immoo hawwattummaa walaloo isaa cimsuu irra darbee dandeettii

taphataa kanaa salphaatti akka namni hubatu taasisa. Kanaafuu hidha walaloo kanaa keessatti waloon mala dubbii keessaa akkasaa gargaaramuu isaa salphaatti hubachuun ni danda’ama.

Akka kanaan sabni yaa’ee
Odaa jala guutee taa’ee
Jaarsi dubbii kana madaalu
Beekaa guddaa akka qaalluu--- (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti jecha *akka* jedhutti gargaaramuun waantota lama walbira qabanii isa tokko isa biraatiin ilaaluun hojiirra ooleera. Kanneen walbira qabaman kunneenis, jaarmiyaa amantii Oromoo kan ta’e *qaalluu* fi *jaarsolii biyyaa* waldhibdee moototа lamaan gidduutti uumame furuuf filatamanidha.Haaluma kanaan waloon jaarsolii mootota lamaan gidduutti haqa murteessuuf filataman kana jaarmiyaa amantii beekamaa kan ta’e qaalluu wajjin walbira qabuun *beekaa guddaa akka qalluu* jechuun ibse. Kunis beekumsaan, guddinaan yookiin kabaja jaarsoliin qaban beekumsa, guddinaafi kabaja qaalluun qabuun walcinaa qabee keessootti waldorgomsiisee dhiyeesse. Yaadni kanaa olii kunis waloon hidha walaloo kana keessatti malleen dubbii keessaa akkasaatti dhimma ba’uu isaa agarsiisa.

#### 4.2.5.3Nameessuu

Nameessuun gosa mala dubbii gochaa fi amala dhala namaa lubbuu dhabeeyyiifi lubbuu qabeeyyii biroof kennuun amalaafi dandeettii dhala namaa gonfachiisuun namoomsee dhiyeessudha. Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti fakkeenyonni mala dubbii nameessuu argisiisan haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Dachee nagaan ooltee yaa ishee niitii waaqaa
Calla magarsita namaaf dabarsita
Yoo sirra awwaalanii nan ajaa’e hin jettu
Sirra yoo qotani nan madaa’e hin jettu
Gara bal’eettii koo ati nagaan ooltee, ati nagaan bultee? (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti jechoonnifi ciroowwan gochaafi amala dhala namaa calaqqisiisan mul'ataniiru. Isaanis: *niitii, nan ajaa'e hin jettu, nan madaa'e hin jettu, gara bal'eettii koo* kanneen jedhanidha. Kunis jecha niitii ykn haadha manaa jedhutti kan fayyadamu dhala namaa qofa waan ta'eef amala namummaa calaqqisiisa. Haata'u malee walaloo kana keessatti dacheedhaaf kennamee jira. Haluma walfakkaatuun yaadonni *nan ajaa'e hin jettu; nan madaa'e hinjettu* jedhanis amala dhala namaa agarsiisu. Sababni isaa afaan dubbiitti fayyadamee dubbachuu kan danda'u dhala namaa qofa. Walaloo kana keessatti garuu amalli kun akka waan dacheen dubbachuu dandeessuutti dacheef kenname. Itti fufuunis, *gara bal'eettii koo* yaadni jedhus waa obsaan danda'uu agarsiisa. Amala obsuu kana immoo ilma namaatu qaba. Walaloo kana keessatti garuu dacheef kennamee jira. Yaadni armaan olii kunis barreessaan walaloo isaa hawwataa taasisuuf amalaafi dandeettii dhala namaa lubbuu maleeyyii keessaa dachee gonfachiisuun namoomsee kan fayyadame ta'uu agarsiisa.

Goboccoroon sirbee waraabessi himimsee

Bineensa daggalaaf cidhaa fi sirba ta'ee
Wal ari'ee gaansee --- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan waraabamedha. Waraabbii kana keessatti waloon hawwatamummaa walaloo isaa tumsaa ergaa isaa dabarfachuuf, jechoota gochaafi amala dhala namaa calaqqisiisan bineensota addaddaa gonfachiisuun dhiyeesse. Haaluma kanaan jecha *sirbee j*edhu yoo ilaalle amala dhala namaa calaqqisiisa. Sababni isaa sirbaan walfaarfachuun, gammachuu ofii ibsachuun, aadaa ofii beeksifachuun amala dhala namaati. Haata'u malee walaloo kana keessatti bineensa *Goboccorroo* jedhamuuf kenname. Jechoota *cidhaa* fi *sirba* jedhan yoo ilaalles, cidha qopheeffatee, sirbaan dabaalee sirna gaa'ela isaa raawwachuu kan dandaa'u dhala namaa qofa. Haata'u malee, walaloo kana keessatti *bineensa daggalaaf* kennamee jira. Yaadni kunis waraabbii kana keessatti waloon gochaafi amala dhala namaa bineensota gonfachiisuun mala dubbii keessaa nameessuutti dhimma ba'uu isaa agarsiisa.

Hurriin hurrii gaansee bakakkaa akka dhalchu
Sibiilli waamee, bakakaa takaalee dhidhima akka galchu
Qilleensi gaadi'ee allaattii akka elmu
Rirmi qonnaa boroo qotee akka aramu--- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kana keessatti jechoonni amala namaa calaqqisiisan lubbuu maleeyyiifi lubbuu qabeeyyii biroof kennamanii argina. Jechoonni kunneenis: *dhalchu, waamuu, takaaluu, dhidhima galchuu, gaadi'uu, elmuu, qotuu aramuu* kanneen jedhanidha. Haaluma kanaan jechi dhalchuu jedhu amala namaa kan ibsu ta'us hurriif kenname. Jechoonni *waamee, takaalee, dhidhima galchuu* jedhanis hojii ilma namaa kan ibsan yemmuu ta'u, walaloo kana keessatti lubbuu dhabeeyyii kan ta'e sibiilaaf kennamee jira. Bifuma walfakkaatuun jechoonni *gaadi'uu, elmuu*, jedhanis hojii dhalli namaa sa'a keessaa aannan baafachuuf hojjetu kan agarsiisu ta'us, walaloo kana keessatti lubbuu dhabeeyyii biroo kan ta'e qilleensaaf kennamee jira. Ittifufuunis, jechoota *qotuu, aramuu* jedhanis yoo ilaalle, qotuufi aramuun hojii qonnaan bulaan oomisha argachuuf hojjetu kan agarsiisudha. Haata'u malee waraabbii kana keessatti waloon lubbuu qabeeyyii biroo kan ta'e rirma gonfachiisee barreesse. Kanaafuu, hidha walaloo kanaa keessatti barreessaaan walaloo isaa miidhagsuuf jecha lubbuu dhabeeyyiifi lubbuu qabeeyyii biroo amalaafi gocha dhala namaa gonfachiisuun malleen dubbii keessaa nameessuutti gargaaramee barreessuu isaa agars

Bututaan du'aan koo yeroon dhaqee ga'u lafa gad ciisani
Waaddii nyaataa itillee kalaadaa geergoowwanii
Dhiiticha tafkiidhaa qarrifaa injiraanii --- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Buufata walaloo kana keessatti jechoonni gochaafi amala namaa calaqqisiisan mul'ataniiru. Isaanis kanneen akka *waaddii nyaataa, kalaadaa, dhiiticha, qarriffaa* kanneen jedhanidha. Kunis waaddii nyaataa kan fayyadamu dhala namaa ta`us, walaloo kana keessatti garuu itilleedhaaf kennamee jira. Jechoonni akka *kalaadaa, qarriiffaa* jedhanis kutaa qaama namaa waa alalfachuuf oolanidha. Kanaafuu kalaadaafi qarriffaatti gargaaramuun amala namaa ta`us, walaloo kana keessatti garuu geergoowwaniifi injiraaniif kennamanii jiru. Haaluma

wal fakkaatuun, waa dhiituu danda`uunis amala ilma namaa keessaa tokko. Walaloo kana keessatti garuu amalli kun tafkiidhaaf kennamee jira. Kanaafuu waraabbii kana keessatti waloon amalaafi gocha dhala namaa lubbuu maleeyyiifi lubbuu qabeeyyii biroof kennuun malleen dubbii keessaa nameessuutti dhimma baheera jechuudha.

Na do'adhaa jedha,
Mudhiin istaadiyeemii garri miilla jalaa
Qalbii namaa hawwata,
Habaaboon elektiriikii fi daraaraan sibiilaa. (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessatti malleen dubbii keessaa nameessuun hojiirra oolee argina. Kunis miidhaginni dirree sanaa faayaan akka elektiriikii fi waan hedduun marfamee jiru sun akka dhala namaatti afaan godhatee na do'adhaa jechuun akka waan dubbataa jiruutti amala nama gonfatee dhiyaate. Kanaaf waraabbii kana keessatti waloon hawwatamummaa walaloo isaa tumsuuf faaya istaadiyeemii keessatti argamu amala dhala namaa gonfachiisee kan dhiyeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

### 4.2.5.4Eemitii

Malli dubbii eemitii gosa malleen dubbii keessaa tokko ta'ee, yaadawwan waliif faallaa ta'anitti fayyadamnee yaada keenya ibsachuuf yoo barbaanne mala nu gargaarudha. Walaloowwan qorannoo kanaaf filataman keessatti malleen dubbii eemitiif fakkeenya ta'an haala kanatti aanuun qaacceffamaniiru.

Iyyaa fi ilillee cookaa fi wacabbara babbaqaqa laagaa
Huursaa fi gumgummii sagalee fokkisaa sagalee miidhagaa
Olla as dhiyoo miti dhaga'uun isaa hin oolu sabni biyya moggaa
Hoomaa namaatu yaa'e kan fuulli addaddaa,-- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessa jechoonni waliif faallaa ta'an galanii jiru. Isaanis*: iyyaa fi ilillee, huursuu fi gungumuu, miidhagaa fi fokkisaa, as dhiyoo fi moggaa, cookaa fi*

*wacabbara* kanneen jedhanidha. Jechonni kunis, sagaleewwan daawwattoonni kubbaa miillaa istaadiyeemii keessatti gartuu isaanii leellisuuf jecha dhageessisan ibsuuf galan. Fakkeenyaaf kanneen gareen isaanii galii galche yemmuu ililchan, kanneen galiin itti gale immoo gaddanii iyyu jechuudha. Jechoonni huursuu, gungumuu, cooka, wacabbara, sagalee miidhagaa, sagalee fokkisaa jedhanis deeggartoonni hedduun ol-aantummaa garee isaanii mirkaneessuuf jecha sagalee waliif faallaa hedduu kan dhageessisan ta'uu isaanii ibsuuf galan. Yaada armaan olii kana irraa waraabbii kana keessatti waloon mala dubbii eemitiitti kan dhimma ba'e ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Dorgommii bifootaa morkii halluu hundaa
Adii wayyaa misirroo gurraacha wayyaa gaddaa
Kittaa shushumburii fiddoo gugurraacha
Qomee akka cocorree waan akka billaachaa (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa bo'oo lammaffaa keessatti jechoonni waliif faallaa ta'an barreeffamanii jiru. Isaanis: *wayyaa misirroo fi wayyaa gaddaa, adii fi gurraacha* kanneen jedhanidha. Jechoonni kunneenis deeggartoonni akkaataa gartuu isaanii ibsuun uffata halluu addaddaa uffatanii istaadiyeemii keessatti argamuu isaanii kan ibsudha. Kanaafuu iddoo kanatti waloon hawwatamummaa walaloo isaa tumsuuf jechoota waliif faallaa ta'an fayyadameera jechuudha.

Bifa cululuqaa akka killoo beeraa
Bifa shaakattaa'aa akka ammaartuu daaraa
Sooressaa fi hiyyeessaan gulantaa calalee
Akka ija boqqolloo hunduu tarree galee,--- (Uggum Kuubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti jechoonni fi gaaleewwan yaada faallaa waliif qaban galanii jiru. Isaanis: *bifa cululuqaa fi bifa shaakattaa'aa, sooressaa fi hiyyeessa* kanneen jedhanidha. Yaadni kunis, namoonni istaadiyeemii tapha kubbaa daawwannaaf seenan hiyyeessa, sooressa, huqqataa, gabbataa,--- osoo hin jedhiin gartuu hawaasaa hunda

keessaa kan walitti qabaman ta'uu ibsuuf kan waloon fayyadamedha. Kunis hidha walaloo kana keessatti waloon hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf mala dubbii eemitii kan fayyadame ta'uu agarsiisa.

Otoon oole ta'ee yoomin arga ture dubbii akka hoodaa
Aadaa warra gammoojjii aadaa warra baddaa
Aadaa saba kaabaa aadaa saba kibbaa aadaa saba hundaa
Ilaalcha garraamii mala warra budaa,--- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walalooo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa keessatti waloon miidhagina walaloo isaa cimsuuf mala dubbii keessaa eemitiitti dhimma ba'ee argina. Jechoonni eemitii agarsiisan kunneenis: *gammoojjii fi baddaa, kaabaa fi kibba, qe'ee fi ganda, garraamii fi budaa* kanneen jedhanidha. Sababni fayyadamuu jechoota kunneenis namichi kubbaa miillaa yeroo jalqabaaf daawwachuuf hiriyyaa isaan oofamee istaadiyeemii dhaqe kun aadaa, amantaa fi ilaalcha saboota addaddaa achitti arge irraa waan guddaa hubachuu isaa ibsuuf jedheeti. Yaadni kunis waloon waraabbii kana keessatti yaadota waliif faallaa gargaaramuun hawwatamummaa walaloo isaa cimsuun olittis dhaamsa dabarsuu barbaade dabarsuusaa agarsiisa.

Waaqa nurraa hir'isee isaaniin badhaase

Isaan garaa guutee nuunimmoo kakaase
Kunoo bara sana dacheenis gaafanna; waaqas kokkomanna
Dachee yaa dinqituu,
Yoo sooressa nyaatte isa shittoo qabu
Hiyyeessa hin jibbituu isa cittoo qabu (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun barreeffama walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waaraabbii kana keessattis jechoonni fi gaaleewwan yaada waliif faallaa ta'an calaqqisiisan mul'ataniiru. Yaadonni kunneenis *hir'isuu*fi *badhaasuu,garaa guutuu* fi *kakaasuu, sooressaa* fi *hiyyeessa, isa shittoo qabuu* fi *isa cittoo qabu* kenneen jedhanidha. Sababni guddaan waloon iddoo kanatti jechoota kana fayyadameefis, taateewwan waliif faallaa ta'an ibsuuf jedheetti. Taateewwan kunneenis gamtokkoon bara bokkaan badee,

ongeen cimee, oomishni dhabamee, horii dhumee, beelli hammaate keessa dhala namaa hiyyummaa, cittaa'uu, kaka'uun yemmuu mudatu gama biraatiin immoo, bineensotaa bosonaaf immoo horii caamsaan dhume waan nyaataniif faallaa isaatiin bara quufuu ta'uu isaa ibsuu barbaadeeti. Kunis waloon walaloo kana keessatti hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf mala dubbii keessaa eemitiitti kan dhimma ba'e ta'uu argisiisa.

### 4.2.5.5 Habalaka

Habalakni gosa mala dubbii dhaamsa tokko faallaa jedhame sanaan dabarsuuf gargaarudha. Jecha biraatiin qaama tokko ykn nama tokko waan jajan fakkaatanii karaa ittiin tuqanidha. Walaloowwan filataman keessatti fakkeenyonni mala dubbii kana ilaalchisee mul'atan akkaataa armaan gadiin qaacceffamanii jiru.

*1*　　Atis gichillaan koo
Arangamaan ilmaa
Barumsa awurooppaa
Beekumsa baargamaa---　(Koo Malli Maali?)

Hidhi walaloo armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan waraabamedha. Waraabbii kana keessattis yaadonni mala dubbii habalakaa calaqqisiisan argamaniiru. Isaanis gaaleewwan *atis gichillaan koo* fi *arangamaa ilmaa* jedhanidha. Kunis gaalee *atis gichillaan koo* jedhu yoo ilaalle, nama jabaa, cimaa ta'e tokkoon hojii isaa isa gaariif jajuuf kan jedhamudha. Haata'u malee abbaan Caalii rakkoo siyaas dinagdee isaan irra ga'e hundaaf ilmi isaanii Caaliin furmaata akka kennuuf abdatanis waan irraa dhabaniif ilmi isaanii laafaa, dadhabaa ta'uu isaa ibsuuf karaa habalaka ta'een *atis gichillaan koo* jechuun tuqan.

Haaluma walfakkaatuun *arangamaa ilmaa* jechuunis Caalii ibsaniiru. Arangamaan biqiloota keessaa gaachana ittiin roorroo ofirraa ittisu qoraattii hokkoo ofirraa qaba. Kana waan ta'eefis nama itti bu'e qabee ofitti harkisa malee laayyootti gadi hindhiisu. Mirga isaa salphaatti waan kabachiisuuf eenyuyyuu itti hin roorrisu. Abbaan Caaliis ilmi isaanii akka gaachanaatti abdatan roorroo waan irraa deebisuu dadhabeef, sodaataa roorroo abbaa isaarraa hin deebisne ta'uu isaa mala dubbii kanaan harangamaatti fakkeessuun kan jajan

fakkaatanii tuqaniiru. Yaadni armaan olii kunis hidha walaloo kana keessatti malli dubbii habalakaa hojiirra kan oole ta'uu agarsiisa.

Ishoo gurbaa baga moote, baga moote
Baga balas si qanaate
Tarii horri keeti akka jaarsi sii muretti
Kunoo fudhu ulee ceekaa
Ulee saawwaa ulee tikaa --- (Jedhe Diggaa Saaqoo}

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti barreessaan ciroowwaniifi gaaleewwan faallaa dhaamsa dabarsuu barbaadamee ibsanitti gargaaramee argina. Isaanis: *ishoo gurbaa baga moote, baga balas si qanaate,*---kanneen jedhanidha. *Ishoo gurbaa baga moote* yaada jedhu yoo ilaalle, nama dhimma tokko irratti injifannoo argateef gammadanii waan ittiin jedhanidha. Haata'u malee, Diggaa Saaqoo mootii isa moo'e kanaaf gammadee osoo hin ta'iin loogii jaarsoliin hojjetan irraa kan ka'e moo'amuu isaatti gaddee habalakaan faallaa waan dubbate kanaan dhaamsa dabarfachuu barbaadeeti. Haaluma walfakkaatuun, *baga balas si qanaate* yaada jedhus yoo ilaalle, nama injifannoo argatee gammade tokkoon, hirmaattuu gammachuu isaa ta'uu ibsuuf kan jedhamudha. Haata'u malee Diggaan nama isa moo'ateef gammadee osoo hin ta'iin karaa loogii qabuun injifatamuu isaatti aaree habalakaan dhaamsa faallaa yaada isaa dabarfachuu barbaadee dubbate. Yaada armaan olii kana irraas waanti hubatamu, waraabbii kana keessatti waloon malleen dubbii keessaa habalakatti kan gargaarame ta'uu isaati.

Jiruun keessan baga ofkole
Garuu korma hin qabu itti hin qalu
Morma hin dhabu hora dhabee ba'ee hin galu. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti himni bo'oo tokkoffaa irra jiru malleen dubbii keessaa habalaka agarsiisa. Innis*, jiruun keessan baga ofkale* yaada jedhu yoo ilaalle, nama ykn garee hojii haqa qabeessaafi milkaa'ina qabu hojjete tokkoof hojii isaatti gammaduudhaan

kan eebbifamudha. Haata'u malee, Diggaa Saaqoo yaada kana kan dubbate murtee jaarsolii sanaatti gammadee eebbise osoo hinta'iin, loogiidhaan haqa dabsanii mootii Diggaa mormuuf hora murteessuu isaaniitti aaree, aarii gara miliqfachuudhaan habalakaan tuquu barbaadeeti. Yaadni kunis, waloon hidha walaloo kana keessatti malleen dubbii keessaa habalakatti gargaaramee walaloo isaa kan qindeesse ta'uu nu hubachiisa.

#### 4.2.5.6 Arbeessuu

Arbeessuun gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee waan tokko waan inni qabuu ol olkaasanii yookaan waan inni qabuutii gaditti kineessanii ibsuuf mala dubbii nu gargaarudha. Walaloowwan filataman keessatti fakkeenyonni mala dubbii arbeessuu argaman akka kanatti aanutti qaacceeffamaniiru.

Waaddii nyaataa itillee

Kalaadaa geergoowwanii
Dhiiticha tafkiidhaa
Qarriffaa Injiraanii
Kana hunda danda'ee
Qotee itti shooggoree---. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Buufata walaloo kana keessatti waa humnaa ol kaasanii arbeessuun ibsuun mul'atee jira. Kunis gaalee *waaddii nyaataa itillee* jedhu keessatti itilleen xuraa'ee yemmuu irra ciisan nama nyanyaachuu (hooksisuu) danda'a; haata'u malee immoo akka waan ibidda ofirraa qabaatee nama waaduutti humnaa ol olkaafamee ibsame. Gaalee *kalaadaa geergoowwanii* jedhu keessattis, ciisichi geergoo qabu yemmuu irra ciisan nama nyanyaachuu ni danda'a; garuu immoo ilkaan kalaadaatiin akka waan nama ciffatuutti olkaafamee ibsame. Gaalee *dhiiticha tafkiidhaa* jedhu keessattis, tafkiin u'utaaluun olitti akka waan dhiittee miidhaa namarraan ga'uu dandeessuutti ammaa ol arbeeffamee ibsame. Haaluma walfakkaatuun gaalee *qarriffaa injiraanii* jedhu keessattis yoo ilaalle, injiraan hanga barbaade nama nyaatuyyuu ilkaan qarriffaatiin foon namaa cuffachuu (kutachuu) hin danda'u. Kanaafuu

yaadota armaan olii kana irraa wanti hubatamu, iddoo kanatti waloon mala dubbii keessaa arbeessuutti gargaaramee walaloo isaa kan qindeesse ta’uu isaati.

Gabbataa fufurdaa tuullaa tulluu koontoo
Fayyaa buleessa akka warabboo caattoo.--- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessatti barreessaan miidhagina walaloo isaa cimsuuf akkasumas, gurguddina namoota kubbaa miillaa daawwatanii nu hubachiisuuf, mala dubbii arbeessuutti dhimma ba’ee *tulluu* fi bineensa guddaa *warabboocaatoo* jedhamuun walbira qabee ibsa. Kunis namni hanga barbaade yoo gabbateyyuu hamma tulluu ga’uu hin danda’u. Bifuma walfakkaatuun namni hanga barbaade yoo furdatellee hanga tulluu garuu ga’uu hin danda’u. Bineensa guddaa warabboo caatoo jedhamuunis yoo walbiraa qabamee ilaalame sanuma. Yaadni kun immoo waloon waraabbii kana keessatti malleen dubbii keessaa arbeessuutti gargaaramee daawwattoota kubbaa miillaa dhugaa isaan qabanii olitti gurra guddisee kan dhiyeesse ta’uu nu agarsiisa.

Dirree sanaa muddamee dayya’uuf adeemu
Sabumaa wajagee sabumaa gungumu
Abbaan seeraa tokkoo fi erbee raastuun lama
Garsoota lamaaniin teellaan hordofamaa--- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti waan tokko dhugaa jiruu olitti ol kaasanii ibsuun hojiirra ooleera. Yaadni kunis, daawwattoonni hanga barbaade istaadiyeemii yoo guutan iyyuu dirreen sun kan dur jiruu olitti dhisamee, muddamee dayya’uuf deemuu hin danda’u; haata’u malee, waloon istaadiyeemii keessatti humnaa ol baay’achuu daawwattootaa ibsuuf akka waan dirreen sun dhisamee dayya’uuf ka’eetti ibse. Kanaafuu waraabbii kana keessatti waloon baay’ina daawwattoota kubbaa miillaa, muddamee dayya’uuf ka’uu dirree sanaa waliin walbira qabee dhugaa jiruun olitti ol kaasee arbeessuun ibsuu isaa hubanna.

### 4.2.5.7 Mallattummaa (Symbolism)

Mallattummaan dubbii qolaa waan tokkoo waan biraa hawaasa keessatti beekamaa ta'een bakka buusnee ibsuuf nu gargaarudha. Walaloowwan filataman keessatti malli dubbii mallattoo argaman haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Istaadiyeemii geenyee dabaree qabannee
Akka mana cidhaa gumaata laadhannee
Yemmuutti ol seennu safuu waaqa guddaa
Akka gaafa aarsaa galma abbaa muudaa
Gaafa guutuu qaalluu gaafa irreecha siidaa.--- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessatti barreessaan hawwatamummaa fi hubatamummaa walaloo isaa cimsuuf malleen dubbii keessaa mallattummaatti dhimma ba'eera. Haaluma kanaan hidha walaloo kanaa keessatti daawwannaaf istaadiyeemii seenuun dura kaffaltiin seensaaf gaafatamu sun mul'istuu/ mallattoo gumaata guyyaa cidhaa gammachuu walii hirmaachuuf hawaasicha keessatti raawwatamuuti. Karaa biraa immoo baay'inni namoota istaadiyeemii keessa jiraniis mallattoo uummata gaafa ayyaana waggaa guutuu qaalluu irreecha siidaa irratti walga'uu ta'ee dhiyaate. Yaadni armaan olii kunis hidha walaloo kana keessatti waloon dhaamsa dabarsuu barbaade waan hawaasa keessatti beekamaa ta'een bakka buusee mallattummaadhaan kan ibse ta'uu isaa agarsiisa.

Kaan kana deeggara kaan sanaaf lallaba
Mallattoo gartuu isaa faacha dirree kubbaa
Fuula halluun booxxatee erbee baatee sirba. (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa bo'oo lammaffaa keessatti *faacha* kan jedhu mallattummaa agarsiisa. Kunis jechi faacha jedhu mallattoo bara durii ajjeesaan bineensa gurguddaa akka leencaa, gafarsaafaa ajjeese fudhatee galudha. Innis eegee yookaan gaanfa bineensa ajjeese sanaati. Dirree kubbaa keessatti garuu faachi alaabaa daawwattoonni qabatanii gartuu isaanii faarsan

ta'ee dhiyaate. Kanaafuu, waloon hidha walaloo kanaa keessatti alaabaa deeggartoonni ittiin sirban kana, waan hawaasa keessatti beekamaa ta'e faacha ajjeesaan ittiin sirbuun bakka buusee mallattummaadhaan dhiyeesseera jechuudha. Kun immoo waloon walaloo isaa hawwata taasisuun alatti ergaa isaa karaa salphaa ta'een akka dubbistoonni hubatan gochuuf ga'ee qabaachuu agarsiisa.

Xiyyoo dirree sanaa poolisiin moxobee
Baandiin faarsuu biyyaa faarsuu isaa jalqabee
Xurunbaa afuufaa dibbee dhahee reebee
Mootiin abbaan barcubaas taphattuun walbaree
Xabattuu harka qabee namnis ni hubate. (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Bo'oo tokkoffaa hidha walaloo kanaa keessatti jechi *moxobee* jedhu mallattummaa agarsiisa. Kunis hojii qonnaa keessatti qonnaan bulaan oyiruu isaa yemmuu qotu dursee handaara oyiruu isaa moxobuun hawaasa keessatti beekamaadha. Walaloo kana keessatti immoo moxobuun hiriira poolisiin xiyyoo/ handaara dirree kubbaa miillaa marsuun yemmuu mootiin biyya sanaa tapha eegalchiisuuf dirree galan eegumsa taasisuuf godhaniin bakka bu'ee dhiyaate. Kanaafuu waloon hidha walaloo kana keessatti, hawwatamummaa walaloo isaa dabaluuf mala dubbii mallattummaatti gargaaramuun moxobii hojii qonnaa keessatti beekamaa ta'e hiriira poolisiin nageenya eeguuf taasisuun bakka buusee dhiyeessuu isaa hubachuun ni danda'ama.

Hunduu ni lallabe akka waan maraatee
Higigiidhaan ka'ee fuulduratti qajeelee
Taphaticha sana hammatee dhungachuuf waa danuu kajeelee
Akka okolee jaartii istaadiyeemii qoraasee dirree sana ule. (Uggum Kubbaa Miillaa)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo armaan olii keessatti yaadni *okolee qoraasanii uluu* jedhu mala dubbii keessaa mallattummaa agarsiisa. Kunis, okoleen mi'a aadaa Oromoo hawaasa keessatti beekamaa ta'e keessaa kan aannan ittiin elmamudha. Okoleen kunis akka foolii

hawwataa qabaatuuf jecha haadholiin qoraasumaan ho'isanii aara keessa naannessuudhaan uluun beekamaadha. Hidha walaloo kanaa keessatti immoo okolee qoraasanii uluun, gocha deeggartoonni kubbaa miillaa yemmuu gartuun isaanii goolii galchu gammachuu isaanitti dhaga'ame ibsachuuf jecha iyyuun, cookuun, walhammachuun istaadiyeemii ho'isan sanaan bakka buufamee dhiyaate. Yaadni armaan olii kunis, waloon ergaa isaa karaa salphaa ta'een dubbistoota hubachiisuuf mala dubbii keessaa mallattummaa gargaaramuun istaadiyeemii okolee jaartiitiin, qoraasanii uluu immoo gochaa deeggartoonni gammachuu isaanii ibsachuuf taasisaniin bakka buusee kan dhiyeesse ta'uu agarsiisa.

Isaanoo natti dabu anoo arraba hin qabu
Sitoo naaf dubbata diinas narraa aggata
Diinnoo natti maltii qabeenya na saamti
Namummaa koo awwaalti; seenaa abbaa koo faalti
Sitoo qaalluu ammaati
Maal naa malta Caalii kan koo malli maali?  (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Moo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessaa hima *sitoo qaalluu ammaati* jedhu keessatti jechi *qaalluu* jedhu mallattummaa agarsiisa. Oromoon jaarmiyaa qabu keessaa qalluun jaarmiyaa amantii kan waaqaafi hawaasa gidduu dhaabbatee hawaasa sanaaf bakka bu'ee falmu jedhameeti fudhatama. Walaloo kana keessattis, abbaan Caalii dhiibbaa addaddaa irra ga'aa jiru akkuma qaalluun uummata bakka bu'ee falmu naaf falma jedhee ilma isaa Caalii yemmuu mariisisu argina. Kanaafuu hidha walaloo kana keessatti ilma isaa Caaliidhaan waan hawaasa keessatti beekamaa ta'e qaalluu bakka buusee dhiyeesseera. Kana waan ta'eefis, waraabbii kana keessatti malli dubbii mallattoo faayidaarra ooleera jechuudha.

Baala midhaan goota
Kuullee sa'a goota
Muummes laga goota
Yuuyyees nama goota ---.   (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame. Gaaleewwaan hidha walaloo kana keessatti argaman arfanuu yoo ilaalle gochaa waaqaa kan calaqqisiisu. Sababni isaas baala midhaan gochuu kan danda'u, yuuyyees nama kan godhu, muummees immoo laga gochuudhaaf humna qaba jedhamee xiinsammuu hawaasaa keessatti kan amanamu waaqadha. Kanaafuu waloon jecha Waaqa (Rabbi) jedhu ibsuuf gaaleewwan hidha walaloo armaan oliitti dhimma baheera. Kun immoo barreessaan mala dubbii mallattoo fayyadamuun gaaleewwan kanneen waan xiin sammuu hawaasaa keessatti beekamaa ta`e waaqa (Rabbi) kan bakka buusee ibse ta`uu agarsiisa.

Ganna gindii baadhee
Handaqii haguuggadhee
Daa'imatti wesseen
Natti ciniin duuddee---. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessattis waloon mala dubbii mallattootti fayyadamee argina. Sababni isaas gaaleen *ganna gindii baadhee* jedhu hojii qonnaan bulaan hojjetu calaqqisiisa. Kanaafuu gindii baatee kan deemu qonnaan bulaadha jechuudha. Yaadni kunis waloon mala dubbii mallattoo gargaaramuun gindii baachuu qonnaan bulaadhaan bakka buusee kan qindeesse tahuu agarsiisa.

### 4.2.6 Qaaccessa Suuressuu (Imagery)

Suuressuun suurraa fayyadama afaanii kan barreessaan hojii kalaqaa tokko sammuu dubbistoota isaa keessatti miira addaddaa kanneen akka miira arguu, dhaga'uu, fuunfachuu, qaqqabannaa, sochii, dhamdhammii, keessoo qaamaa fa'aa uumuuf itti fayyadama afaanii gargaaramudha. Kutaa kana jalatti akaakuuwwan suuressuu walaloowwan Zalaalam Abarraa qorannoo kanaaf filataman keessatti argaman haala dhiyaannaa akkaataa bu'uura godhachuun fakkeenya waliin haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

### 4.2.6.1 Qaaccessa Suuressuu Argee

Suuressuun argee yeroo baay'ee walaloo keessatti kan mul'atuu fi arguu yookiin ilaaluutiin kan walqabatudha. Suuressuun argee walaloowwan filataman keessatti argamanis bifa armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Kun otoo na dinquu gara gamaatti iji na qaaritee

Gulantaa qofaatti qoodamee faayame,

Bareedee, qixaaye iji koo argitee,--- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti barreessaan walaloo isaa akkaataa dubbisaatti miirri arguu dhaga'amutti qindeessee argina. Kunis, daawwataan yeroo jalqabaaf istaadiyeemii seene kun waan istaadiyeemii keessa jiru osoo ilaaluu gulantaa mootiidhaaf qofaatti qoodamee, faayamee, miidhagee, qixaaye argee yemmuu dinqifatu argina. Kun immoo dubbisaan iddoo kana yemmuu dubbisu gulantaa mootiidhaaf qophaa'e kana akka waan ijaan arguutti miira arguu keessa taa'ee akka dubbisu isa taasisa. Yaadni armaan olii kunis, hidha walaloo kana keessatti barreessaan hawwatamummaa walaloo isaa tumsuuf gosoota suuressuu keessaa suuressuu argeetti dhimma ba'uu agarsiisa.

Kubbaan ni dhiitamte asiiachi kaatte

Achi as dhiitamtee asii achi konkolaatte

Kaan ni jifate kaan miillaan agate

Kaan jilbaan rukute kaan qomaan qolate

Iji daawwattootaa olii gadi facaate

Asii achii asii ol asii gadi duukaa sakattaate. (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti itti fayyadamni suuressuu argee hojiirra ooleera. Kanas waloon iji daawwattootaa sochii kubbaa fi sochii taphattootaa duukaa olii fi gadi akka fiigdu godhee barreesse. Dubbisaan walaloo kana dubbisus sochiin daawwattootaa, sochiin kubbaafi sochiin taphattootaa maal akka fakkaatu akka waan ijaan argaa jiruutti

sammuu isaa keessatti suurraa isaa ilaalaa dubbisa jechuudha. Yaadni kunis waloon walaloo isaa hawwataa taasisuuf akaakuuwwan suuressuu keessaa suuressuu argee gargaaramee kan barreesse ta'uu agarsiisa.

Walakkaan garanaan walakkaan garasiin istaadiyeemii taa'ee
Quphqnee ija miixa jalqabbii xabinsaa arguu gojoma'ee
Afaan hin callisu maal hin jalqabamuu jedhee wal gaafata. (Uggum Kubbaa Miillaa))

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessattis yaadonni surraa arguu dubbisaa keessatti uuman mul'ataniiru. Kunis taateewwan istaadiyeemii keessatti deeggartoonni taphni dafee jalqabamee arguu barbaadanii asiifi achi ilaalaa ija miixan, maali dafee hineegaluu jedhanii garanaafi garasiin walgaafachuun isaanii, dubbisaa walaloo kana dubbisutti surraan arguu akka itti dhaga'amu godha. Kanaafuu dubbisaan akka waan taateewwan kana ija fooniin argaa jiruutti surraa achi keessa jiru ilaalaa dubbisa jechuudha. Yaadni kunis, hidha walaloo kana keessatti waloon hawwatamummaa walaloo isaa dabaluuf jecha gosoota suuressuu keessaa argeetti dhimma ba'uu nu hubachiisa.

Achii oollee bullee hojiikee ilaallee
Maalummaa kee hubannee
Muu, doomi! Kinaa'i siin jenne
Take tarakkee kee
Nuyi dhuguma hin agarre. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali*? jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloo kana keessatti jechoonni suuressuu argee agarsiisan hojiirra oolaniiru. Isaan keessaas gaalee *hojiikee ilaallee* jedhu yoo fudhanne, dubbisaan wayita kana dubbisu akka waan hojii Caaliin hojjetu maal akka fakkaatu ijaan ilaalaa jiruutti miirri arguu ittidhaga'ama. Haaluma wal fakkaatuun ciroo *nuyi dhuguma hin agarre* jedhu yoo ilaalles Caaliin rakkoo keessa galuyyuu, rakkoo keessa galuu isaa abbaan Caalii turee akka arge waan ibsuuf, dubbisaanis wayita kana dubbisu akka waan rakkoo Caaliin keessa seene ijaan ilaalaa jiruutti miirri arguu ittidhaga'ama jechuudha. Yaadni armaan olii kunis walaloo kana

keessatti waloon suuressuu keessaa suuressuu argeetti dhimma ba'uun walaloo isaa kan qindeesse ta'uu argisiisa.

Akka kanaan sabni yaa'ee
Odaa jala guutee taa'ee (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti waloon itti fayyadama afaanii keessaa suuressuu argeetti dhimma ba'ee jira. Kunis dubbisaan fakkeenya armaan olii yemmuu dubbisu, sabni kallattii garaagaraatii yaa'ee dhufee odaa jala yemmuu taa'u, akka waan ija fooniitiin argaa jiruutti argaa yaadaatiin suurraa isaa ilaalaa dubbisa. Kun immoo akka dubbisaan si'aayinaafi kaka'umsaan dubbisu hawwachuu irra darbee ergaa isaas salphaatti akka hubatu taasisa. Yaadni kunis waraabbii kana keessatti waloon hawwatamummaa walaloo isaa tumsuuf gosoota suuressuu keessaa suuressuu argeetti kan dhimma ba'e ta'uu isaa agarsiisa.

Jedhee roorroo baay'ee haasa'ee
Goraadee isaa man'ee kaa'e
Butee baasee of gorra'e. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kutamee kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti gochaa mootichi Diggaa Saaqoo sababii murtee faallaan itti murtaa'eef jecha xiiqiidhaan tarkaanfii ofirratti fudhate, barreessaan bifa sammuu keessatti surraan isaa mul'achuu danda'uun qindeessee argina. Kanaaf dubbisaan iddoo kana yemmuu dubbisu akkaataa itti Diggaa Saaqoo roorroo isaa itti himate, goraadee isaa itti luqqisee fi akkaataa itti of gorra'e surraa isaa argaa yaadaatiin ilaalaa dubbisa jechuudha. Kun immoo waloon hidha walaloo kana keessatti gosoota suuressuu keessaa suuressuu argeetti gargaaramee walaloo isaa kan qindeesse ta'uu nu hubachiisa.

### 4.2.6.2 Qaaccessa Suuressuu Dhageettii

Suuressuun dhageettii dhaga'amuu sagalee waliin kan walqabatu yemmuu ta'u kunis kan dubbisaan kaayyoodhaan dhaggeeffatu osoo hin ta'iin yemmuu dubbisu miirrii dhageettii akka itti dhaga'amutti kan qindeeffamudha. Walaloowwan filataman keessatti waraabbiiwwan suuressuu dhageettiin walqabatan akka kanatti aanutti qaacceeffamaniiru.

Fuula waaq dhaabattee lafaa awwaara hartee
Ol jettee kakatte akka nuuf dhaabatte
Hunda keenyatti himte afaan damma gootee
Achiis waa'ee addaddaa kaastee nutti himtee
Salgan nama keenyaa danuu dinqisiiste. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kana keessattis waloon yemmuu Caaliin fuula waaqaafi uummata isaa dura dhaabbatee saba isaaf yemmuu kakatu miirri dhageettii akka dubbisaatti dhaga'amu godhee barreesse. Kanaafuu dubbisaan walaloo kana yemmuu dubbisu jechoota Caaliin dubbatee saba isaaf kakate akka waan gurraan dhaga'uutti miirri dhageettii itti dhaga'ama. Kanaafuu yaada kana irraa, barreessaan iddoo kanatti jechoota suurraa dhageettii dubbisaa keessatti uuman gargaaramee kan barreesse ta'uu hubanna.

Akka waan kanaan dura hidda mormaa dhaabdee
Xiirqantee bookkistee fooggoltee gadooddee
Abadan Abadan kanaa hin firoomnu jettee babbarooddee ---.(Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maalli?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloo kana keessatti waloon jechoota Caaliin dubbate, karaa dubbisaa keessatti surraa dhageettii uumuu danda'uun miidhagsee barreessuu isaa argina. Jechoonni kunneenis, *xiirqantee, bookkistee, fooggoltee barooddee, jettee babbarooddee* kanneen jedhan yemmuu ta'u, dubbisaan yemmuu kana dubbisu qaamaan argamee kaayyoodhaan yoo dhaggeeffachuu baateyyuu, miirri dhageettii osoo ittidhaga'amuu dubbisa. Kun immoo hidha walaloo kana keessatti waloon hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf gosa suuressuu keessaa suuressuu dhageettii fayyadamuu agarsiisa.

Dhalli keenya dhala yuuyyee

Qe'een keenya qe'ee booyyee

Dhugaa murra dhugaa hin haallu

Dhugaa haallaan qe'ee keenya bofti haa dhaalu---  (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha.Gaaleewwan hidha walaloo armaan olii keessatti dhiyaatan hundi dhagahamu sagalee waliin kan walqabatanidha. Yaadni kunis manguddoonni rakkoo mootota lamaan gidduutti uumame ilaalanii murtee haqa qabeessa kennuuf jecha yemmuu kakatan sagaleewwan dhageessisanidha. Dubbisaanis yemmuu hidha walaloo kana dubbisu akka waan jecha manguddoonni jedhanii kakatan kana gurraan dhaga'uutti miira dhageettiitu itti dhaga'ama. Kun immoo waloon walaloo isaa hawwataa taasisuuf gosoota suuressuu keessaa suuressuu dhageettii fayyadamuu agarsiisa.

Abbaan dursee dhiiga buuse, waa itti qale

Hora kana haa dhuunfatu

Dubbiin kunis asuma irratti haa dhaabbatu---. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa keessattis jaarsoliin waldhabdee mootota lamaanii ilaalan sagalee isaanii ol kaasanii ibsa murtee isaanii yemmuu addeessan argina. Dubbisaanis hidha walaloo kana yemmuu dubbisu akka waan ibsa manguddoota kanaa kaayyoodhaan dhaggeeffachaa jiruutti miira dhageettii keessa ta'ee dubbisa jechuudha. Kun immoo hawwatamummaa walaloo dabaluuf gumaacha mataa isaa waan qabuuf kaka'umsaan akka dubbisu isa taasisa. Walumaagalatti yaada armaan olii kana irraa waloon hidha walaloo kana keessatti miidhagina walaloo isaa tumsuuf gosoota suuressuu keessaa suuressuu dhageettii kan gargaarame ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Horri kunoo duruu kooti

Madda dheebuu saawwan kootii

Diggaa Saaqoo maaf na diddaa?

Mee ega ijoolle korma sana as naa butaa, dafaa fidaa! (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa waraabame. Hidha walaloo kanaa keessatti barreessaan miidhagina walaloo isaa cimsuuf suuressuu dhageettii fayyadamee argina. Kunis mootiin Diggaadhaan mormu hora murtee jaarsoliitiin argachuu isaa yemmuu bare, moo'uu isaatti gammadee, Diggaadhaanis horri kun duruu kooti waan ta'eef anaan wal diduu hin qabdu jechuun yemmuu baannatu argina. Itti fufuunis akka murtee jaarsoliitti korma horatti qaluuf jecha korma sana as naa fidaa jedhee ijoollee isaa yemmuu ajaju argina. Dubbisaanis hidha walaloo kana yemmuu dubbisu kaayyoodhaan ta'uu baatus miirri dhageettii ittidhaga'amaa dubbisa. Yaadni kunis barreessaan karaa hawwataa ta'een ergaa isaa dabarfachuuf suuressuu dhageettii dhaga'amuu sagalee waliin walqabatu dhimma ba'ee barreessuu isaa agarsiisa.

### 4.2.6.3 Qaaccessa Suureessuu Fuunfannaa

Suuressuun fuunfannaa waan foolii ajaa'u yookiin urgaa'u miira fuunfannaan adda baasuu waliin wal qabata. Waloonis yemmuu walaloo isaa qindeessu akka dubbisaatti miirri waan urgaa'uu yookiin waan ajaa'uu itti dhaga'amu godhee kan qindeessudha. Walaloowwan filataman kana keessatti yaadonni foolii waliin walqabatee ibsaman haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Dachee yaa dinqituu

Yoo sooressa nyaatte isa shittoo qabu

Hiyyeessa hin jibbituu isa cittoo qabu? (Koo Malli Maali?)

Waraabbbiin armaan olii kun barreeffama walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti jechoonni suuressuu fuunfannaa agarsiisan mul'ataniiru. Isaanis *isa shittoo qabu* fi *isa cittoo qabu* kanneen jedhanidha. Yaadni kunis sooressi waan foolii urgaa'u qabu; hiyyeessi immoo waan foolii ajaa'u qabu bakka bu'uun

dhiyaatan. Kanaaf dubbisaanis yemmuu walaloo kana dubbisu, jecha *shittoo* fi *cittoo* jedhu yemmuu argu miira waan foolii gaarii qabu tokkoo fi foolii gadhee qabu tokkootu itti dhaga'ama. Yaada armaan olii kana irraas, waloon walaloo isaa yemmuu barreessu iddoo kanatti gosa suuressuu fuunfannaa fayyadamee kan qindeesse ta'uu agarsiisa.

### 4.2.6.4 Qaaccessa Suuressuu Sochii

Suuressuun sochii akkuma maqaan isaa ibsu sochii, cinqama dhala namaa, sochii miiraa, hidhannaa lafee fi wkf waliin walqabata. Walaloowwan Zalaalam Abarraa filataman keessatti suuressuuwwan sochii mul'atan haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Yoo hunni isaa jiraatee dugdi lafaa kaate
Takka mana seenee takkas manaa ba'ee
Takkas hamuummadhee takkas quqqufa'ee
Haati manaa fi maatiin wal argaa qaana'ee
Ollaan bitaa fi mirgaa namni huduu jeeja'ee ---. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun barreeffama walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessattis gaaleewwan suuressuu sochii agarsiisan argamaniiru. Isaanis: *lafaa ka'ee, mana seenee, manaa ba'ee, hamummadhee, quqqufa'ee* kanneen jedhanidha. Gaaleewwan kunneen miidhagina walalichaaf tumsuu irra darbee sochii fi cinqama bara beelaa sana hawaasni Oromoo argaa ture kan agarsiisudha. Dubbisaanis yemmuu dubbisu miira cinqamaa sanatu itti dhaga'ama jechuudha. Kanaafuu waloon suuressuu sochii hidha walaloo kana keessatti gargaarameera jechuudha.

Elemoo kee yadilaala Fidi eeboo kee nan ilaala
Gabaa guutee yaa qorqqoddaa lafaa fuutee na sossobda
Jedhee lafa dhiitee sirbee si eebbisee
Ragadee, geeraree, ka'ee si teessise. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessattis jechoonniifi gaaleewwan suuressuu sochii calaqqisiisan argamanii jiru isaanis: kanneen as *fidi, lafaa fuuchuu, lafa dhiituu, sirbuu, ragaduu,geeraruu,*

*ol ka'anii teessisuu* fa'i. jechoota kana hunda isaanii iyyuu yoo ilaalle gochaa raawwatame ibsu. Kan ijaaramanis simannaa Caaliif jalqaba uummata Oromootiin taasifame argisiisuufidha. Gochoonni kunneen hundi isaaniiyyuu sochiidhaan raawwatamani. Waa as fiduun, lafaa fuuchuun, ol ka'anii nama teessisuun sochii barbaada. Yemmuu sirbinee,ragadnee geerarrus sochii taasifamutu jira. Kanaafuu jechoonni kunneen simannaa kanaaf surraa sochii taasifame sana sammuu dubbisaa keessatti kaasuun hawwatamummaa walaloo kanaaf gumaachuun ergaa dabarsuuf barbaadame calaqqisiisaniiru. Yaadni kunis waloon hidha walaloo kana keessatti suuressuu sochii kan gargaarame ta'uu argisiisa.

#### 4.2.6.5 Qaaccessa Suuressuu Keessoo Qaamaa

Suuressuun keessoo qaamaa gosoota suuressuu keessaa tokko ta'ee miirota keessoo qaamaa irraa ka'an kanneen akka beela'uu, dheebochuu, dhukkubsachuufi wkf. waliin walqabatanidha. Walaloowwan filataman kanneen keessattis suuressuuwwan keessoo qaamaa mul'atan bifa armaan gadiin qaacceffamaniiru.

Kana hundaa danda'ee qotee itti shooggoree
Godoo itti ijaaree diilloo itti sararee
Beela'ee, dheebodhee, du'ee, ilkaan qaree
Ani qoteen bula lafa tattaraaree. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun barreeffama walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessattis jechoonni *beela'ee, dheebodhee, du'ee, ilkaan qaree* jedhan kunneen yoo ilaalle miirota keessoo qaamaa irraa ka'an kan agarsiisanidha. Waan ta'eefis dubbisaanis hidha walaloo kana yemmuu dubbisu keessoo isaatti miira beeluu, dheebuufi rakkina abbaan Caalii keessa darbantu itti dhaga'ama. Xiyyeeffannoo waloon jechoota kana fayyadameefiis abbaan Caalii maatii isaanii jiraachisuuf hojii qonnaa keessatti qotuu, aramuu, eeguu, dallaa itti ijaaruun hojii dadhabsiisaa kana osoo beela'anii, dheebotanii, keessi isaanii osoo hubamuu kan hojjetan ta'uu isaanii ibsuufidha. Kanaafuu bakka kanatti waloon walaloo isaa hawwataa taasisuuf jechoota dhageettii keessoo miira dhala namaa ibsanitti dhimma ba'eera jechuudha.

## 4.3 Qaaccessa Ergaawwan Walaloo

Kutaa kana keessatti walaloowwan filataman keessatti ergaawwan dhimma dinagdee, siyaasa, hawaasummaa, aadaafi amantii calaqqisiisan fakkeenya isaanii wajjin haala kanatti aanuun qaaccessamanii jiru.

### 4.3.1 Qaacessa Ergaawwan Dinagdeen Walqabatan

Kee ijoolleen aannan dhudhaati

Kan koo beelaan wal gajaati

Kee qomoon abbaa horaa

Koo qomoon abbaa garaa

Kee ijoolleen abbaa karraa

Koo ijoolleen abba daaraa ---. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kutamee fudhatame. Hidha walaloo kanaa yoo ilaalle qabeenya dinagdee namoota lamaatu kallattii addaddaan walbira qabamee dorgomsiifame. Yaada waldorgommii dinagdee kana keessatti ka'e tokko tokkoon yoo ilaalle, bo'oo tokkoffaa fi lammaffaa keessatti *aannan dhudhaati*fi *beelaan walgajaati* yaada jedhu argina. Kunis,ijoolleen maatii qonnaan bulaa saawwan qabuu aannan yemmuu dhudhaatu, kan isa saawwan hin qabnee immoo beelan walgajaati ergaa jedhu of keessaa qaba. Haaluma walfakkaatuun sararoota gara dhumaa lamaan keessatti gaaleewwan *abba karraa*fi *abbaa daaraa* jedhan yoo ilaalles, ijoolleen maatiin ishee horii qaban abbaa karraa, kan saawwan tokko iyyuu hin qabne immoo mana keessa waan oolaniif abba daaraati ergaa jedhu kan calaqqisiisudha. Yaadni kunis namni dinagdee hin qabne kabaja kan hin qabne ta'uu agarsiisa. Dhimmi kun mootota lama bu'uureffatee haa barreeffamu malee gulantaan walcaalmaa dinagdee kun hawaasa keessattis qabatamaan kan mul'atudha. Walumaagalatti yaada armaan olii kana irraa hidha walaloo kanaa keessatti waloon dhimmoota dinagdee waliin walqabatan bu'uura godhachuun walaloo isaa kan qindeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Kan kee niitiin dibattuu
Koo niitiin shaakattooftuu
Kee saawwi gabbataa
Koo saawwi huqqataa
Kee ijoolleen unattuu
Koo ijoolleen gubattuu---. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Fakkeenyi armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti walcaalmaa dinagdee namoota lamaanii irraa kan ka'e rakkoofi qannoo maatiiwwan kana lamaaniitu walcinaa qabamee ibsame. Yaadni kunis, jechoota *dibattuu*fi *shaakattooftuu* akkasumas *unattuu*fi *gubattuu* jedhaniin waldorgomsiifame. Haaluma kanaan kan isa qabeenya qabuu haati manaa yoo dibattu, kan isa qabeenya hinqabnee immoo waan dibattu waan hinqabneef shaakattooftee deemti jechuudha. Bifuma walfakkaatuun kan namicha saawwan gabbataa qabuu ijoolleen aannan yommuu unattu, kan namicha saawwan hinqabnee immoo ijoolleen hawwa aannaniitiin gubatti dhaamsa jedhu of keessaa qaba. Haala qabatamaa hawaasa keessa jirus yoo ilaalle gulantaan walcaalmaa dinagdee hawaasa keessatti mul'atu, walcaalmaan sadarkaa jireenyaa jiraachuu isaa agarsiisa. Dimshaashumatti yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, waloon hidha walaloo kanaa keessatti ergaawwan dinagdeen wal qabatan akkaataa hawaasa calaqqisiisuun qindeessee kan dhimma ba'e ta'uu isaati.

Bifa cululuqaa akka killoo beeraa
Bifa shaakattaa'aa akka ammaartuu daaraa
Sooressaa fi hiyyeessaan gulantaan calalee
Akka ija boqqolloo dilgatii istaadiyeemiirra hunduu toora galee---. (Uggu K.Miillaa!)

Fakkeenyi armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti dhaamsi dinagdee ykn qabeenyaan walqabatu darbee jira. Waraabbii kana keessatti jechoonni *sooressa, hiyyeessa, cululuqaa, shaakattaa'aa* jedhan kallattiidhaan dinagdeedhaan walqabatu. Haaluma kanaan sooressiifi cululuqaan kan sadarkaan qabeenya dinagdee isaa ol-aanaa ta'e, hiyyeessiifi shaakattaa'aan

immoo kan sadarkaan qabeenya dinagdee isaa gad aanaa ta'e kan agarsiisanidha. Istaadiyeemii keessattis bakki teessuma deeggartootaa gulantaa kanaan qoodamee qophaa'a. Haaluma kanaan sooressi gatii seensa istaadiyeemii qarshii guddaa kaffaluu danda'u iddoo gaarii teessifama. Hiyyeessi sadarkaan dinagdee isaa gad aanaa ta'e immoo teessoo hin mijanne irra teessifama. Yaadni kunis, hawaasa keessatti garaagarummaan dinagdee kun garaagarummaa kabaja dhala namaa kan fidu ta'uu nu hubachiisa. Ol-aantummaafi gad aantummaan dinagdee bu'uureffate kunis haala qabatama hawaasa biyya keenyaa kan calaqqisiisudha. Kanaafuu hidha walaloo kanaa keessatti kabaja dhala namaatiif dinagdeen murteessaa ta'uu ergaan agarsiisu jiraachuu isaa hubachuun ni danda'ama.

Bara bokkaan bade maddi waaqaa gu'e
Gombisaanis onee caamsaan saawwa fixxee
Abdiin namaa du'e,---. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Maalli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti caamsaan dheerachuu irraa kan ka'e dinagdeen abbaa Caalii baay'ee gadi bu'uusaa ergaan agarsiisu ifoomee jira. Fakkeenyaaf, sababii bokkaan badeef oomishni dhabamee gonbisaan onuu, caamsaa irraa kan ka'e maddi lagaa gogee saawwan bishaaniifi marga dheedan dhabanii dhumuu yaadni jedhu, walumaagalaan dinagdeen abba Caalii qonna bu'uureffate gadi bu'uudhaan sadarkaa abdii kutachiisaarra ga'uu agarsiisa. Kun immoo jijjiiramni qilleensaa oomisha qonnaan bulaa irratti dhiibbaa qabaachuu agarsiisa. Abbaan Caaliis qonnaan bulaa Oromoo keessaa tokko waan ta'eef rakkoon dinagdee isa mudate kun qonnaan bulaa Oromoo irrattis mul'ata jechuudha. Yaadni armaan olii kunis hidha walaloo kana keessatti waloon walaloo isaa ergaawwan dhimmoota dinagdeen walqabatan ammachiisuun kan qindeesse ta'uu agarsiisa.

Kana hundaa danda'ee qotee itti shooggoree
Godoo itti ijaaree, dilloo itti sararee
Beela'ee, dheebodhee, du'ee, ilkaan qaree
Ani qoteen bula lafa tattaraaree. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti jechoonnii fi gaaleewwan dhimmoota dinagdee calaqqisiisan mul'atanii jiru. Isaanis*: qotee, itti shooggoree, godoo itti ijaaree, dilloo itti sararee* kanneen jedhanidha. Yaadni kunis, namni dinagdeen isaa qonna irratti hundaa'e tokko hojii inni dinagdeesaa cimsachuuf tartiibaan hojjetu kan agarsiisudha. Bu'uuruma kanaan qonnaan bulaan tokko lafa isaa qotee erga facaasee booda aramaa nyaata midhaan sanaa saamu dhabamsiisuuf itti shooggora. Akka bineensi hin nyaanneefis godoo itti ijaaree bira taa'ee eeggata. Eegumsa isaa kana salphifachuufis dilloo itti sarara. Kun hundinuu immoo namni dinagdeen isaa qonna irratti bu'ureffate tokko jiruu fi jireenya isaa fooyyeffachuuf hojii inni ooyiruu isaa irratti duraa duubaan hojjetu agarsiisa. Walumaagalatti ibsa armaan olii kana irraa hidha walaloo kana keessatti waloon ergaawwan dinagdee qonnaa waliin walqabatan gargaaramee kan qindeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Aramee, babbaqee, galagalchee, meesee
Daggala mataa kaa'ee, caakkaa keessa labee
Holqa harka kaa'ee, soroobbaa soroobee
Gagura gaaguruuf funyoon muka yaabee ---. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti ergaawwan dinagdee waliin walqabatan ni argamu. Isaanis: *aramee, babbaqee, galagalchee, meesee, soroobee, gaaguree* kanneen jedhanidha. Jechoota kana yoo ilaalle, hojii qonnaan bulaan tokko jiruu fi jireenya isaa gaggeeffachuuf hojjetu kan ibsanidha. Qaamni kana hojjetu immoo qonnaan bulaa dinagdeen isaa qonna bu'ureffatedha. Ergaan kun hojii Abbaan Caalii dinagdee isaa fooyyeffachuuf hojjetu kan ibsu ta'us qonnaan bulaa Oromoo mara karaa calaqqisiisuu danda'uun kan qindeeffamedha. Kanaafuu waloon hidha walaloo kana keessatti ergaawwan dhimmoota dinagdee calaqqisiisan gargaaramee walaloo isaa kan qindeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

### 4.3.2 Qaaccessa Ergaawwan Siyaasaan Walqabatan

Hora xinnaa amma barruu
Daangaa gubbaa ciisee jiru
Mootiin lamaan wal gidiru--- (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti mootonni lama qabeenya daangaa isaanii gidduu jiru kan ofii taasifachuuf jecha wal morkii taasisaniin waldhibdeen siyaasaa isaan gidduutti uumamuu argina. Kana irraa kan ka'es inni tokko isa kaan injifatee qabeenyicha dhuunfachuuf yeroo dheeraaf walgidiruu isaaniitu ibsame. Waldhabdeen siyaasaa mootota lamaanii kunis siyaasa biyya keenyaa keessatti walmorkii gareen tokko isa biraa irratti ol-aantummaa argachuuf taasisuun walfakkaata. Yaadni kun immoo waloon hidha walaloo kana keessatti ergaa siyaasaan walqabatu akkaataa calaqqisiisuun walaloo isaa kan barreesse ta'uu agarsiisa.

Hora dubbii, hora loiaa, lola guddaa
Bara baraan biyya goola; saba sarda
Mootiin lamaan garaa fi dugda. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti waloon ergaa dhimma siyaasaan walqabatu dabarsee argina. Dhaamsi kunis walmorkiifi walxiiqeffannaa mootonni lamaan faayidaa irratti taasisan agarsiisa. Deegartoonni mootota lamaaniis sababii walmorkii mootota lamaanii kanaan goolamuufi dhiphachuu isaanii yaadni hidha walaloo kana keessa jiru ni ibsa. Walmorkiin siyaasaa faayidaa irratti hundaa'e kun immoo kallattiinis ta'e alkallattiin kan siyaasa biyya keenyaa keessatti taasifamuun walitti dhufeenya qaba. kanaafuu hidha walaloo kana keessatti waloon ergaa dhimma siyaasaa calaqqisiisu gargaaramee walaloo isaa kan qindeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Jifatee, aggatee, dorgomee walriga
Guuboon of tuulummaa finiinee dalaga
Kuukkiin sabboonummaa
Eenyutu eenyuu gadi anaafisoo mirgaa
Jedhee waldorgoma hunda qalbiitu faga.     (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti ergaan siyaasaan walqabatu ifoomee jira. Kunis akka yaada hidha walaloo kanaatti waldorgommeen dirree kubbaa miillaa keessatti raawwatuu fi wal'aansoon gareen taphattootaa wal injifachuuf dirree irratti taasisan sanyii isa falmii waltajjii siyaasaa irratti fedhii gareen tokko isa biroo irratti olaantummaa argachuuf raawwataniin walfakkaata. Fakkeenyaaf *eenyutu eenyuun gadi anaafisoo mirgaa* yaada jedhu yoo ilaalle, fedhii gareen tokko isa biraa irratti olaantummaa argachuuf qabu kan agarsiisudha. Kun immoo haala qabatama siyaasa biyya keenyaa waldorgommii kubbaa miillaa fakkeessee kan agarsiisedha. Walumaagalatti yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, hidha walaloo kana keessatti ergaan siyaasaan walqabatu karaa fuullee hin taaneen kan darbe ta'uu isaati.

Jabana luwaanuu nuyi kanaan jiru
Ni dhufa inni beeroo inni dubbii hinjiru
Bobaatti qalqalloo harkaa qawwee qaba
Hoodha fudhaa hin beeku as kennaa lallaba
Haqaaqee fudhachuuf ganda sagal laba
Gashaa inni sassaabu maqaa sagal qaba.    (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kana keessatti ergaawwan dhiibbaa siyaasaa calaqqisiisan mul'ataniiru. Fakkeenyaaf, *bobaatti qalqalloo harkaa qawwee qaba* yaada jedhu yoo ilaalle, gabaabumatti qalqaloon qarshii uummata irraa humnaan sassaaban kan itti naqatanidha. Qawween immoo nama qarshii gaafatame kennuuf eeyyamamaa hin taane kan ittiin rukutan ta'uu isaati. Mirga dhala namaa dhiibuun humnaan saamuun yoo dide immoo ajjeesuun kun

immoo rakkoon siyaaasaa jiraachuu agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun *haqaaqee fudhachuu* yaada jedhus yoo ilaalle, humnaan dirqisiisanii saamuu ergaa jedhu of keessaa qaba. Kun immoo siyaasa biyya sanaa keessa bulchiinsi gaariin kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Kanaafuu waloon yeroo walaloo kana barreesse keessatti ergaawwan dhiibbaa siyaasaa uummata Oromoo biratti calaqqisan maatii Abbaa Caalii fakkeenya godhachuun dabarseera jedhanii fudhachuun ni danda'ama.

Nutis sitti himanne waa'ee gibiraafaa, waa'ee gidiraafaa
Dhukkuba addaddaaf wal'aansa akka dhabne
Shumii afaan isaa hin beekneen jiraa akka saamamne
Dhashinee guddisnee of harkaa akka dhabne --- (Koo Malli Maali?*)*

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Waraabbii kana keessatti Abbaan Caalii fi lammiin isaa dhiibbaa karaa siyaasaa irra ga'e yemmuu ibsatan argina. Rakkooleen kunis: humnaa ol gibira gaafatamuun gidirfamuu, shumii aadaafi afaan isaanii hin beekneen buluufi saamamuu, ijoolleen dhalchan duraa ajjeefamuufaa yemmuu ta'u, kun immoo siyaasa biyya sanaa keessatti dhiibbaan mirgaa jiraachuu agarsiisa. Rakkoon maatii Abbaa Caalii mudate kun immoo yeroo walaloon kun barreeffametti hawaasa Oromoo keessattis kan calaqqisedha. Yaadni armaan olii kunis, barreessaan hidha walaloo kana keessatti ergaawwan dhiibbaa siyaasaan walqabatan obbo Abbaa Caalii fakkeenya godhachuun kan dabarfate ta'uu nu hubachiisa.

Isa maaliif dhiiroo inni ani saamamu
Qe'ee abbaa koo irratti inni ani kabalamu --- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti Abbaan Caalii dhiibbaan siyaasaa cimaan sirna bulchiinsa yeroo sanaan irra ga'uu yemmuu saba isaaf ibsu ni argina. Barreessaan kana maatii abbaa Caalii fakkeenya godhatee haa barreessu malee dhimmi kun hawaasa Oromoo mara birattis kan calaqqisedha. Fakkeenyaaf yaada *isa maaliif dhiiroo inni ani saamamu* jedhu yoo ilaalle, akkuma abbaan caalii lafa isaa, albuuda isaa, walumaagalatti qabeenya isaa saamamaa turuu agarsiisa. Karaa biraatiin yaada *qe'ee abbaa koo irratti inni ani kabalamu* jedhus yoo fudhanne, Abbaan Caalii qe'ee isaa, lafa isaa irratti mirga dhabee hacuuccaa jala turuun

rakkoon siyaasaa jiraachuu kan agarsiisudha. Walumaagalatti ibsi arman olii kun waloon hidha walaloo kana keessatti ergaawwan siyaasaan walqabatan gargaaramee walaloo isaa kan qindeesse ta'uu agarsiisa.

### 4.3.3 Qaaccessa Ergaawwan Hawaasummaan Walqabatan

#### 4.3.3.1 Ergaawwan Hawaasummaa Jaalala/ waltumsuu agarsiisan

Jaarsi biyyaa warri alangaa
Silaa dhugaa fagootti arga
Dubbii kana akka ilaalu
Dhibee sabaa akka wal'aanu
Mootiin lamaan walii galu---. (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kana keessatti ergaan hawaasummaan wal qabatu barreeffamee jira. Ergaan kunis jireenya hawaasummaa keessatti waldhibdee nama lama yookiin garee lama gidduutti uumame furuuf jaarsummaan murteessaa ta'uu kan agarsiisudha. Hidha walaloo kana keessattis walitti bu'insa mootota lamaanii furuu keessatti jaarsummaan murteessaa ta'uu isaa mootonni lamaan itti amananii yemmuu itti waliigalan argina. Haala qabatamaa hawaasa Oromoo biratti argamuunis yoo ilaalle, jaarsummaan waldhibdee gurguddaa karaa nagaan furuuf tajaajila guddaa kenna. Ibsa armaan olii kana irraas waraabbii kana keessatti waloon jaarsummaan jireenya hawaasummaa keessatti waldhabdee hiikuun jaalala uumuuf murteessaa ta'uu isaa ergaa calaqqisiisuun walaloo isaa kan qindeesse ta'uu isaati.

Maal sitti fakkaata oolmaan keenya har'aa?
Yoo istaadiyeemii oolle?
Tapha kubbaa miillaa yoo dhaqne ilaalle?
Jedhee na sossobee mana kootii baase dirreetiin naan gale. (Uggum Kubbaa. Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa sarara arfaffaa keessatti yaadni *jedhee na sossobee mana kootii baasee dirreetiin naan gale* jedhu, ergaa jireenya hawaasummaa uummata Oromoo biratti calaqqisu

of keessaa qaba. Ergaan kunis jireenya hawaasummaa keessatti dhiibbaa jaalalliifi kabajni hiriyyummaa namarraan ga'uu danda'u kan agarsiisudha. Sababni isaas, namni takkaayyuu dirree kubbaa miillaa deemee daawwatee hin beekne kun dirree kubbaa miillaa kan dhaqe fedhee osoo hin ta'iin yaada hiriyyaan isaa dhiyeesseef kabajuuf jedheeti. Yaadni kun immoo jireenya hawaasummaa keessatti hiriyyummaan dhiibbaa eeyyentaas ta'ee hi'eentaa qaba ergaa jedhu calaqqisiisa. Kanaafuu waloon hidha walaloo kana keessatti ergaa jireenya hawaasummaa jaalala hiriyyummaa calaqqisiisu gargaaramee barreesseera jechuudha.

Istaadiyeemii geenyee dabaree eeggannee

Akka mana cidhaa gumaata laadhannee

Yommuutti ol seennu safuu waaqa guddaa!--- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti egaawwan jireenya hawaasummaa uummata Oromoo calaqqisiisan keessaa *cidharratti hirmaachuu, gumaata laachuu*wal tumsuu kanneen jedhan mul'ataniiru. Jiruu fi jireenya hawaasummaa Oromoo biratti waanta beekamaa ta'e keessaa tokko cidha walii irratti hirmaachuun waliif gammaduudha. Karaa hawaasni walii gammaduu isaa ittiin ibsatu keessaa tokko immoo warra sirna gaa'elaa isaanii raawwataniif gumaata laachuudhaani. Waraabbii kana keessatti immoo kaffaltii seensa istaadiyeemiif kaffalamu ibsuuf fakkeenyaan dhiyaate. Waloon ergaawwan jireenya hawaasummaa calaqqisiisan fayyadamuun kun immoo hawwatamummaa walaloo isaa cimsuu irra darbee akka dubbisaan waan hawaasa keessatti beeku irraa ka'ee taateewwan naannoo dirree kubbaa miillaatti taasifamu salphaatti hubatu taasisa. Yaadni armaan olii kunis waloon hidha walaloo kana keessatti ergaawwan wal kabaja jireenya hawaasummaa calaqqisiisan gargaaramuu isaa agarsiisa.

Attamittiin Caalii attamittiin gurbaa na dhaga'uu didda?
Caalii sanyii dhiiraa, Caalii sanyii guddaa
Warra dur sanyiin kee tufee lafa kaa'e
Ajjeesee hin dibanne gafarsaa gaditti saawwatti lakkaa'e
Har'a yeroo argatee, raadiyoon si waadee,qawween si akaaye
Ammam lammiikeetiif waliigaltee dhabdee
Mana gumaa lixxaa ilma haadha--- (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa bo'oowwan gara dhumaa lamaan keessatti dhimoonni hawaasummaa ykn haala jiruu fi jireenya hawaasaa calaqqisiisan ka'anii jiru. Haaluma kanaan yaadonni *waliigalteen jiraachuun, ilmi abbaa dhaga'uun, mana gumaa lixuu dhiisuun* dudhaa hawaasaafi akkaataa itti hawaasni wal kabajeefi wal jaallatee waliin jiraatu calaqqisiisu waan ta'eef jireenya hawaasummaa argisiisu. Waraabbii kana keessattis Caaliin haala dudhaa hawaasummaa cabseen gorsa abbaa isaafi lammii isaa dhaga'uu diduun orma lammii isaa miidhutti hidhachuu isaatti aaree abbaan isaa yaada inni dubbate argina. Haala qabatama hawaasa bira jiruunis wal bira qabnee yoo ilaalle, namni dudhaa hawaasa isaa kabajee jiraatu akkuma jiru namni akka Caalii dudhaa cabsuun waliigaltee diigee gorsas hin dhageenye ni jira. Walumaagalatti yaada armaan olii kana irraa hidha walaloo kana keessatti waloon ergaawwan hawaasummaa ibsan Caaliifi abbaa isaa fakkeenya godhachuun kan dabarse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Maamulli daa'imman koo jabbii fi sa'a eegdee
Beelaa fi qorra gannaan, aduu bona ongeen bakkeetti cooligdee
Sooreen haati warraa waanjoollee naaf baattee
Jiruu na gargaartee, aramaa aramtee, daadoo itti kadhattee,--- (Koo Malli Maali?)

Fakkeenyi armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kanaa keessatti yaadni haala jiruufi jireenya hawaasummaa qonnaan bulaa calaqqisiisu maatii obbo abbaa caalii fakkeenya godhachuun dhiyaatee jira. Kunis maatiin obbo abbaa caalii ijoolleedhaa hanga nama guddaatti ga'ee hojii qooddatanii jireenya isaanii

qonna irratti hundaa'e akkamiin akka gaggeeffatan kan agarsiisudha. Haaluma kanaan ijoolleen obbo abbaa caalii bonaafi ganna rakkoo jiru obsanii jabbiifi saawwan eeguu irratti yemmuu bobba'an, haati warraa immoo waanjoo lafa qonnaatti geessuun deeggaru. Kun hunduu immoo hawaasummaa keessatti haala itti maatiin qonnaan bulaa Oromoo tokko hojii qooddatee, jaalalaan walgargaaree itti jiraatu kan agarsiisudha. Bifuma walfakkaatuun yaada *aramaa aramtee, daadoo itti kadhattee,---* jedhus yoo ilaalle, jireenya hawaasummaa keessatti akkaataa itti hawaasni hojii wal gargaaru agarsiisuun olitti, jiruu qonnaan bulaa keessatti ga'een dubartoonni qaban baay'ee ol aanaa ta'uu kan agarsiisudha. Walumaagalatti ibsa armaan olii kana irraa waanti hubatamu, waloon hidha walaloo kana keessatti dhimmoota jiruu hawaasummaan walqabatan dhugaa hawaasa keessa jiru haala ibsuun kan agarsiise ta'uu isaati.

### 4.3.3.2 Ergaawwan Hawaasummaa Aadaan walqabatan

Kaan kana deeggara, kaan sanaaf lallaba

Mallattoo gartuu isaa faacha dirree kubbaa

Fuula halluun booxxatee erbee baatee sirba

Akka waan ajjeesee kaan iyyee geerara

Gammachuu hirmaata kolfa waliif hira. (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa*! jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti ergaawwan aadaa hawaasaafi aadaa dirree kubbaa miillaa calaqqisiisan dhiyaatanii jiru. Kanneen keessaa *faacha* jecha jedhu yoo ilaalle, akka aadaa Oromootti faachi eegee yookiin gaanfa bineensota gurguddoo akka Leencaa, Arbaa,Gafarsaafaa kan dur Oromoon yoo ajjeese fudhatee galuun ittiin geerarudha. Aadaa dirree kubbaa miillaa keessatti immoo faachi alaabaa aasxaa garee tokkoo ibsudha. Gama biraatiin *akka waan ajjeesee kaan iyyee geerara* yaada jedhus yoo ilaalle, aadaa Oromoo keessatti ajjeesuufi geeraruun kan gargar ba'ee ilaalamu miti. Namni ajjeese tokko gootummaa isaa kan ibsatu geerarsaani waan ta'eef, bakka ajjeesaan jiru geerarsatu jira jechuun ni danda'ama. Aadaa dirree kubbaa miillaa keessatti immoo geeraruun, iyyaafi faaruu deeggartoonni kubbaa miillaa garee isaanii jajjabeessuuf taasisanidha. Walumaagalatti yaada armaan olii kana irraa waloon hidha walaloo kana keessatti

ergaaawwan aadaa calaqqisiisanitti dhimma ba'uun walaloo isaa kan qindeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Akka kanaan sabni yaa'ee
Odaa jala guutee taa'ee
Jaarsa dubbii kana madaalu
Beekaa guddaa akka qaalluu--- (Jedhe Diggaa Saaqoo)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Jedhe Diggaa Saaqoo* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kana keessatti ergaan aadaa waliin walqabatu ibsamee jira. Sarara jalqabaa lamaan walaloo kanaa keessatti yaadni: *sabni yaa'ee, odaa jala guutee taa'ee* jedhu kallattiidhaan saba Oromoo ibsa. Sababni isaas akka aadaa Oromootti sabni Oromoo iddoo inni itti mari'atu, murtee addaddaa itti dabarsu, waldhabdee itti hiiku odaa jalatti. Kanaaf odaan mallattoo eenyummaa saba Oromooti. Hidha walaloo kana keessattis sabni Oromoo galma aadaa isaa kan ta'e odaa jala guutee taa'ee jaarsolii waldhabdee hiikan filachuu isaa ergaa agarsiisudha. Yaadni kun immoo waloon hidha walaloo kana keessatti ergaawwan aadaan walqabatan karaa dabarsuu danda'uun walaloo isaa kan barreesse ta'uu nu hubachiisa.

Ana qofaa miti ollaan bitaaf mirgaa
Haati keef lammiin kee firri inni alagaa
Elemoo kee yadilaala, fidi eeboo kee nan ilaala
Gabaa guutee yaa qorqordaa, lafaa fuutee na sossobda
Jedhee lafa dhiitee sirbee si eebbisee
Ragadee, geeraree, ka'ee siteessise. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa fudhatame. Hidha walaloo kana keessatti jechoonniifi gaaleewwan aadaa Oromoo calaqqisiisan argamanii jiru isaanis: *sirbuu, ragaduu, eebbisuu, geeraruu, ka'anii walteessisuu* faa kanneen jedhanidha. Yaadni kunis sirbi, ragadni, geerarsi karaa aadaa, dudhaafi eenyummaan saba tokkoo ittiin calaqqisiifamu keessaa tokko. Hidha walaloo kanaa keessatti immoo simannaa abbaan caalii firoottan isaanii waliin gaafa ilmi isaanii Caaliin aangoo argate taasisaniif ibsuuf gale. Gama

biraatiin eebbiifi ka'anii walteessisuun ykn walkabajuunis mul'istuu aadaa saba Oromoo keessaa tokko. Hidha walaloo kana keessattis simannaa Caaliif taasifame agarsiisuuf gale. Yaada armaan olii kana irraas waraabbii kana keessatti waloon walaloo isaa qabatamaa fi hawwatamaa taasisuuf ergaawwan aadaa calaqqisiisan gargaaramee kan qindeesse ta'uu hubachuun ni danda'ama.

#### 4.3.3.3 Ergaawwan Hawaasummaa Amantii Waliin Walqabatan

Akka gaafa aarsaa galma abbaa muudaa
Gaafa guutuu qqlluu gaafa irreecha siidaa
Jamaan wal sassaabee homaan gelel yaa'ee
Salgan do'attootaa dirreetti wal ga'ee,--- (Uggum Kubbaa Miillaa!)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Uggum Kubbaa Miillaa!* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Hidha walaloo kanaa keessatti ergaawwan amantii waliin walqabatan argamanii jiru. Isaanis gaaleewwan: *gaafa aarsaa, gaafa guutuu qaalluu, gaafa irreecha siidaa* kanneen jedhan kallattiidhaan amantii waliin walqabatu. Sababni isaas saba Oromoo biratti gaafa aarsaa galma abbaa muudaa, gaafa guutuu qaalluu, gaafa irreecha siidaa uummanni iddoo tokkotti yaa'ee amantii isaa kan dhugeeffatu ta'uun beekamaadha. Kanaafuu, waloon baay'ina daawwattoota istaadiyeemii keessatti argamanii ibsuuf, waan hawaasa keessatti beekamaa ta'e jechuunis baay'ina hawaasa guyyoota kana amantii isaanii dhugeeffachuuf bahan fakkaata jechuun walbira qabee ibse. Yaada kana irraas waanti hubatamu, waloon miidhagina walaloo isaa tumsuuf ergaawwan amantii waliin walqabatan hidha walaloo kana keessatti kan dhimma ba'e ta'uu isaati.

Danfa abbaa boorichaa maaram mandiyaadhaa
Abbukko abbaa gachii tuulama siilleedhaa
Aabba ulee leedii aadde giiftii arsii
Gooftaan oofa sarbaa maallimoo qeresii
Joora koo arganii gara koo goranii
Sugee fi hawwaannisa sinbiraaf girrisa
Goondaa fi gonjoree lafa yaa'aa addaddaa

Kan midhaaniin morku bubbee fi qilleensa miilla gaadi'anii

Afaan loggomuudhaan aangoo naaf ta'ani. (Koo Malli Maali?)

Waraabbiin armaan olii kun walaloo *Koo Malli Maali?* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Yaadonni hidha walaloo kana keessatti bal'inaan ibsaman ergaa faayidaa amantiin qabu calaqqisiisan of keessaa qabu. Yaadni kunis bara abbaan caalii beela, ongee, jijjiiramni qilleensaa hammaatee, oomishni xiqqaatee, maatiin abbaa caalii rakkoo walxaxaa keessa galetti, abbaan caalii akka amantii isaatti sababii waaqa kadhateef amantiin isaa isa gargaaruu argina.

Gargaarsi amantiin isaa taasiseef kunis, haala qilleensaa fi lubbuu qabeeyyii oomisha isaa miidhu hunda afaan loggomuudhaan akka inni oomisha gaarii argatu amantiin isaa isa gargaaruutu ibsame. Kun immoo rakkina keessatti nama qulqullummaan akka dudhaa amantii isaatti waaqa kadhatu, amantiin isaa isa gargaaruu danda'a ergaa jedhu of keessaa qaba. Dhimmi kun immoo qonnaan bulaa Oromoo keessattis kan mul'atudha. Kanaafuu hidha walaloo kana keessatti waloon abbaa caalii fakkeenya godhachuun ergaa bu'aa amantiin qabu calaqqisiisu kan dabarse ta'uu salphaatti hubachuun ni danda'ama.

# BOQONNAA SHAN : CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti dhimmoota gurguddoo sadiitu waliigalan dhiyaate. Isaanis cuunfaa, goolabaafi yaboodha. Dhimmoonni ijoon matadureewwan kanneen jalatti ka'anis haala kanatti aanuun ibsamaniiru.

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun mata duree *Qaaccessa Akkaataafi Ergaa walaloowwan Zalaalam Abarraa Filataman Keessatti,* jedhu irratti xiyyeeffatee hojjetame. Kana hojjechuufis haala dhiyaannaa (stylistic approach) bu'uura godhate. Saxaxni qorannoo kanaas ibsa akkamtaa (qualitative descriptive) hordofe. Ragaawwan qorannichaaf barbaachisan cheekliistiidhaan barreeffamoota walaloo filataman kanneen keessaa kan guurrate yemmuu iddattoo kana filachuufis mala iddatteessuu akkayyoo fayyadameera. Dhumarrattis ragaawwan argaman mala akkamtaan kan qaaccesse yemmuu ta'u, Gama akkaataa (style) ilaalchisee walqabsiisonni ogbarruu walaloo kana keessatti argaman isaan kam akka ta'an tokko tokkoon adda baasuun qaacceffamaniiru. Ittiaansuunis itti fayyadama afaanii ilaalchisees jechoonni afaan biroo, dabinsi seerlugaa fi sagaleewwan walirraa hin cinnee qofaa qofaatti adda baasuun ibsi ittikennamee jira. Haaluma walfakkaatuun akaakuun malleen dubbiifi gosoonni suuressuu walaloowwan kanneen keessatti argamanis fakkeenya waliin adda baafamanii qaacceffamuun ibsi itti kennameera.

Gama ergaa walaloo (theme) ilaalchisees, ergaawwan walaloowwan filataman keessatti argaman dhimmoota akkamii irratti akka xiyyeeffatan fakkeenya waliin adda baasuun ibsi itti kennameera. Dhumarrattis, kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun goolabni irra ga'ame tokko tokkoon ibsi itti kennamuun kallattiin gara fuula duraas kaa'amee jira.

## 5.2 Goolaba

Qorannoon *qaaccessa akkaataafi ergaa walaloo irratti xiyyeeffatee* hojjetame kun kaayyoowwan qabatee ka'e qaba. Qorataanis kaayyoowwan qorannichaa bu'uureffachuun xiinxala ragaalee taasiseen goolaba armaan gadii irra gaheera.

1. Waloon gosoota walqabsiisotaa (Allusions) muraasa kan dhimma bahe ta'uu xiinxala ragaa taasifameen adda baheera. Isaanis: walqabsiisa ogbarruufi walqabsiisa seenawaa

yemmuu ta'an, gosti walqabsiisaa dhimma itti hinbahamne walqabsiisa amantii ta'uun argameera. Kunis walqabsiisni Ogbarruu(Literary Allusion) walaloo Uggum Kubbaa Miillaa! fi Koo Malli Maali? jedhu keessatti muraasni kan mul'ate yemmuu ta'u, walaloo Jedhe Diggaa Saaqoo jedhu keessatti garuu hojiirra kan hinoolle ta'uun irra gahameera. Haaluma walfakkatuun walqabsiisni seenawaa (Historical Allusion) walaloo Uggum Kubbaa Miillaa! fi Jedhe Diggaa Saaqoo jedhu keessatti muraasni kan mul'ate yemmuu ta'u, walaloo Koo Malli Maali? Jedhu keessatti kan hinmul'anne ta'uun adda baheera.

2. Barreessaan hawwatamummaa walaloo isaa cimsuuf ittifayyadama afaanii garaagaraa fayyadamuun mirkanaa'eera. Kunis jechoota guyyuu ittifayyadamnuun alatti karaa seera afaanii hineegneen jechoota afaan biroo, dabinsa seerlugaafi sagaleewwan walirraa hincinne addaddaa haalaan kan gargaarame ta'uun bira gahameera.
3. Walaloowwan filataman kanneen keessatti akaakuwwan malleen dubbiidhimmi itti bahame: *iddeesaa, akkasaa, nameessuu, eemitii, habalaka, arbeessuufi mallattummaa* ta'uun argameera. Bifuma walfakkaatuun gosoonni suuressuu(imagery) waloon dhimma itti bahe: *suuressuu argee, suuressuu dhageettii, suuressuu fuunfannaa, suuressuu sochiifi suuressuu keessoo qaamaa* yemmuu ta'an ; gosti suuressuu walaloo kana keessatti dhimma itti hin bahamne immoo *suuressuu qaqqabannaafi suuressuu dhamdhammii*ta'uun argameera.
4. Ergaan walaloowwan filataman kunneenii dhimmoota *dinagdee, siyaasaa, hawaasummaa, aadaafi amantiin* walqabatan dabarsuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uun bira gahameera. Kunis xiinxala ragaalee taasifameen ergaawwan dinagdeefi siyaasaan walqabatan walaloo Koo Malli Maali? jedhuufi Jedhe Diggaa Saaqoo jedhu keessatti bal'inaan kan mul'atan yemmuu ta'u, walaloo Uggum Kubbaa Miillaa! jedhu keessatti immoo muraasni mul'achuun irra gahameera. Walaloowwan filataman sadanuu keessaatti ergaawwan hawaasummaan walqabatan bal'inaan mul'achuufi ergaawwan aadaan walqabatan immoo muraasni mul'achuun adda baheera. Ergaawwan amantiin walqabatan ilaalchisees walaloo Uggum Kubbaa Miillaa! fi Koo Malli Maali? jedhu keessatti hanga tokko kan mul'ate yemmuu ta'u, walaloo Jedhe Diggaa Saaqoo jedhu keessatti garuu kan hinmul'anne ta'uun irra gahameera. Walumaagalatti walaloowwan filataman kanneen keessatti ergaawwan dinagdeen, siyaasaafi hawaasummaan

walqabatan bal'inaan kan mul'atan yemmuu ta'an ergaawwan aadaafi amantiin walqabatan immoo muraasni mul'achuu xiinxala taasifameen adda baheera.

## 5.3 Yaboo

Walaloon jechootaafi gaaleewwan gaggabaaboon kuulame waa'ee jiruufi jireenya hawaasaa jechuunis: miidhaa, gadda, gammachuu, seenaa, aadaa, eenyummaa saba tokko ibsuuf ga'ee olaanaa qaba. Waloon filannoo jechootaa akkaataa addaddaan dhimma bahuun immoo, walalicha hawwataa taasisuun sammuu dubbisaa keessatti surraa waan kaasuuf ergaan isaa yeroo dheeraa osoo hindagatamiin akka turuuf gargaara. Waan ta'eefis waloo fi qorattoonni gara fuula duraatti walaloo irratti qorannoo gaggeessan yaada armaan gaditti ibsametti osoo dhimma bahanii gaariidha.

1. Waloon walaloo isaa keessattiwalqabsiisa amantiifi gosoota suuressuuwwan qaqqabannaafi suuressuuwwan dhamdhammiitti osoo gargaaramee.
2. Qorannoon kun kan gaggeeffame walaloowwan Zalaalam Abarraa barreesse hedduu keessaa kan mata duree sadii jalatti barreeffaman jechuunis: Koo Malli Maali?, Uggum Kubbaa Miillaa! fi Jedhe Diggaa Saaqoo jedhan qofa irratti. Waan kana ta'eefis, qorattoonni kana booda qorannoo gaggeessan, walaloowwan Zalaalam Abarraa hafan irratti qorannoo walfakkaatu osoo gaggeessanii gaariidha.
3. Waloowwan Oromoo hangi tokko dhimma Uummata Oromoo ilaalchisee walaloo barreessanii jiru. Haata'u malee, qorannoon walaloo oromoo irratti gaggeeffame muraasa. Kanaafuu, namoonni kana booda qoranno gaggeessan walaloowwan kana irratti xiyyeeffachuun qorachuun akka dhaloonni irraa hubannoo argatu osoo taasisanii bu'aa qaba.
4. Waloon walaloo isaa keessatti ogafaanitti hedduu waan gargaaramee jiruuf qorattoonni gara fuula duraatti ergaa ogafaanota kana irratti osoo qorannoo gaggeessani.

# Wabiilee


Abrams, M.H.(1971*). A Glossary of Literary Terms*. (3rd ed.) Delhi Macmillan India LTD.

Abrams ,M.H. (1981). *Glossary of Literary Terms*. London and New York: Holt, Rinehart and Winston.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa. Yaadrimee Qorannoo Hujoo (Concept of Applied Research)* Finfinnee, Oromiyaa.

Addunyaa Barkeessaa.(2016).*SEMMOO. Bu'uura Barnoota fi Afoola Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Far East Trading. PLC.

Ahimad Mahaammad. (2012). *Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo "A" AA".* Digiriitokkoffaaguuttachuuf kan qophaa'e. (kan hin maxxanfamiin)

Alen, M. (2003*). Textual Analysis Abigginre's Guied.* London: SAGE publications LTD.

Asafaa Tafarraa. (1997*). Edas-Edanas.* Finfinnee: Artistic Printing Enterprise.

Asafaa Tafarraa. (1998). *Anaaniyaa.* Finfinnee: Biranna Enterprise.

Asafaa Tafarraa. (2009) Eela: *Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Far East Trading PLC.

Baldick & chris, (2001) *Oxford Dictionary of Literary Terms*. Oxford. Oxford University press.

Berhanu Mattewos.(2009). *Fundamentals of Literature*. AAU. Alpha printing PLC.

Berhanu Mattewos, (1999). *Fundamentals of Literature.* 3rd Edition Addis Abeba. AddisAbeba Univarsity Press.

Biniam Yacob, (2007*) Literature as Applied to Language Teaching*: Addis Ababa

Birhaanuu.(2009) Wiirtuu Jildii-6: *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Biiroo Aadaa fi tuuriizimii Oromiyaa.

Bryman, A. (2004). *Social Research Methods*. 2nd ed. New York: Oxford UniversityPress.Inc.

Cooper, R. (1976), *The Study of Language Use.* IN M.L. Bender, J.D. Brown, R.L. Cooperand Ferguson (eds.), Language in Ethiopia. London: Oxford Univarsity Press.

DastaaDassaaleny.(2013).*Bu'uuraQorannoo*(max.2ffaa).AddisAbabaa: FastEast TradingPLC.

Dastaa Dassaaleny.(2001*). Eenyuma Amantaa?* Mega Printing Press. Finfinnee, itoophiyaa.

Debebe Hailegiyorges.(2007*).COMET. SUPPLEMENTARY BOOKS SERIES*. Aster Nega Publishing Enterprise.

Diyannie, R. (1990*) Literature: Reading Fiction Poetry, Drama and the Essay*. New York : Mc Grow Hill.

Elster, C. (2000). *Entering and Opening the World of Poem* Language Arts. 78 (1), 71-77.

Emelda, M. (2017). The Difference Between Poems and Poetry. Accessed from http://www.differencebetween.net/language/poem-poetry.Retrieved on July,22,2019.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013).*Subii: Bu'uuraalee Og-barruu Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa:Subi  Printing press.

Filee Jaallataa. (2019*). Malleen Qorannoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Mana Maxxansaa ADP.

Finnegan, R. (1978). *Oral Literature in Africa*. (4th ed) Oxford: Oxford University Press.

Geetaachoo Rabbirraa.(2016). Furtuu*: Seerluga Afaan Oromoo.* Dhaabbata MaxxansaKurraaz Internashinaal.

Haannaa Nagaraa (2008*). Qaaccessa Ergaa Walaloo Anaaniyaa*. Digirii tokkoffa guuttachuuf Yuunvarsiitii Diillaaf dhiyaate. (kan hin maxxanfamne)

Huemer & Wolfgang, (2007) *Literary Style*. Great Britain. TJ International Ltd.

Ibsaa Addunyaa (2016). *Xiinxala Malleen Dubbii Ogwalaloo Anaaniyaa Keessatti*. Digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunvarsiitii Addis Ababaaf kan dhiyaate. (kan hin maxxanfamne)

Isaaq Bariisoo, (2003*) Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo MootiiQubeefiKumee Kumaatamaa*. Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunvarsiitii Addis Ababaaf kan Dhiyaate.(kan hin maxxanfamne)

Lazar, G. (1993). *Literature and Language Teaching.* Cambridge University Press. UK

Leech and Short, (1981). *Style in Fiction*: *Alinguistic introduction to English Fictional prose.* New York: Longman.United

Melakneh Mengistu. (2006).*Fundamental of literature*. Addis ababaa: Addis AbabaaUnivarsity.

Miliyoon tigisti. (2000). *Mukukkula*. Faranji Araadaa: Jimmaa, Itoophiyaa'

Misgaanuu Gulummaa.(2012) .*Yandoo: Ogumaa fi Ogwalaloo Oromoo.*Finfinnee Oromiyaa.

Mittal,R..(2014).*TeachinigEnglishThrough Poetry*:Apowerful Medium of Learning (kan hin maxxanfamiin)

Sylvan B. and William E. Cain. (2009) Ashort Guide To Writing About Literature. New York : Pearson Longman.

Victor. D. (2009) *Research Design and Methods for Studying Culture*. New York: Altamina Language IOSR Journal of Humanities and Social Science, 19 (5), pp.21-23.

Okpewho,I.(1992)*AfricanOralLiterature*:Bloomingtonand Indianapolis: IndiaUniversityPress

Sarantakos,S.(2005). *Social Research. (3rd ed.)* Palgrase :Macmillan.

Seale, C. (2004). *Social Research Methods:* A Reader. London:Routledge.

Shaw, H. (1972) *Dictionary of Literary Terms.* Oxford : Basil Black Well.

Sinqinash Alamuu, (2019). *Qaaccessa Malleen Dubbii fi Suuressuu Walaloo Obonboleettii Keessatti.* Digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunvarsiitii Addis Ababaaf dhiyaate..

https://lonerwolf.com. *Practical Spiritualty: Four Types of Rituals You Can Do to Facilitate Self Growth*

Wassanee Bashaa. (2017). BANTUU HAARAA: *Seer-lugaa fi Ogbaruu Afaan Oromoo.* Finfinnee :Mega Printing PLC

Xahaa Abdii. (1981) *Billiqa.* Sudaan: Kaartum.

Zelalem Aberra, (2003*). Translation From Oral to Witten Oromo Poetery*. In Journal of Oromo Studies. Vol.10 Numbers 1 and 2.

Zalaalam Abarraa. (2017) *Obonboleettii:* Finland: Dhaabbata maxxansaa KTMP group Korshohn Vasa Finland

ብርሃኑገ/ጻድቅ፣ (2010*) አጠቃላይየአማርኛቋንቋትምህርትመመርያ፡በረከትማተምያኃላ/የተ/*

የግ/ማህበር።

ታርኩፋንታየ፣ (2004)።*አማርኛሁለቱሁለቱ*፣አድስአበባፋርኢስትማተምያቤ/ት።

https://anthony.sogang.ac

https://en.Wikipedia.org./wiki/literary.theory

https://penlighten.com

## Dabaleewwan

**Yuunvarsiitii Jimmaa**

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi humaaniitiitti Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**Qabxiilee mirkaneeffannaa ( Cheek list)**

Gabateewwan armaan gadii kun qabxiilee mirkaneeffa (cheek List) qorataan walaloowwan Zalaalam Abarraa keessaa ragaawwan akkaataa ogbarruu keessaa walqabsiisota, jechoota afaan biroo, dabinsa seerlugaa, sagaleewwan wal irraa hin cinne, malleen dubbii fi suuressuu ; akkasumas, ragaawwan ergaa walaloof ta'an kanneen dinagdeen, siyaasaan, hawaasummaan, aadaanii fi amantiin walqabatan baafachuuf itti gargaarame kan agarsiisanidha. Gabaticha keessatti ragaawwan achi keessatti yoo argaman fuulleetti mallattoo " x" kaa'uun ibseera.

**Dabalee A. Qabxii mirkaneeffannaa walqabsiisotaa**

| T/L | Walqabsiisota (Allusions) | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Walqabsiisa Ogbarruu | X |
| 2 | Walqabsiisa Seenawaa | X |
| 3 | Walqabsiisa Amantii | |

**Dabalee B. Qbxii mirkaneeffannaa jechoota afaan biroo, dabinsa seerlugaa fi sagaleewwan addaddaa**

| T/L | Itti fayyadama Afaanii/(Diction) | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Jechoota Afaan biroo | X |
| 2 | Dabiinssa seerluugaa | X |
| 3 | Sagaleewwan walirraa hin cinne | X |

**Dabalee C. Qabxii mirkaneeffannaa malleen dubbii**

| T/L | Malleen dubbii ( Figures of speech) | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Iddeesaa | X |
| 2 | Akkasaa | X |
| 3 | Nameessuu | X |
| 4 | Eemitii | X |
| 5 | Habalaka | X |
| 6 | Arbeessuu | X |
| 7 | Mallattummaa | X |

**Dabalee D. Qabxii mirkaneeffannaa suuressuu**

| T/L | Suuressuu ( Imagery) | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Argee | X |
| 2 | | |

| | | |
|---|---|---|
| | Dhageettii | X |
| 3 | Fuunfannaa | X |
| 4 | Sochii | X |
| 5 | Keessoo qaamaa | X |
| 6 | Qaqqabannaa | |
| 7 | Dhandhammii | |

**Dabalee E. Qabxii mirkaneeffannaa ergaawwan walaloo**

| T/L | Ergaawwan Walaloo (Theme) | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Diinagdee | X |
| 2 | Siyaasa | X |
| 3 | Hawaasummaa | X |
| 4 | Aadaa | X |
| 5 | Amantii | X |